

**QAACCESSA FAARUU SHIMALAA DHIICHISA
SALAALEE KEESSATTI**

GIRMAA TAADDASAA ZALLAQAA

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA KOLLEEJII
NAMOOMAA, QORANNOO AFAANII, JOORNAALIZIMII
FI QUUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO,
OGBARRUUFU FOOKLOORII**

HAGAYYA 2009/2017

FINFINNEE

**QAACCESSA FAARUU SHIMALAA DHIICHISA
SALAALEE KEESSATTI**

GIRMAA TAADDASAA ZALLAQAA

GORSAA: MULUGEETAA NAGAASAA (PhD)

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA)
AFAAN OROMOOFI OGBARRUU BARSII SUUN
GAMISAAN GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN
OROMOO, OGBARRUUFU FOOKILOORIIF DHIYAATE**

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA KOLLEEJII
NAMOOMAA, QORANNOO AFAANII, JOORNAALIZIMII
FI QUUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO,
OGBARRUUFU FOOKLOORII**

HAGAYYA 2009/2017

FINFINNEE

Yuunvarsitii Addis Ababaa

Dhaabbata Qorannoo Digirii Duraa Booddee

Waraqaa Qorannoo Ulaagaa Digirii Lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi Ogbarruu Barsiisuun guuttachuuf Girmaa Taaddasaan Mata Duree: Qaaccessa Faaruu Shimalaa Dhiichisa Salaalee keessatti jedhurratti qophaa'e ,sadarkaa Yuunivarsiitiin kaa'ee guuteera.

Koree Qormaataa

Qoraa Alaa_____Mallattoo_____Guyyaa_____

Qoraa Keessaa_____Mallattoo_____Guyyaa_____

Gorsaa_____Mallattoo _____Guyyaa _____

Itti Gaafatamaa Mummee Ykn Qindeessaa Sagantaa Digirii Lammaffaa (MA)

Axareeraa

Kaayyoon qorannoo kanaa faaruu shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatu qaaccessuudha. Mataduree kanarratti qorannoon akka gaggeeffamu ka'umsa kan ta'e: Faaruun shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatu carraa qorannoon bahee mul'achuu dhabuu, ragaan faaruu kana ibsu sadarkaa afaanii qofaan jiraachuufi dhiyaatinni faaruu kanaa hawaasa biratti laafaa deemuudha. Kaayyoo kana galmaan gahuuf barruulees ta'ee qorannoowwan hanga tokko mataduree qorannoo kanaa waliin hidhata qaban sakatta'amaniiru. Qorannoo kana keessatti maddi odeeffannoo tokkoffaafi lammaffaan kan fayyadamaman yoo ta'u, maddi odeeffannoo tokkoffaa mala iddatteessuu kaayyawaa fi darbaa dabarsaan kan filatameedha. Odeeffannoo madda tokkoffaarraa funaanuuf daawwannaafi afgaaffiin hojiirra kan oolan ta'ee, odeeffannoowwan malleen kanaan funaannaman tooftaa qorannoo ibsaan qaaceffamaniiru. Adeemsa kana hordofuun argannoowwan bira gahaman: shimalli ulee dargaggeessi ittiin dhiichisuuf filatu ta'ee aangii kan qabuufi roorroo qolachuu, dhiichisa si'eessuu, haala dhaabbannaa hirmaattota dhiichisaa too'achuufi miidhaa hirmaattota dhiichisaa gidduutti uummamu salphisuuf kan gargaaru ta'uun beekumsa hawaasni shimalarratti waliin qooddatan akka ta'e hubatameera. Faaruun shimalaa sochii qaamaafi shimalaan dabalamee kan dhiyaatuufi hirmaattonni faaruu shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatuu baay'inaan dargaggoota ta'uun akkasumas gaheen hirmaattota kanaas dhiichisa baasuu, kan bahaa jiru qabuufi shimala rukutuu akka ta'e hubatameera. Faayidaan faaruu shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatuu gorsuu, kunuunsa shimalaarratti hawaasa dadammaksuufi hariiroo shimalli fayyadamtoota isaa waliin qabu agarsiisuu yoo ta'es yeroo ammaa kana faaruun shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatu sadarkaa duriirraa gadi bu'aa kan jiru ta'uu fa'a. Yaboo qorannoo kanaa keessattis shimalaafis ta'ee faaruu shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatuuf xiyyeeffannoon kennamuufii akka qabu yaanni kallattii qabsiisu kaa'ameera.

Galata

Hunda dursee gorsaa koo kan ta'an Dr.Mulgeetaa Nagaasaa jalqabaa hanga dhuma qorannoo kanaatti nuffii tokko malee gorsa naaf kennuun qorannoo koo kallattii qajeeltoo waan qabsiisaniif galata guddaa qabu waan ta'eef umurii dheertuu isiniif yaa kennu jechuun barbaada.

Itti aansuun maatii koo qorannoo kana keessatti yaadafi horiin nagargaaran abbaa koo obbo Taaddasaa Zallaqaafi haadha koo aadde Dirribuu Lataa, obbolaawwan koo hundaafi eessuma koo kan ta'e B/saa Dajanee Lataa akkasumas haadha warraa koo kan taate barsiistuu Almaaz Tsahaay guddaan galateeffadha.

Waajira Aadaafi Tuurizimii Aanaa Yaayyaa Gullallee keessaa hojii qorannoo kanaaf odeeffannoo barbaachisu naaf qindeessaa kan turan obbo Kaffaalaa Irranaaf galanni koo guddaadha.

Dhumarrattis waraabbii kaameeraan obsa guddaa horachuun nuffii tokko malee nadeeggaraa kan ture dargaggoo Asmaraa Mul'ataafi B/saa Daadhii Mootiif akkasumas maanguddootaafi dargaggoota aanaa Yaayyaa Gullallee iddattoo qorannoo kanaa ta'uun qorannicha raawwii qabatamaan agarsiistan hundaaf galanni koo daangaa hinqabu.

Hiika Jechootaa

Beekkumtaa.....	Beekumsa uummataa
Booji'uu.....	Hawwachuu
Burkutuu.....	Muka dulloome
Cabsaa.....	Dhikkisa
Dudduguugii.....	Haxaa'i
Har'ummee.....	Kan har'a malee boriif hinyaanne
Karkaa.....	Shimala salphaatti cabu
Mulluu.....	Midhaan dheedhii affeellamee nyaatamu/Shiimmoo
Od-himtoota.....	Qaama odeeffannoo kennu
Qaalaa.....	Holqa
Raacetii.....	Ka'umsa
Seetoo.....	Qabeenya
Tolee.....	Gogaa eegee horiirraa bahu kan shimalatti gonfamu
Warroomuu.....	Bultii ijaaruu

Baafata

Fuula

Axareeraa	i
Galata	ii
Hiika Jechootaa	iii
Baafata	iv
Tartiiba Suuraawwanii	viii
Boqonnaa Tokko:Seensa.....	1
1.1.Seen-duubee.....	1
1.2.Ka'umsa Qorannoo	2
1.3.Kaayyoo Qorannoo	3
1.3.1.Kaayyoo Gooroo.....	3
1.3.2.Kaayyoo Gooree	3
1.4.Barbaachisummaa Qorannoo	4
1.5. Daangaa Qorannoo.....	5
1.6.Hanqina Qorannoo	5
1.7.Aanaa Yaayyaa Gullallee.....	6
1.7.1.Akkaataa Moggaasa Maqaafi Daangaa Isaa	6
1.7.2. Haala Qilleensa	8
1.7.3. Baay'ina Uummataa.....	8
1.7.4. Haala Biqilaa Bakka Qorannoo.....	8
1.7.5. Haala Biyyee.....	9
1.7.6.Haala Teessuma Lafaa	9
1.7.7.Haala Jiruufi Jireenya Hawaasa Aanichaa	9
1.7.8.Adeemsa Fuudhaafi Heeruma Hawaasa Aanichaa	9
1.7.9.Iddoowwa Hawwata Turizimii Aanichaa	11
Boqonnaa Lama:Sakatta'a Barruu	12
2.1.Hiikaafi Dhuftee Fokloorii.....	12
2.2.Gooroowwan Fokloorii	14
2.2.1.Wanta Aadaa	16
2.2.1.1.Gosoota Meeshaa Aadaa.....	17

2.2.1.2.Faayidaa Meeshaa Aadaa	17
2.2.2.Duudhaa Hawaasaa	18
2.2.3. Aartii Sochii Qaamaa	19
2.2.4. Afoola	20
2.2.4.1.Amaloota Afoolaa.....	22
2.2.4.2.Faayidaa Afoolaa	23
2.2.4.3. Gosoota Afoolaa	25
2.2.5. Afwalaloo.....	26
2.2.5.1. Amaloota Afwalaloo.....	26
2.2.5.2.Faayidaa Afwalaloo	29
2.2.5.3.Gosoota Afwalaloo	29
2.2.6. Faaruu	30
2.2.6.1.Faayidaa Faaruu	31
2.2.6.2.Gosoota Faaruu	32
2.3.Dubbii Qolaa/Malleen Dubbii.....	32
2.4.Yaaxxinaalee (Dayeessota) Qorannoo Fokloorii	34
2.4.1.Yaaxxina Tajaajilaa (Functional Theory)	34
2.4.2.Yaaxxina Haalaa (Contextual Theory)	35
2.5.Walsimannaa Yaaxxinaalee Foklooriifi Faaruu Shimalaa	36
2.6.Sakatta'a Barruu Walfakkii.....	38
Boqonnaa Sadi:Mala Qorannoo	41
3.1.Gosa Qorannichaa	41
3.2. Hirmaattota Qorannichaa	41
3.3.Madda Ragaalee Qorannichaa	41
3.4.Iddattoofi Tooftaa Iddatteessuu	42
3.5. Malleen Funaansa Ragaalee.....	43
3.5.1.Daawwannaa	43
3.5.2.Afgaaffii.....	44
3.6 Meeshaalee Funaansa Ragaalee.....	45
3.7. Tooftaalee Qaaccessa Ragaalee	45
3.8.Qindoomina Qorannichaa	45

Boqonnaa Afur:Qaaccessa Ragaalee	47
4.1.Maalummaa Shimalaafi Faayidaa Isaa	47
4.1.1.Akkaataa Qabannaa Shimalaa Faaruu Shimalaa Bifa Dhiichisaan Dhiyeessuu Keessatti.....	48
4.1.2.Akkataa Rukutta Shimalaa Dhiichisa Keessatti	50
4.1.3.Yeroo Rukuttaan Shimalaa Dhiichisa Keessatti Itti Mul'atu	52
4.1.4.Faayidaa Rukutta Shimalaa Dhiichisa Keessatti	55
4.1.5.Hariiroo Shimalaafi Fayyadamtoota Shimalaa Gidduu Jiru	56
4.1.6.Kunuunsa Shimalaaf Taasifamuufi Iddoo Olkaa'ii Shimalaa.....	58
4.2.Faaruu Shimalaa Bifa Dhiichisaan Dhiyaatu	60
4.2.1.Haala Dhiyaatinaafi Wal Harkaa Fuudhinsa Faaruu Shimalaa Dhiichisa Keessatti	60
4.2.2.Yoomessa Dhiyaatina Faaruu Shimalaa Bifa Dhiichisaan.....	62
4.2.3.Hirmaattota Faaruu Shimalaa Bifa Dhiichisaan Dhiyaatuu	65
4.2.4.Gahee Hirmaattota Faaruu Shimalaa Bifa dhiichisaan Dhiyaatuu.....	68
4.2.5.Sadarkaa Faaruun Shimalaa Bifa Dhiichisaan Dhiyaatu Amma Irra Jiru.....	70
4.2.6.Baay'ina Hirmaattota Faaruu Shimalaa Bifa Dhiichisaan Dhiyaatuu.....	71
4.2.7.Garaagarummaa Faaruu Shimalaa Bifa Dhiichisaan Dhiyaatuufi Bifa Af-walaloo Biroon Dhiyaatuu.....	72
4.3.Faayidaa Faaruu Shimalaa Dhiichisa Keessatti	73
4.4.Seerota Hirmaataan Faaruu Shimalaa Bifa Dhiichisaan Dhiyaatuu Osoo Gara Dhiichisaa Hindhaqin Beekuu Qabu	75
4.5.Gosoota Faaruu Shimalaa Bifa Dhiichisaan Dhiyaatuu.....	75
4.5.1.Faaruu Cimina Shimalaa Agarsiisu.....	75
4.5.2. Faaruu Shimalaan Taphachuufi Ittiin Loluu Namni Hundi Kan Hindandeenye Ta'uu Agarsiisu	79
4.5.3. Faaruu Iddoo Olkaa'ii Shimalaa Agarsiisu	82
4.5.4.Faaruu Madaan Shimalaa Ulfaataa Ta'uu Agarsiisu	83
4.5.5.Faaruu Rukuttaan Shimalaa Daangaa Qabaachuu Agarsiisu	84
4.5.6.Faaruu Shimalli Jaalalaaf Rukutamuu Agarsiisu	85
4.5.7.Faaruu Shimalli Meeshaa Dargaggeessi Ittiin Diina Reebu Ta'uu Agarsiisu.....	86
4.5.8.Faaruu Rukutta Shimalaa Qaamni Sodaatu Jiraachuu Agarsiisu	88
4.5.9. Faaruu Shimalli Fayyadamtoota Isaa Waliin Hariiroo Cima qabaachuu Agarsiisu ...	88
4.5.10.Faaruu Shimalli Haaloo Baasuuf Kan Gargaaru Ta'uu Hubachiisu	91

4.5.11.Faaruu Shimalli Kan Hintuffatamne Ta’uu Ibsu.....	91
4.5.12.Faaruu Shimalli Aangii Qabaachuu Agarsiisu.....	93
4.5.13.Faaruu Tuffii Garee Faallaa Agarsiisu.....	95
4.5.14.Faaruu Dhaadachuu Kan Hinbarbaachifne Ta’uu Agarsiisu	96
4.5.15.Faaruu Bareedina Shimalaa Agarsiisu	97
4.5.16.Faaruu Of Eeggannoo Agarsiisu	98
4.5.17.Faaruu Gaabbii Agarsiisu.....	99
4.5.18.Faaruu Dabeessa Qeequ	100
Boqonnaa Shan:Cuunfaa,Argannoofi Yaboo.....	102
5.1.Cuunfaa	102
5.2.Argannoo	104
5.3.Yaboo.....	105
Wabiilee	106
Dabaleewwaan	

Tartiiba Suuraawwanii

Suura 1- shimala	48
Suura 2- Akkaataa qabannaa shimalaa wayita shimalli rukkutamu.....	49
Suura 3- Rukkutaa shimalaa jalaa ol gaggeeffamu.....	51
Suura 4- Rukkutaa shimalaa irraa gadi gaggeeffamu	52
Suura 5- Shimala Toleefi shiboon irra marame	60
Suura 6- Amala geengoon dhiyaachuu faaruu shimalaa dhiichisaan.....	61
Suura 7- Hirmaattota faaruu shimalaa	67
Suura 8- Ulee shimalli ittiin bakka bu'aa jiru.....	71
Suura 9 – Shimalla haanxa'aa.....	77

Boqonnaa Tokko: Seensa

1.1.Seen-duubee

Oromoon saba bal'aa gaanfa Afrikaa qubatee jiraatudha. Waa'ee saba bal'aa kanaas haayyonni garagaraa yaada garagaraan ibsuuf yaalaniiru. Dirribii D.(2012:15):-

Oromoon saba guddaa Itoophiyaa fi gaanfa Afrikaa keessa jiraatu yoo ta'u, Afaan Oromoo hedduumina dubbattootaan ardii Afrikaa keessaa Afaan Arabaafi Afaan Hawusaan durfamee sadarkaa sadaffaarratti argama.Haa ta'u malee,carraan Afaan Oromoo gama barreeffamaafi meeshaalee sabquunnamtiin hojiirra oolmaaf argachaa ture afaanicha kan madaaluu miti.

Akka yaada oliirraa hubatamutti lakkoofsi uummata Oromoofi afaan isaa baay'ina dubbattootaan sadarkaa gaariirra yaa jiraatu malee guddinni afaanichi gama barreeffamaan bahee mul'achuu akkasumas sab-quunnamtii adda addaan tajaajila kennuurratti carraan argachaa ture sabichas ta'ee afaanicha kan hinmadaalle ta'uun nihubatama.Alamaayyoon (2007:19) irratti waa'ee Oromoo yoo ibsu:

Oromoon saboota Kuush keessaa isa bal'aafi uummata qabiyyee lafa guddaa irra dagaagee jiraatu. Haaluma bal'inaafi guddina uummataan Oromoongosoota (damee) hedduu qaba. Isaanis: Tuulama, Macca, Arsii, Gujii, Boorana, Itu, Humbannaa, Raayyaa, Yejjuu, Liiban jedhamu. Kana keessaa gosni Tuulamaa isa tokkoodha.Damee Oromoo keessaa Tuulamaa gosa handhuura Itoophiyaa bakka dur Kuushitikoanni jiraachaa turan jedhamu lafa bal'aa irra kan dagaagee jiraachaa tureefi ammas jiruudha.

Akka yaada Alamayyootti uummanni Oromoo hedduumina isaa irraa kan ka'e damee adda addaatti walqoqqoodee jiraachaa kan tureefi jiraachaa kan jiruudha. Uummanni Oromoo uummata aadaafi seenaa gaarii qabu ta'ee, aadaafi seenaa gaarii qabu kanas kallattii garagaraan waldhaalchisaa kan tureefi yeroo ammaas waldhaalchisaa kan jiruudha. Kallattiiwwan aadaan saba tokkoo ittiin dhaallamu keessaa afoolli isa tokko.Afoolli damee fooklorii ta'ee wayita ogummaan barreeffamaa hindagaagnetti aadaafi seenaa hawaasaa hubachiisuu keessatti gahee guddaa taphachaa kan tureefi taphachaa kan jiruudha. Kanuma cimsuuf haayyonni afaanii afoolarratti yaada adda addaa lafa kaa'aniiru. Tafarii (2004:133) irratti:

Afoolli hojii huccuu miidhaginaa uffatee jiruufi jireenya hawaasaa miidhaksee qindeessuun afaaniin dhalootaa dhalootatti dabarsaa tureedha. Kanaafuu aadaafi

seenaa saba tokkoo,sadarkaa guddina hawaasichi irra ture akkasumas sadarkaa guddinaafi bal'ina afaanii kan calaqqisiisudha.

Akka yaada hayyuu kanaatti afoolli callisee kan dhiyaatu osoo hintaane miidhagina goonfachuu kan qabuufi jechoonni inni ittiin dhiyaatu miira dhaggeeffataa booji'uu kanneen danda'an ta'uu qabu. Dabalataanis afoolli sadarkaa guddinni hawaasa tokkoo irra tureefi irra jiru kan agarsiisudha. Akkuma fooklooriin dameewwan garagaraa of jalaa qabu afoollis haala dhiyaatina isaarratti hundaa'uun dameewwan garagaraatti qoqqoddama. Kanuma mirkaneessuuf Misgaanuu G.(2011:41) irratti:

Ogafaan bifa hololoo ykn seenessuutin (sheekkoo,durdurii,baacoo,afseenaa...), uun kaalee gaggabaabon kan mul'atan (hiibboo, mammaaksa...)fi bifa afwalaloon (weed duu jaalalaa, weedduu hojii, geerarsa, mararoo,weedduu ateetee,sirba,faaruu loonii ,weedduu dhimmoota siyaasaa,weedduu huruursa mucaa,weedduwwan gootummaa, weedduwwan seenaa, tapha ijoollee, weedduwwan amantii, weedduwwan ajjeechaa, hiibboo al tokko tokko)fi k.k.f niin mul'achuu danda'a.

Akka barreessaa kanaatti afoolli bifa hololoo,uunka gaggabaaboo fi bifa afwalaloon dhiyaachuu danda'a. Fuulleffannoon qorannoo kanaas kallattiiwwan dhiyaatina afoolaa keessaa kanneen bifa afwalaloon dhiyaatanirratti yoo ta'u, afoolota bifa afwalaloon dhiyaachuu danda'an keessaas faaruu shimalaa bifa dhiichisaan mul'atu qaaccessuurratti kan xiyyeeffateedha.

1.2. Ka'umsa Qorannoo

Qorannoon tokko callisee kan gaggeeffamu osoo hintaane dhimma ka'umsa taasifatee gaggeeffamu qaba. Ka'umsa qorannoon walqabsiisee Addunyaan (2011:53- 54)gidduutti,“ka'umsi qorannoo tokkoo dhugaa hawaasa keessatti ykn waa'ee hawaasichaa dhimma barreeffamerratti mul'atu;dhimmichis rakkoo ykn qaawwa jiru tokko duuchuufi yaaxxina tokko haaromsuuf, ibsa bal'aa dhimmicharratti kennuufi k.k.f ta'uu danda'a”. Akka yaada hayyuu kanaatti qorannoon tokko rakkoo furuu ykn beekkumsa hundeessuufi kan dura ture babal'isuun akka hubannoo hawaasaaaf tolu haala mijeessuu ka'umsa godhachuun gaggeeffamuu danda'a. Qorataan qorannoo kanaas beekkumsa hawaasa keessa jiru bal'isuun hubannoo hawaasni beekkumsicharratti qabu gabbisuurratti kan xiyyeeffateedha.

Hawaasni Oromoo afoolota walaloo ofkeessaa qabu kanneen afaaniinfi gochaan qaxxaamuruu danda'an hedduu qaba. Gosoota afoola bifa walaloon dhiyaatuu keessaa

faaruun shimalaa dhiichisaan mul'atu isa tokko. Akka Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Yaayyaa Gullalleetti faaruun shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatu shimalaan dabalamee yeroo yeroon irra deddeebi'ee dhiyaachaa waan tureef baay'ee beekkamaadha. Haata'u malee, hanga qorataan qorannoo kanaa hubatetti faaruun shimalaa carraa qorannoon bahe e mul'achuu akkasumas gara barreeffamaatti jijjiirramuu hinarganne. Kun immoo carraa faarichi beekkamuuf qabu jalaa laaffisaa deema.

Dabalataanis akka qorataan hubatetti shimalli guyyaa sirna adda addaa qaamolee nagee nyaa (poolisiin) guurramee waan gubamuuf akkasumas jijjiirrama qilleensaan walqabate e haphachaa dhufuun shimala gara baduutti oofaa jira. Qorataanis kanuma bu'uureffachuu n shimalas ta'ee faaruun shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatu carraa qorannoo argachuun akka beekamu haala mijeessuu, ragaa barreeffamaa faarichaaf qindeessuufi itti fayyadamni faaru shimalaa hawaasa biratti bifa dura tureen akka itti fufu yaadachiisuu akka ka'umsa qorannootti qabatee kan ka'eedha. Raawwii qorannoo kanaa keessattis gaaffileen armaan gadii deebii argataniiru.

- ❖ Shimalli maali?
- ❖ Faaru shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatu jechuun maal jechuudha?
- ❖ Faayidaan faaru shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatuu maali?
- ❖ Seeronni hirmaataa faaru shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatuu ta'uuf dursanii beekamu qaban maal maali?
- ❖ Faaru shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatu gosoota akkamii akkamii qaba?

1.3. Kaayyoo Qorannoo

Qorannoon kumiiyyuu kaayyoo galmaan ga'uuf gaggeeffamu qaba. Kaayyoon kunis gama lamaan kan ibsamu yoo ta'u, innis gama kaayyoo gooroofi gooreen ta'a. Kaayyoon qorannoo kanaas bifa armaan gadiin dhiyaateera.

1.3.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoo gooroon qorannoo kanaa faaru shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatuu qaaccessuudha.

1.3.2. Kaayyoo Gooree

Kaayyoo gooreen qorannoo kanaa qabxiilee armaan gadiiti.

- Maalummaa shimalaa ibsuu.
- Maalummaa faaruu shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatuu ibsuu.
- Faayidaa faaruu shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatuu tarreessuu.
- Seerota hirmaataa faaruu shimalaa ta'uuf dursa beekkamuu qaban addeessuu.
- Gosoota faaruu shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatuu addeessuu.

1.4. Barbaachisummaa Qorannoo

Barbaachisummaan qorannoo iddoo itti fayyadamaan qorannoo gaggeeffamee eenyu akka ta'e ibsamuudha. Barbaachisummaa qorannoon walqabsiisee Adunyaa B.(2011:55) irratti, “Barbaachisummaan qorannoo tokkoo barbaachisummaa mata-duree qorannichi irratti gaggeeffameefi qabatamummaa odeeffannoo bu'uura qorannichaa ta'e irratti hunda a'a” jechuun ibseera. Akka ibsa hayyuu kanaatti, mata dureen qorannoon irratti gaggeeffa muufi odeeffannoon bu'uura qorannichaa ta'e barbaachisummaa qorannoo tokkoo murtee ssuu keessatti gahee guddaa qabu.

Qorannoon kun osoo gaggeeffamuu baatee faaruun shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatu akkuma qorataan dura hubatetti carraa barreeffamaan bahee mul'achuu dhabuurraa kan ka'e kallattii dagatamuu qabatee jirurra deemuun carraan dagatamuu isaa babal'achuu danda'a. Kanaafuu bu'a qabeessummaan qorannoo kanaa inni duraa faaruu shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatu dagatamuurraa oolchuudha. Akka faayidaa lammeessootti galma gahiinsa qorannoo kanaa irraa qaamoleen armaan gadii fayyadamoo ta'a.

- Dargaggoota Oromoo waa'ee shimalaafi faaruu shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatuu baruu barbaadaniif kallattii hubannoo kaa'uu danda'a.
- Qaamolee mata-duree kanarratti qorannoo gaggeessuu barbaadaniif akka madda odeeffannoo lammaffaatti tajaajiluun karaa salphaan kitaabilee wabii akka argataniif haala mijataa uuma.
- Waajjirri aadaafi turizimii Aanaa Yaayyaa Gullallee qaawwa argachuun qorannoo afoolaa akka gaggeessu onnachiisuu mala.
- Hawaasni Aanaa Yaayyaa Gullallee yoomessa fayyadama shimalaafi faaruu shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatuurratti hubannoo qaban akka gabbifataniif haala mijeessa.

1.5. Daangaa Qorannoo

Qorannoon tokko ka'umsaafi gahumsa isaa milkeessuuf daanga'uu qaba. Qorannoo daangaa malee gaggeessuun farda luugama malee gulufsiisuu ta'a. Kana malees ka'umsaafi ga'umsa qorannoo gaggeeffamuu hubachuurratti rakkisuun alatti qisaasina baajataafi human namaa qaqqabsiisa. Kanarra darbees hojiiileen qorannoo yeroo babaaddaman keessatti akka hinxummuramne akkasumas bu'aan qorannoo tokkorraa barbaaddamu kallattii barbaaddamuun akka hinargamne jal'isuumala. Kanaafuu qorannoo daangessuun baay'ee barbaachisaadha.

Daangaa qorannoo ilaalchisuun Addunyaa B.(2011:56) irratti, “Qorannoon tokko daangaa qaba. Daangaan kunis bakkaafi qabiyyeedhaan ta'a” jechuun ibsa. Akka yaada barreessaa kanaatti daangaa qorannoo murteessuu keessatti bakkiifi qabiyyeen iddoo guddaa kanneen qabaniidha. Qorataan qorannoo kanaas kanuma hubannoo keessa galchuun qorannoo kana iddoon Naannoo Oromiyaa Godiina Shawaa Kaabaa Aanaa Yaayyaa Gullalleerratti kallattiin kan fuulleffate yoo ta'u gama matadureenis qaaccessa faaruu shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatu kan giddugaleeffateedha.

1.6. Hanqina Qorannoo

Qorannoon yoo gaggeeffamu bu'aa bahii garagaraa keessa darba. Bu'aa bahiin kunis mata-duree qorannoo irratti hundaa'uun addaaddummaa qabachuu mala. Kana jechuun hanqinni qorataa tokko muudate qorataa biroo muudachuu dhiisuu danda'a jechuudha. Sababni isaas mata-dureen qorannoofi adeemsi qorataan tokko fayyadamu qorataa biroorraa adda ta'uu waan danda'uufidha. Adeemsa qorannoo kana keessattis hanqinoota qo'ataa muuddata keessaa adda dureen madda odeeffannoo 2^{ffaa} salphaatti argachuu dhabuu, hanqina yeroo, rakkoo baajataafi odeeffannoo rogaan kennamurraa ofqusachuu iddattootati. Haata'u malee qorataan malleen garagaraa kanneen akka madda odeeffannoo lammaffaa obsaan barbaaduufi kan mataduree qorannoo isaatti dhiyaatu fayyadamuu, yeroo hojii haalan qoqqooduun itti fayyadamuu, waraqaafi meeshaa barreessaa mana barumsaa gaafachuufi iddattoonni odeeffannoo barbaaddamu guutummaan akka kennan amansiisuun qorannoo isaa galmaan gaheera.

1.7. Aanaa Yaayyaa Gullallee

Akkuma daangaa qorannoo jalatti ibsamuuf yaallame qorannoon kun Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Yaayyaa Gullalleerratti fuulleffachuun kan gaggeeffame yoo ta’u, odeeffannoon bakka qorannoo kanaa ibsu bifa armaan gadiin kan ibsame ta’a.

1.7.1. Akkaataa Moggaasa Maqaafi Daangaa Isaa

Akka ragaan waajjira aadaafi turizimii aanaa Yaayyaa Gullalleerraa argame hubachiisutti, maqaan akka waliigalaatti hawaasni godina shawaa kaabaa keessa jiraatu ittiin beekkamu Salaale. Jechi kunis maqaa tulluu giddu galeeffachuun mogga’eedha. Yeroo durii obboleewwan lamaan Aanneefi Illaamu jedhamantu aanaa Giraar Jaarsoo iddoo Tulluu Salaalee jedhamu kanaatti loon waliin tiksu. Tulluun kunis bosonaan haguuggamee waan jiruuf obboleewwan maqaan isaanii olitti tuqame bosona tullichaa keessa waljalaa dhokachuun walbarbaadu. Adeemsa walbarbaachaa kana keessa inni tokko kan jalaa dhokate arguu dadhabnaan tulluu kana gubbaa bahee aara aarse. Kan dhokates suuta jedhee aara aaraa jiru ilaaluuf yoo ol jedhu kan barbaadaa jiru argee “Si ilaalee/ si’argee koottu” jedheen. Kanarraa ka’uun jecha silaale jedhu gara Salaaleetti jijjiiruun tullichas ta’ee hawaasa godina shawaa kaabaan salaale jedhanii waamuu eegalan.

Hawaasa maqaa salaaleen yaammamu keessaa hawaasni aanaa Yaayyaa Gullallee isa tokko. Moggaasni Yaayyaa Gullallee jedhuus maatii Yaayyaafi Gullallee giddugaleeffachuun kan kennameedha. Aanichis maqaa Yaayyaa Gullallee jedhuun akka waammamu sababa kan ta’e maatiin Yaayyaafi Gullallee babal’achuun walitti dabalamanii iddoo tokko qubachuudha. Gullalleen maatii Oboo keessaa isa tokko ta’ee, maatiiwwan biroo kanneen akka Beeroofi Aabbuutti qooddamee kan jiraatuudha. Yaayyaanis ilmaan hidda Oboo ta’ee Deeddee, Guuyyamaafi Soolee of jalaa kan qabuudha. Kanaafuu Yaayyaafi Gullalleen obboleewwani. Maatiin kun lameen dur irraa eegalee waliin jiraatu; ammas waliin jiraachaa jiru. Moggaasni Yaayyaa Gullallee jedhuus walqabsiisa maatii lamaanii giddugaleeffachuun kan mogga’eedha. (Madda: Waajjira aadaafi turizimii aanaa Yaayyaa Gullallee)

Akkaataa ragaa waajjira qonnaa Aanichaa irraa argameetti, Aanaan Y/Gullallee Aanaalee 13 Godinni shawaa kaabaa qabdu keessaa ishee tokko. Magaalaa guddoon aanichaas “Fittaaal” jedhamtee yoo waamamtu, mogaasni maqaa “Fittaaal” jedhuus maqaa dubartii

yeroo durii adda ishee iddoo amma magaalattiin itti babal'ate keessa jiraachaa turterraa kan kennameefidha. Aanaan Y/Gullallee magaalaa guddoo Biyyattii, Finfinnee irraa gara kaabaatti fageenya km 114 Magaalaa Godinaa Fiichee irraa immoo fageenya km 26 irratti argamti. Aanaa kana keessa gandoota baadiyyaa 17fi magaala 2 waliigala gandoota 19tu jiraata.


Argamni A/ Y/Gullallee:-Kaabaan –Aanaa G/Jaarsoo

Lixaan –Go/Shalixaa fi Aanaa Dagam

Kibbaan-Aanaa Sulultaafi

Bahaan–Aanaa D/Libaanos fi Waacaaleetiin daangeffama.

(Madda: Waajjira qonnaa aanaa Yaayyaa Gullallee)



■ Furtuu: Aanaa Yaayyaa Gullallee

1.7.2. Haala Qilleensa

Haalli Qilleensa Aanaa Y/Gullallee Baddaa, Badda Dareefi Gammoojjii yoo ta'u dhibbee ntaan 27.5%, 41.17%, 31.78% kan bakka bu'uudha. Haalli Hoo'ina aanichaa giddu galeessan 16c⁰-20c⁰ dha. Rooba gannaa immoo giddu galeessan 800mm-1200mm argatti.

1.7.3. Baay'ina Uummataa

Baay'inni uummata Aanaa Y/Gullallee saalan dhiira 35,208, dubartii 30,025 waliigala namoota 65,233 dha. Baay'inni uummata baadiyyaa 62,146 kan magaalaa 3,087 .

1.7.4. Haala Biqilaa Bakka Qorannoo

Akkaata Daawwannaa taasifameen biqiloota garaagaraa kanneen haala qilleensa aanichaan walbaran hedduun uumamaanis ta'ee namaan kan dhaabbatan nijiru. Biqiloota uumamaan argaman kan yeroo durii irraa eegalee umrii dheeraa qaban bal'inaan kan mul'atan iddoowwan Amantaa, Ardoota Jilaa (Abdaarii, Burqaafi kan biraa)fi naannawaa mana jireenyaa, akkasumas, lagaafi hallayyaa namni bali'naan gahuu hindandeenye keessatti nimul'atu. Iddoo kaanitti garuu mukti uumamaa kun baay'ee haphatee argama.

Akka fakkeeniyatti mukeen uumamaan Aanaa Y/Gullallee keessatti argaman keessaa Waddeessa, Bakkaniisaafi Ejersi nimul'atu. Mukkeen umrii dheeraa qaban kanneen akka Odaa , Qilxuu, Garbii, Waddeessafi Harbuu immoo iddoowwan Ardoota Jilaa akkasumas Lagaafi Hallayyaa keessatti bal'inaan niargamu.

Lafa Baadiyyaa Aanichaa keessatti immoo walirraa yaa fagaatuu malee ,keessattuu lafa qonnaa gammoojjiitti Doddotii yoo argamu, Lafa baddaatti immoo Laaftoon baay'inaan faffaca'ee argama.

Mukkeen namaan dhaabbatanii aanicha keessatti mul'atan keessaa bal'inaan kan mul'atu Baargamoodha. Baargamoon kunis adii fi diimaa jedhamee waammama. Bargamoo adiin lafa baddaatti yoo argamu, diiman immoo lafa gammoojjitti argama. Darbee darbee bargamoo diiman lafa baddaattis nimul'ata.

1.7.5. Haala Biyyee

Akaakuun biyyoo aanicha uwwisee jiruu gurraachi 51%, diimaa 21%, Cirracha 11% fi Kan biroo 17% dha.

1.7.6. Haala Teessuma Lafaa

Haalli teessuma lafa Aanaa Y/Gullallee hurufa 56%, bu'aa ba'ii 11%, gaarafi tabba 26%, hallayyaa 7% n haguuggamee kan argamuudha. Aanaan Y/Gullallee galaana irraa olka'iinsa 1,500-2,760m irratti argamti.

1.7.7. Haala Jiruufi Jireenya Hawaasa Aanichaa

Hawaasni Aanaa Yaayyaa Gullallee hawaasa yeroo gaddaas ta'ee gammachuu bifa gamtaan waldeeggaree jiraatudha. Kallattiiwwan hawaasichi ittiin waldeeggaru keessaa hojii garagaraarratti daboo walii bahuun baay'ee beekkamaadha. Kanarraa ka'uun hawaasichi hawaasa tokkomee jiraatu ta'uun nihubatama. Aanaa qorannoon kun irratti gaggeeffame keessa hordoftoota amantaa garagaraatu jiraata. Haata'u malee irra caalan hawaasa aanicha keessa jiraatanii hordoftoota amantaa Ortodoksiiti. Harki caalaan hawaasichaa hordoftoota amantaa Ortodoksii yoo ta'anis, hordoftoota amantaa biroo waliin hariiroo obbolummaa uumuun haala gaariin amala waliin jiraachuu kan qabuudha.

1.7.8. Adeemsa Fuudhaafi Heeruma Hawaasa Aanichaa

Fuudhaafi heerumni kallattii hawaasni ittiin bultii ijaaree walgargaaree jiraatuudha; hawaasa aanaa Yaayyaa Gullallee birattis dhimmi kun haalan beekkamaadha. Akka aanaa Yaayyaa Gullalleetti gosoota fuudhaafi heerumaa keessaa tokko kaadhimannaadha. Kaadhimannaan gosoota bultii ittiin ijaarramu keessaa isa tokko ta'ee fedhii maatii mucaafi intalaa giddu galeeffatee kan gaggeeffamuudha. Kaadhimannaan warroommiin adeemsa mataa isaa danda'e kan qabu yoo ta'u adeemsa kaadhimannaa duriifi ammaa gidduu garaagarummaatu jira.

Akka dur turetti dursa warri mucaa fira ofiin mari'achuun erga warra intala irraa kadhachuu barbaadaniifi intala kadhachuu barbaadan murteessanii booda mucaan intala dhoksaan akka ilaallatu taasisu. Raawwii kana booda waraqaa barreessuun nama maatii intala kadhachuu barbaadaniitti dhiyaatutti kennuun warqaan akka warra intalaa bira gahu taasisu; warri intalaas gosaan mari'achuun yoo nidanda'ama ta'e waraqaa itti

kenname of biratti hambisuun eeyyamamoo ta'uu isaanii kan murteessan yoo ta'u, yoo hinbarbaadan ta'e garuu waraqaa itti kenname osoo hintursiisin qaama itti kennetti deebisuun akka itti heerumsiisuu hinbarbaanne mirkaneessu. Yeroo ammaa garuu kaadhimannaa gurbaafi intalli erga walii gallanii booda warraan gahachuun adeemsi warroommii raawwachaa kan jiruudha.

Gosa fuudhaafi heerumaa aanaa Yaayyaa Gullalleetti beekkamu keessaa inni lammaffaan butiidha. Butii gosa fuudhaafi heerumaa keessaa isa tokko ta'ee fedhii gurbaa ykn gurbaafi warra gurbaa giddugaleeffachuun amala dirqisiisuun guuttamee ka n raawwatuudha. Haalota butiif haala mijeessan keessaa gurguddoon: mucaan intala jaa latee warri akkasumas intalli heerumuu yoo didde, intala gurbaan fuudhuuf hawwaa jiru qaamni biroo yoo gidduu galuu barbaade, gurbaan bifa kaadhimannaan fuudhuuf yoo harka qallateefi warri intalaa intala kennanii guyyaa cidhaa qabuu yoo didaniidha.

Butiin gosa fuudhaafi heerumaa yoo ta'es fedhii kallattii tokkoo jechuunis fedhii gurbaa ykn gurbaafi warra gurbaa qofa waan giddu galeeffatuuf kan jajjabeeffamuu miti; kanuma sababeeffachuunis akka aanaa Yaayyaa Gullalleetti gama mootummaan buttiin akka dhaabbatuuf carraaqqii taasifamaa tureefi taasifamaa jiruun gosti fuudhaafi heerumaa kun kallattii guutummaan guututti baduurra gahaa kan jiruudha.

Gosti fuudhaafi heerumaa inni biroo cabsaadha. Cabsaan kallattii warroommiin ittiin gaggeeffamaa tureefi yeroo ammaas darbee darbee ittiin gaggeeffamaa jiruudha. Cabsa arratti warri gurbaa karoofachuun maanguddoo kallachaa qabachuun kan deeman yoo ta'u, warri intalaa garuu dhimmicha waan beekanii miti. Haata'u malee safuu kallacharraa qaban irraa kan ka'e intala isaanii fedhii isaaniifi isheen ala heerumsiisu. Haalonni cabsaaf haala mijataa uuman: warri intalaa intala gurbaaf kennanii beelama cidhaa yoo qabuu didan, gurbaan intala kaadhimate cidhaan fuudhuu kan hindandeenye yoo ta'eefi intalarratti dorgommiin baay'achuudha.

Akkuma butii cabsaan fedhii kallattii tokkoo kan giddu galeeffate waan ta'eef yeroo ammaa baay'ee kan jajjabeeffamuu miti. Cabsaa butiirraa wanti adda taasisu warri intalaa safuu kallachaa kan hinsodaanne yoo ta'an intala kennuu dhiisuu danda'u.

Waliin deemmachuunis gosa fuudhaafi heerumaa aanaa kana keessatti mul'atuudha. Waliin deemmachuun kallattii warroommii keessaa isa tokko ta'ee wal jaalala gurbaafi intalaa giddugaleeffachuun yeroo ammaa gosa fuudhaafi heerumaa hun dee dagaagfachaa jiruudha. Akka aanaa Yaayyaa Gullalleetti waliin deemmachuun butii dayeeffachuun raawwachaa kan jiru yoo ta'u, erga qaamni seeraa gurbaa intala fudhatee gale qabee booda intalli qaama seeratti dhiyaachuun akka fedhii ishee ta'e ibsiti; sana boodas gurbaan too'annaa jalaa kan bahu ta'a. Waliin deemmannaaf sababa guddaa ta'aa kan jiru ijoolleen lamaan osoo wal jaalatanuu maatiin akka walfuudhan eeyyamuu diduudha. (Madda: Waajjira aadaafi turizimii aanaa Yaayyaa Gullallee)

Walumaagalatti akka aanaa Yaayyaa Gullalleetti gosti fuudhaafi heerumaa afur kan jiru yoo ta'u, yeroo ammaa bal'inaan hojiiira oolaa kan jiru kaadhimannaadha; waliin deemnis dhawaataan babal'achaa kan jiruudha.

1.7.9. Iddoowwa Hawwata Turizimii Aanichaa

Aanaan Yaayyaa Gullallee iddoowwan hawwata turizimiif ooluu danda'an kanneen akka bosona gaara qacamaa, holqa gooticha Agarii Tulluu, Tulluu Alidheeraa, holqa gaara bool'oo, odaa abbaa Waaqayyoo, laga mogar, fincaa'aa Jaayituu, fincaa'aa bordoddee, qaalaa doobbee, odaa jilaafi bosona gaara Fittaaliin marfamtee argamti. Haata'u malee iddoowwan hawwata turizimiif mijatoo ta'an kana haalan qindeessuun hanga itti fayadamuu qabdu fayyadamaa hinjirtu. Iddoowwan hawwata turizimiif ooluu danda'a kanneen olitti tarreeffaman keessaa hanga ammaatti hawaasni hubachuun itti fayyadamaa kan jiru odaa jilaa qofa. Odaa jilaa yeroo dhiyoo keessa akka iddoo irreechaatti taasifachuun ji'a Fulbaanaa keessa irreeffannaaf itti fayyadamaa jiru. (Madda: Waajjira Aadaafi Turizimii Aanaa Yaayyaa Gullallee)

Boqonnaa Lama: Sakatta'a Barruu

Kutaan kun iddoo yaadonni hayyootaa mata duree qorannoo kanaan walfakkaatan itti dhiyaataniidha. Sababni isaa sakatta'insi barruu tarkaanfii qorannoo tokkoo murteessuu keessatti qoodni inni qabu baay'ee murteessaa waan ta'eefidha. Yaada kana dhugoomsu uf Addunyaa B.(2011:58-59) irratti:

Qorannoo tokkoof ogbarruu sakatta'uun baay'ee barbaachisaadha. Barbaachisum maan isaas,dhimmicha qorannoowwan duraan gaggeeffamaniin walqabsiisuun cimsuu,qaawwa inni duuchuuf deemuufi daangaa isaa mul'isuufi. Kana malees,ogummaawwan garagaraa kanneen qorannichaaf tumsan gabbifachuuf ogbarruu sakatta'uun barbaachisaadha.

Akka yaada hayyuu kanaatti ogbarruu sakatta'uun qorannoo gaggeeffamu cimsuufis ta'ee ragaan deeggaruun qorannichi qaama kamiyyuu biratti fudhatamummaa akka argatuuf haala mijeessa. Kanaafuu qorataan barruuwwan garagaraa kallattii garagaraar raa funaanuun cimina qorannoo isaa murteessuu qaba.

2.1. Hiikaafi Dhuftee Fokloorii

Fooklooriin kallattii hawaasni tokko aadaa, muxannoo, falaasama, artii , amantaa, afaan,uffannaa,nyaatafi meeshaalee isaa dhalootaa gara dhalootaatti ittiin dabarsuudha.

Dhufteen fokloorii dhuftee hawaasaa waliin hidhata guddaa qaba. Sababni isaa fokloor iifi hawaasa adda baasanii ilaaluun ulfaataa waan ta'eefidha. Kanuma ilaalchisuun barreessitoonni afaanii foklooriif yaada garagaraa kennuuf yaalaniiru. Hayyoota dhimma kanarratti yaada kennuuf yaalan keessaa muraasni yaada isaanii waliin bifa armaan gadiin dhiyaataniiru. Dorson(1972:1) irratti fokloorii yoo ibsu:

Folklore emerged as new field of learning in the nineteenth century when antiquaries in England and philologists in Germany began to look closely at the ways of lower classes...The word 'folklore' phrase be thenceforth adopted in place of cumbe rsome phrase 'popular antiquities', jedha.

Yaada kanarraa kan hubatamu beekumsa hawaasaa soquun akka damee barnootaatti jaarraa 19^{ffaa} keessa biyyoota Ingiliziifi Jarman keessatti qoratamaa akka ture tuqu. Innis kan kutaa hawaasa hinqaroominiiti jechaa turan. Maqaan jecha fookiloorii jedhus dura wan toota aadaa dinqisiifamoo ta'aniin yookiin ijaarsota bebbeekkamoo durii jedhamuun beek

kamaa ture. Dundes(1965:11) jecha fookloorii jedhu hiikuun dura akka namni hubatuuf, jechoota ‘folk’ fi ‘lore’ jedhu hiikuun barbaachisaadha jedha.

It is possible to define both ‘folk’ and ‘lore’ in such a way that even the beginner can understand what folklore is. The term “folk” can refer to any group of people what so ever who share at least one common occupation, language or religion but what is important is that a group formed for what ever reason will have some traditions which calls its owns.

Akka yaada kanatti jecha fookloorii jedhu hiikuun dura akka namni hubatuuf, jechoota ‘folk’ fi ‘lore’ jedhu hiikuun barbaachisaadha. Jechi ‘folk’ jedhu garee namootaa kan bakka bu’u yoo ta’u, ‘lore’ wantoota isaan waliin qooddatan bakka bu’a.

Fooklooriin qaama aadaa keessaa tokko. Sababiin isaas, hawaasatu jireenya isaa keessatti waan isa barbaachiseef uumee waliin itti gargaarame malee uumamaan kan kennameefii miti. Kanas Georges fi Jones, (1995:225) irratti :

As an aspect of culture, folklore is human creation that embodies and memorializes people`s shered and unique experiences. As a mirror of culture, folklore documents and reveals the many similar and different ways that human beings behave in order to satisfy common needs, and solve the problems of every day life.

Akka yaada hayyuu oliitti foklooriin kan hawaasni muuxannoo adeemsa jiruufi jireenya isaanii keessatti argatan waliif qooduuf, fedhii isaanii guuttachuufi rakkoo isaanii furachuuf ofii uummataniidha.

“Folklore is the social, material and oral culture of primitive societies. The culture comprises such forms as festivals, dances and religious rites. The material culture comprises architecture art and crafts. The oral culture includes songs, tales, legends, proverbs and riddles” (Iseacs, 1981:457). Akka yaada kanaatti fooklooriin hawaasummaa, meeshaalee aadaafi afoola hawaasa waliigalaati. Aadaan hawaasaa kanne en akka taphoota adda addaa, shubbisa, durduriwwan, afseenaa, mammaaksaafi hiibboo kan ofjalatti qabuudha.

Fookloriin duudhaa, aadaa, amantaafi eenyummaa saba tokkoo kan ibsuudha. Steven(1964 :552) akka ibsutti, “Folklore is the traditional beliefs and customs of a community passed on by word of mouth” jedha. Akka yaada haayyuu kanaatti fooklooriin duudhaa, amantaafi barsiifata hawaasa tokkoo kan afaaniin dhaloota dhalootatti darbuudha.

Melakne(2006:8) “Every group bound together or by common interest and purposes whether educated or uneducated rural or urban, possessed tradition which may be called it folklore”. Akka yaada kanarra hubachuun danda’amutti fooklooriin garee hawaasaa ama la wal isaan fakkeessu qaban kan barate ykn kan hinbaranne, baadiyyaa ta’ee kan magaalaa walitti kan hidhuudha.

Folklore is informally learned, an official knowledge about the world, our selves, our communities, our belief, our cultures, and our traditions that is expressed creatively through words, music customs, actions, behaviors and materials. It is also the interactive, dynamic process of creating, communicating and performing as we share that knowledge with other people (Smis, 1965: 12).

Yaada oliirraa kan hubatamu, fookilooriin osoo itti hinyaadin kan baratamu, beekumsa dhaabbataa kan hintaane, waa’ee addunyaa, waa’ee keenya, waa’ee uummata keenyaa, waa’ee amantaa keenyaa, waa’ee aadaa keenyaa fi barsiifata keenyaa jechatti, muuziqaatti, gochatti, amalaafi meeshaaleetti gargaaramuun ogumaa (kalaqa) hawaasaa kan ibsudha. Akkasumas, walitti hidhatinsafi raawwiin beekumsa waljijjiiruu keessa uumamaa kan dee mudha.

2.2. Gooroowwan Fokloorii

Fokloorii damee dameen qoqqooduun qo’annoo foklooriifis ta’ee hubannoo hawaasni irratti qabu gabbisuuf gahee guddaa qaba. Kanaan walqabsiisuun barreessitoonni afaaniis gooroowwan fokloorii irratti yaada garagaraa kaa’uuf yaalaniiru. “Dameewwan fokloorii gurguddoon duudhaa hawaasaa, meeshaalee aadaa, aartii duudhaafi afoola (Dorson 1972). Fokloorii wantoota inni ofkeessatti hammatu giddu galeeffachuun qoqqoodama isaa kaa’uun nidanda’ama.

Myths, legends, folktales, jokes, proverbs, riddles, chants, charms, blessings, curses, oaths, insults, retorts, taunts, teases, toasts, tongue-twisters, and greeting and leave-taking formulas (e.g., See you later, alligator). It also includes folk costume, folk dance, folk drama (and mime), folk art, folk belief (or superstition), folk medicine, folk instrumental music, (e.g., fiddle tunes), folksongs (e.g., lullabies, ballads,) folk speech (e.g., slang), folk similies (e.g., as blinded as bat), folk metaphors (e.g., to paint the town red), and names (e.g., nicknames and place names). Folk poetry ranges from oral epics to autograph-book verse, epitaphs, larinalia, (writings on the walls of public bathrooms), limericks, ball bouncing-rhymes, jump-rope, finger and toe rhymes, dandling rhymes, (to bounce children on the knee), counting-out rhymes, (to determine who will be “it” in games, and nursery rhymes. The lists of folklore forms also contain games; gestures; symbols;

prayers (e.g., graces); practical jokes, folk etymologies; food recipes; quilt and embroidery designs; house, barn and fence types; street vendors' cries, and even the traditional conventional sounds to summon animals or to give them commands.(Alen Dundes 1965)

Akka yaanni haayyuu olii agarsiisutti foklooriin kanneen akka kanaaf kana tahee (myth), afseenaa (legend), durdurii (folktale), baacoo, makmaaksa, hiibboo, eebba, abaarsa, arrabsoo, kaka, huruursuufi deddeebisa dubbii afaanii guuttamee kan mul'atuudha. Iseacs (1981:451) itti dabaluun fookiloorii akka kanaan gadiitti qooda.

Folklore is the social, material and oral culture of primitive societies. The social culture comprises such forms as festivals, dance and religious rites. The material culture comprise architecture, and art and crafts. The oral culture includes songs, tales, legends, proverb and riddles.

Yaadni olii kun fooklooriin damee hedduu kan qabuufi dameewwan fokloorii kunis dameewwan adda addaa kan of jalatti haammachuu danda'an ta'uu isaanii hubachiisa. Isaaniis aadaa hawaasa, amanta hawaasa, sirba, oduu durii, maammaksaa, hibboo jechuun meeshaalee aadaafi duudhaa hawaasa afaaniin dadarbuu itti kan qoodamudha jedha.

Stephensfi Martine, (2005:12) yoo ibsan, "Folklore can be categorized in many ways, based on its particular characteristics and how it are expressed. Three broad categories often used to describe folklore are verbal, material and customary. Within these genres, there are numerous types or subtypes of lore," jedhu.

Akka yaada hayyuu kanaatti fookiloorii haala ittiin ibsaniifi amala mutaa'aa isaatirratti hundaa'udhan qooduun nidanda'ama. Dameewwan gurguddoon sadeen yeroo baay'ee fookilooriin ittiin ibsamu kanneen akka: afoolaa, meeshaalee aadaafi duudhaa hawaasaati. Dameewwan kunneen jala qoqqooddiiwwan hedduun ni argamu. Dorson (1972) yaada olii kana deeggaruun gosoota fokloorii bifa armaan gadiin ramada.

1. Wanta aadaa (material culture)
2. Duudhaa hawaasaa (social folk custom)
3. Aartii sochii hawaasaafi (performing folk art)
4. Ogafaan/Afoola (oral literature)

2.2.1. Wanta Aadaa

Hawaasa keessatti wantoonni akka meeshaalee aadaatti ilaallaman hedduun jiraachuu malu. Dhimmoota wanta aadaa jalatti ramadamuu danda'an kanas hayyoonni afaanii bifa armaan gadiin ibsuuf yaalu.

Cultural semiotics is that subdiscipline of semiotics which has culture as its subject. According to Cassirer, it has two tasks: the first one is the study of sign systems in a culture with respect to what they contribute to the culture and second one is the study of cultures as sign systems with respect to the advantages which an individual experiences in belonging to a specific culture. (Josef Wallmannsberge, 2004)

Yaanni armaan olii kun mallattooleen aadaa hawwaasa tokkoo keessatti gama ummaticha ibsuutiin akka gumaachaniifi aadaa bifa kanaan qo'achuunis faayidaa akka qabu ibsa. Kanamalees hawaasa jiruufi jireenyi isaanii aadaa bu'ureeffate keessatti bu'uurri waahundaa meeshaalee aadaati. Kana ilaalchisee, Dorson (1972:3) irratti,

How men and women in traditional oriented societies build their homes, makes their clothes, prepare their food, farm and fish, process the earth's bounty, fashion their tools and implements and design their furniture and utensils are questions that concern the student of material culture. In tribal society all processes are traditional and product handmade, although of course innovation occur.

Akka yaada kanaatti, haalli dhiirriifi dubartiin hawaasa aadaa bu'ureeffate keessatti mana ijaarratan, uffata dhahatan, nyaata qapheeffatan, lafa qotan, qurxummii horsiisan, meeshaalee miidhaginaafi ittiin dalagan, meeshaalee bareedinaa (faayaa) fi mi'oota manaa bocan hundi gaaffiwwan meeshaalee aadaa ilaallatuudha. Yaaduma kana cimsuun Filee (2016) aadaan wantoota ijaan hinmul'anne kanneen akka sirboota adda addaa, duudhaalee amantii, jibbaafi jaalala, heeraafi seera, safuu hawaasaa, aadaalee afaaniin ibsamaniifi ijaan mul'atan kanneen akka sirna fuudhaafi heerumaa, sirna awwaalchaa, ijaarsa manaa, bobboc awwan adda addaa, uffata, meeshaalee faayaafi k.k. fa'a.

The term 'material culture' emphasises how apparently inanimate things within the environment act on people, and are acted up on by people, for the purpose of carrying out social functions, regulating social relations and giving symbolic meaning to human activity. Woodward (2007:3)

Akka yaadni kun agarsiisutti, jechi meeshaa aadaa jedhu kan xiyyeeffatu, akkamitti akka meeshaaleen uummataan tolfamaniifi uummataaf tajaajila garaagaraa kennan, walitti dhufeenya hawaasaa kallattii qabsiisuufi sochii dhala namaa keessatti hiika fakkoommii kennan agarsiisa.

Mitikkee (2001:175) irratti wanta aadaa yoo ibsitu, “Aadaan mallattoo eenyummaa saba tokkooti. Akkasumas maalummaa amantaa,haala jireenyaafi falaasama isaa kan ittiin ibsatuudha”. Yaada hayyuu kanaarraa ifatti kan calaqisu, wanti aadaa calaqqee eenyumm aa saba tokkoo ta’uufi kallattii jiruufi jireenya hawaasa tokkoo kan agarsiisudha.

2.2.1.1. Gosoota Meeshaa Aadaa

Hawaasni Oromoo adeemsa afoolaan quuqqaa isaa ibsachuuf yaalutti meeshaalee aadaa kanneen afoola inni itti yaada isaa dabarfachuu barbaade waliin deemuu danda’aniin afoolli isaa miidhagina akka argatu taasisaa deema. Meeshaaleen aadaa raawwii afoolaa keessatti hawaasichi itti fayyadamu hedduun jiraachuus nimalu.Yaada kanas Hayiluun (2016:23) irratti Solomon (2007:250) wabeeffachuun gosoota meeshaalee aadaa yoo ibsu, meeshaaleen aadaa akaakuuwwan fookiloorii keessaa tokko ta’ee, ogummaa hawaas ni jiruufi jireenya isaa keessatti goonfateefi waliin gabbifateen kan hojjetamani. Kunis looriiwwan garaagaraa kan ofjalatti hammatu yoo ta’u, isaanis hojii harkaa (folk craft), maandisummaa aadaa (folk architecture), aadaa nyaataafi dhugaatii (folk food and drink), uffannaa aadaa (folk costume/folk dress) jechuun qoqqooda.

Akka yaada oliirraa hubannutti dhimmi meeshaa aadaa jedhu qabxii gooroo tokko ta’ee qabxiiwwan gooree hedduu kan ofkeessaa qabuudha.Yaadota gooree meeshaalee aadaa jalatti hammataman keessaa tokko shimala. Qabxii Hayiluun Solomoon wabeeffachuun olitti kaase keessatti kallattiin jechi shimala jedhu mul’achuu yoo baates shimalli meeshaalee aadaa harkaan hojjetaman jalatti ramadama.

2.2.1.2. Faayidaa Meeshaa Aadaa

Hawaasni meeshaalee aadaa adda addaa akka uummatu kan dirqisiise meeshaan aadaa hundi tajaajila mataa mataa isaanii waan qabaniifidha. Hawaasichi meeshaa tokko qofa oomishee kan dhiisu yoo ta’e tajaajila meeshaa aadaan argachuu danda’u hunda argachuu hindanda’u. Kanaaf jecha lakkoofsi meeshaalee aadaa hawaasa biratti beekkamaniifi tajaajijila kennaa jiraniis hedduudha. Faayidaa meeshaa aadaa Hayiluun (2016:) irratti Solomoon (2007) wabeeffachuun, hawaasni meeshaalee aadaa jireenya guyyuu keessatti oomishaalee garaagaraa ittiin oomishuufi fedhiwwan bu’uraa adda addaa ittiin guuttachuuf kan fayyadamudha.

Akka ibsa oliirraa hubatamutti meeshaaleen aadaa jiruufi jireenya ilmi namaa guyyaan dabarsu keessatti bakka guddaa qabu. Meeshaalee aadaa jiruufi jireenya hawaasaa keessatti qooda qaban keessaa tokko shimala. Shimalli adeemsa hawaasni gamtoomee afoolaan quuqqaa keessa isaa ibsachuuf yaalutti dogoggora hirmaattota afoolaa gidduutti uumma me sirreessuufis ta'ee faaruu isaanii hoo'isuu keessatti qooda guddaa qaba. Dargaggoonnis bu'a qabeessummaa shimalaa dhiichisa keessatti gochaan agarsiisaa kan turaniifi ammas hanga duriis yoo ta'uu baates agarsiisaa kan jiraniidha.

2.2.2. Duudhaa Hawaasaa

Duudhan hawaasaa wanta aadaatin baay'ee walitti dhiyaata. Duudhan hawaasaa gochaafi ogummaa dhuunfaarra xiyyeeffannaa kan itti godhu hariiroo (walitti dhufeenya) gareerratti (Dorson 1972:3). Duudhaan hawaasaa ummata keessatti umrii dheeraa kan lakkoofsiseefi hawaasni hundi ittiwaliigalee fudhateedha. Kutaa kana keessatti kan ramadaman kabaja ayyaanaa, qoricha aadaa, tapha aadaa waaqeffannaa fi guddina sadarkaa (kabaja) namaati. Haaluma walfakkaatuun fookilooriwwan duudhaa hawaasaa keessatti argaman ilaalchisuun, Sims and Stephens yoo ibsan:

Rituals are repeated, habitual actions, but they are more purposeful than custom; rituals are frequently highly organized and controlled, often meant to indicate or announce membership in a group. Most rituals bring together many types of folklore: verbal such as chants, recitations, poems or songs; customary such as gesture, dance or movements; and material, such as food, awards, clothing and costumes. (Sims and Stephens, 2005)

Akka yaada hayyoota kanaatti, duudhaan hawaasaa dhimmoota garee hawaasichaakeessatti irra deddeebi'anii haala walfakkaatuun raawwatamaniidha. Kunis kan raawwatamuuf, mis eensa garee hawaasa tokkoo ta'uu yookiin itti makamuu agarsiisuuf ofbeeksifachuu akka ta'e agarsiisa. Misgaanuun (2011) yaada olii kana cimsuun duudhaan hawaasaa wanta hawaasni waliin qooddatu ta'ee dhimmoota gurguddoo kanneen akka feestivaalaafi kabaja ayyaanaa, taphaafi bashannana, dawaa aadaa, amantii, hooda/laguufi k.k.f of keessaa kan qabuudha. Walumaagalatti duudhaan hawaasaa dhimmoota hawaasni irra deddeebiin amaleeffachuun waldhaalchisaa tureefi yeroo ammaas waldhaalchisaa jiru akka ta'e yaan ni haayyonni armaan olitti kaa'an nihubachiisa.

2.2.3. Aartii Sochii Qaamaa

Aartiin sochii qaamaa gosa fokloorii keessaa tokko ta'ee haalli raawwii isaa sochii qaamaa dabalachuun kan mul'atuudha. Akkuma gosa afoola biroo aartii sochii qaamaa hawaasni jiruufi jireenya isaa keessatti faayidaa adda addaaf bifa ogumaan guuteen, muuxannoo yeroo dheeraa irraa argateen kan kalaqeedha. Gosni aartii kun qaama keenya keessaa kutaa qaamaa hanga ta'een, jechuunis harka, miila, mataa, fuula, mudhii, morma, k.k.f. keessaa gara caalu sochoosuun kan raawwatuudha.

Sims and Stephens (2005:128) Performance is an expressive activity that requires participations, heightens our enjoyment of experiences, and invites response. In order for a performance to happen, a recognized setting must exist (we have to know a performance is taking place) and participants (performers and audience) must be present.

Akka yaada waraabbii kanarraa hubatamuutti, aartiin sochii qaamaa raawwatamuuf, yoomessaafi hirmaattota barbaachisa. Aartiin duudhaa dhimma sochii qaaman mul'atu dha. Sochiin qaamaa kunis dhiichisa, shaggooyyee, ragaada, gelloofi kan kana fakkaatan ofkeessatti qabachuu danda'a. Akkasumas akkaata uffaanafi dibataa illee ofjalatti hammachuu kan danda'uudha. (Misgaanuu, 2011). Aartii sochii qaama ilaalchisee Richard (1974:293) irratti yaada armaan gadii kaa'a.

Performance as a mode of spoken verbal communication consists in the assumption of responsibility to an audience for a display of communicative competence. This competence rests on the knowledge and ability to speak in socially appropriate ways. Performance involves on the part of the performer an assumption of accountability to an audience for the way in which communication is carried out, above and beyond its referential content. From the point of view of the audience, the act of expression on the part of the performer is thus marked as subject to evaluation for the way it is done, for the relative skill and effectiveness of the performer's display of competence. Additionally, it is marked as available for the enhancement of experience, through the present enjoyment of the intrinsic qualities of the act of expression itself. Performance thus calls forth special attention to and heightened awareness of the act of expression, and gives license to the audience to regard the act of expression and the performer with special intensity.

Akka waraabbiin olii agarsiisutti aartiin sochii qaamaa sochii qaamaan dabalamee iddoo daawwattoonni jiratti yaada qalbii daawwattootaa bifa hawwachuu danda'uun kan dhiyaatuufi yaada afaaniin jedhamu dhugoomsuuf kan gargaaruudha. Walumaagalat ti aartiin sochii qaamaa sochii qaamaa dabalachuun iddoo daawwattoonni jiratti bifa

miira dhaggeeffattootaa qirqirsuu danda'uun meeshaalee aadaa adda addaafi sochii qaa maa hirmaattotaan huurruubamee kan dhiyaatuudha.

2.2.4. Afoola

Uummanni Oromoo muuxannoo bara dheeraaf kuufate, aadaa yeroodhaa yerootti gabbifateefi ilaalcha hawaasa isaa labata tokkorraa isa kaanitti dabarsee har'aan kan gahe afoolani. Kana giddu galeeffachuun hayyoonni adda addaa afoolaaf hiika armaan gadii kaa'uuf yaalaniiru. Melakne (2006:9-13) "Literature refers to hirval heritage of mankind transimitted from generation to generation by word of mouth. Folk literature also called oral tradition the lore (traditional knowledge and beliefs) of cultures having no written language is a branch of folklore" jechuun maalummaa afoolaa ibsa. Yaada hayyuu kanaarraa wanti hubatamu, afoolli damee fokloorii keessaa isa tokko ta'ee beekumsaafi aadaa afaaniin daddarbu ta'uu isaati.

Carter (2001: 3) Literature is as old as human language, and as new as tomorrow's sunrise....The first literature in any culture is oral. The classical Greek epics, the Asian narratives of Gilgamesh...the earliest version of the Bible...were all communicated orally, and passed on from generation to generation- with variations, additions, omissions and embellishments until they were set down in written form in versions which have come down to us.

Akka yaada oliirraa hubatamutti afoolli hawaasni akkuma afaan argateen kan itti dhufe waan ta'eef umurii dheeraa kan qabuufi wanta hundaa ibsuurratti hangafummaa kan qabuudha. Asafaan (2004:11), (Bukanya,1994) wabeeffachuun akka ibsetti,

...it[oral literature] is avaluable...experience contributing to the total growth, development and self-fulfillment of the person exposed to it. Oral literature imports to the growing person useful, cognitive, performative and affective skills which enable the person to live a rewarding life and to be a useful member of society, jedha.

Yaada kanarraa kan hubatamu, afoolli muuxannoo, dagaaginaafi guddina waliigalaatiin nama itti gargaarrame guutuu kan tasiisuudha. Akkasumas afoolli guddina dandeettii sammuu, hojjiifi kaka'umsaa namaa cimsuun, miseensa hawaasaa keessatti nama barbaadamaa taasisuufi akka jireenya mijaawaa jiraatan nama taasisuu keessatti iddoo guddaa qaba.

Haaluma walfakkaatuun Soofiyaa (1999:1) afoolli eenyummaa saba tokko amantii haala jiruufi jireenyaa heeraafi seerasaa akkasumas ilaalchi inni addunyaa irraa jiruu qabu kan ittiin dhaloota itti aanuuf dabarsuudha jechudhan lafa keessi. Yaada armaan olii kanarraa kan hubannu afoolli seenaa aadaa saba tokko kan fulduraatti tarkaanfachiisaa dhufee fi ammas tarkaanfachiisaa kan jiruudha. Kanumaan walqabatee Jaarraa W.B fi W.B Yadatee (2000:148) hiika afoolaa akkas jedhu. “Afoola jechuun kan dhaloota irraa dhalootatti afaaniin darbu hambaa uummataati. Abalummaan osoo hin ta’iin uummatummaan beekama. Namni mirga abbummaan falmatu waan hinjirreef jiruufi jireenya hawaasichaa keessaa kan burqe fakkaata”.

Alamayyoofi Alamituu (2010) irratti afoolli hambaa hawaasati. Kana malees hojii kalaqa sammuu kan ta’eefi seenaa, eenyummaa, afaaniifi haala jiruufi jireenya hawaasa tokkoo kan calaqqissisudha. Hambaan kun garuu dhalootaa gara dhalootatti afaaniin ibsamaa ykn gochaan raawwatamaa kan daddarbaa tureefi daddarbaa jiruudha. Akka yaada barreessitoota kanaarraa hubatamutti, afoolli qabeenya hawaasaa ta’ee kan seenaa, eenyummaafi haala jiruufi jireenya saba tokkoo kan ibsuufi bifa afaaniifi gochaan dhalootaa gara dhalootatti daddarbuudha.

Rabbirraa (2009:159) Afoolli kalaqqee sammuu keessatti yaadamuun kalaqamanii afaaniin himaman ykn dhiyaataniidha. Afoola jechuun hawaasni tokko aadaa, muuxannoo, falaasama, aartii, amantaa, afaan, uffannaa, nyaataafi meeshaalee isaa dhalootaa gara dhalootaatti kan ittiin eegee dabarsuudha. Haalli inni ittiin dabarsus raawwiidhaan ykn himamsa afaaniin ta’uu danda’a.

Akka ibsa barreessaa oliitti afoolli amala kalaqqii kan qabuufi muuxannoo hawaasa darbee isa ammaaf qooduuf kan gargaaru ta’ee, haalli qaxxaamursa muuxannoo isaa raawwiin yookiin afaaniin kan taasifamuudha. Mengesha R. (1970:2) irratti, “Oral literature is created and recreated in the moment when speaker and listener meet and its meaning refers to their shared experiences” jechuun afoolaaf hiika kenna. Akka yaada hayyuu kanaatti, afoolli adeemsa dubbataafi dhaggeeffataan walitti dhufuun muuxannoo isaanii yoo wal jijjiiran kan uummamuudha.

Finnegan (1976:24) waa’ee afoolaa yoo ibsitu “oral literature is by definition dependent on a performer who formulates it in words on a specific occasion. There is no other way

in which it can be realized as literary product”. Yaada kanarraa kan hubannuu afoolli ogummaa afaaniin hunda’uu, raawwatamuufi daddarbuudha. Geetaachoo (2014) fi Nagarii (1993) yaaduma armaan olii deeggaruun afoolli ogummaa afaaniin yookiin dubbiidhaan dhalootarraa dhalootatti darbu ta’uusaa ibsaniiru. Bukenya (1994:84) irratti, “Oral literature is the heart of people’s way of life it is the very soul of their culture” yaada kanarraa kan hubannuu afoolli aadaafi haala jireenya saba tokko kana ibsuu ta’uu isaati. Boswell fi Reaver (1962: 16) afoolaan walqabsiisani:

We can allow ourselves a contradiction, and say that there was a kind of literature before literature. Some of the materials of literature, the thoughts, must have been created long before they were written down. We can fancy and without fancy there would not much literature worth reading that our distant fathers who lived in caves sat round the fires and told stories about wild animals they had met, about their exploits in combat with neighboring tribes, and mysterious tales, "myths," as we call them, about the gods of forest and stream.

Akka yaanni olitti tuqama agarsiisutti afoolli ogummaa barreeffaan dura hawaasni kallattii ittiin walhubachaa tureedha. Walummaagalatti yaada hayyoota kana irraa hubachuun kan danda’amu afoolli hambaa saba tokkoo ta’ee afaaniin dhalootarraa dhalootatti kan daddarbu ta’uu isaafi hiikaa afoolaa haala darbiinsaa, amalasaafi faayidaasaa irraa kaa’uun ibsamuudha.

2.2.4.1. Amaloota Afoolaa

Afoolli faayidaa garagaraa fayyadamtoota isaaf gumaachuu danda’a. Hayyoonni afaaniis kanuma bu’uureffachuun faayidaa afoolaa kallattii garagaraan kaa’uuf yaalaniiru. Amaloota afoolaa keessaa tokko kan dursee qindeesse beekamuu dhiisuudha. Kanaafuu, makmaaksa, oduudurii, yookaan weedduu kan jalqaba weeddise yookaan walaloo isaa qindeessee abaluudha jechuun hindandahamu. Kun immoo afoolli amala uummatummaa kan qabu ta’uu addeessa. Asafaa (2006:12) “Afoolli qabeenya waliigalaati malee qabeenya dhuunfaa miti. Kan mirga abbintaa falmatu hinjiru. Hawaasni gamtaan waliin bulu, waliin oomishu, waliin duulu, waliin godaanu, waliin adamsuufi waliinbobbaasu...hawaasummaa, siyaasa, diinagdee, amala walii, kkf. Ilaalchisee mammaaka, gumguma ykn dhaadata fa’a”. Akka yaanni olii adeessutti afoolli qaabeenya nama tokkoo lamaa osoo hintaane qabeenya hawaasa walii galaati.

Lufummaan haala ogafaan dhalootaa dhalootatti darbuun kan walqabatudha. Ogafaan bara kalaqamee eegalee hanga har’aatti utuu daddarbuu lubbuun isaa asgaheera.

Dhaloota dhufuttis haaluma wal fakkaatuun lufa (Misgaanuu, 2011:30). Yaadrimee armaan oliirraa kan hubannu afoolli uummataan uumamee, uummata yeroo sana qofa tajaajilee kan hindhaabbannefi gara dhaloota itti aanutti kan darbu ta'uu isaati. Qabxiin biroo amala jijjiiramaa (dynamic) afoolli qabuudha.

Fookloorii keessatti jijjiiramni kan mul'achuu malu, eenyumtuu hamma fedhe yoo tattaafatellee, bifa isa duraa fakkaatuun dhiyeessuu waan hindandeenyeefi. Haaluma walfakkaatuun, akka hambaalee seenaatti kanneen ilaalanis, "Individuals often misperceive, forget, and confuse or combine parts of different traditional stories, songs, or games and procedures for making chairs, baskets... resulting in inadvertent changes when they attempt to produce them," jedhu (Georges fi Jones, 1995: 320-321).

Dabalataanis, amala afoolaa ilaalchisee Geetaachoo (2014:141) Afoolli gochaan kan wal qabatu ta'ee yeroo baay'ee gumiidhaan kan dalagamu akkasumas wantoota darbe irratti kan xiyyeeffatu ta'uusaa ni ibsa. Okpehwo (1992:5) irratti yaada kana cimsuun amala afoola yoo ibsuu, afoolli hirmattoonni gamta'iinaan walitti dhufanii waldeegaruun kan dalgamuudha. Dalagichis sochii qaaman kanneen akka harkaa rukkutuu, fuula guuruu, mataa raasuu deegaramee kan dhiyaatu ta'uu danda'a. Walumaa galatti, afoolli amaloota adda addaa kanneen akka lufummaa, uummatummaa, jijjiirra mummaafi hojii garee qabu ta'uu yaanni hayyoonni armaan olii lafa kaa'an ni hubachiisa.

2.2.4.2. Faayidaa Afoolaa

Afoolli madda ragaati. Kunis qorannoon seenaa, aadaa, duudhaafi haala uummata tokkoo keessatti bifa madda ragaatiin waan dhihaatuuf uummata madda ragaa barreeffamaa hin qabneef madda qorannoo, seenaa, aadaa, duudhaafi amantaa godhachuun afoolli nitajaajila. Kana malees, afoolli uummata madda seenaa barreeffamaa qabu biratti akka meeshaa sirna siyaasaa, aartii, barnoota, diinagdeefi hawaasummaa keessatti nitajaajila. Georges fi Jones (1995:314) kallattii bu'aa fooklooriin tokko hawaasaaf qabuun yoo ibsan:

Through folklore people can educate or acculturate each other; perpetuate, challenge or modify a groups social norms and values; inform others about the basis for or nature of their culture; reveal or display their identity, traditionality, knowledge, or competence; and entertain or be entertained.

Yaanni hayyoota olii akka ibsutti afoola gargaaramee hawaasni walbaransiisa, dudhaa isaas toora qabsiisa, fooyyessa, waa'ee eenyummaa, seenaa addunyaa isaa beeksifata, ittiin bashannanan, walbashannansiisa. Hawaasni bifa ammayyoomaan har'a seerawwan, amanti ifi siyaasaan walbulchuuf bu'uuraa kan tahe beekkumsa foklooriiti. Har'as duukaa jira; boorus biraa hinhafu. Bifuma walfakkaatuun hayyoonni kunneen itti dabaludhaan faayidaa fookloorii, "...it is the case that in folklore implicit world views principles and themes are made explicit," jedhu. Kunis, afoolli hubannaa hawaasa tokkoofi ergaa isaan dabarsuu barbaadani otoo homaa hindhoksin akka ifa baasu agarsiisa. Kana jechuun afoolli daawwitii hawaasni tokko ittin ilaalamu akka tahe agarsiisa.

Akka waliigalaatti yaada hayyoonni adda addaa kennan irraa ka'uun afoolli aadaa, duudha afaani seenaa hawaasa darbee gara hawaasa ammaatti qajeelchuun akka hawaasni tokkum moommee jiraatu kan taasisaa tureefi ammas kan taasisaa jiruudha. Bukeenya (1994:85) yaada hayyoota olii deeggaruun, "Oral literature impacts to the growing person useful cognitive, informative and affective skill which enable the person to life and to be useful member of a society," jedha. Akka yaada isaati afoolli beekkumsa, ilaalchaafi ogummaa namni tokko qabu cimsuu keessatti gahee guddaa taphata.

Birhanuun (2009) "*Oral Literature still plays a significant role on the culture of various peoples on the world. This is because it is impossible to commit to writing the totality of the societies experiences and creations*" jedhee kaa'a. Akka yaada oliitti afoolli hanga ammaatti aadaa hawaasaa baasuu keessatti bakki inni qabu salphaatti kan ilaallamuumiti .Kunis muxannoofi kalaqa hawaasaa hunda barreeffamatti jijjiiruun ulfaataa ta'uu isaarraa kan ka'e afoolli afaaniin dhalootaa gara dhalootatti waan dabarsuufidha. Haaluma walfakkaatuun Hinseenee. (2010:3) faayidaa afoolaa, "Afoolli ijoolleef gama barumsaafi beekumsa afaaniif bu'aa guddaa qaba. Nannoo barsiisa, dandeettii waa qabaachuu niguddisa, seeraafi miidhagina afaanii nibarsiisa".

Walumaagalatti afoolli hawaasa galmee barreeffamaa hinqabne biraatti galmee seenaa ta'uun kanneen ragaa barreeffamaa qaban biratti madda ragaa barreeffamaa ta'uun aadaa, seenaafi duudhaa hawaasa darbeefi hawaasa ammaa walitti hidhuu keessatti riqicha bakka bu'aa hinqabneedha. Kanaafuu faayidaan afoolli hawaasaaf qabu salphaatti kan ilaallamuu miti.

2.2.4.3. Gosoota Afoolaa

Afoolli damee garagaraatti caccabuun ibsamuu mala. Haayyonni afaaniis dhugummaa yaada kanaa mirkaneessuuf ka'umsa qabxiilee garagaraa fayyadamuun qoqqoodama afoolaa kallattii armaan gadiin kaa'aniiru. Okpewho (1994:127-290) Afoola Afrikaa sirbootaafi jechamoota, seeneffamootafi qareeyyii jechuun qoqqoodeera.

Yaadannoo G.(2014:9-10) irratti, *yeroo baay'ee jechi afoola jedhu yoo ka'u yaanni keenya gara hiibboo, mammaaksaafi sheekkoo akka dhaqu nibeekkama. Haata'u malee durdurii, sheekkoo, ragamta, seeneffamoota, afoolaafi sirba aadaa hamma chiisuun gosa afoolaa ramaduun nidanda'ama.*

Barreeffamni olii hawaasni waa'ee afoolaa yoo dhagahu dursee afoolli fuuldura isaa dhufu hiibboo, mammaaksaafi sheekkoo ta'uu mala. Haata'u malee afoolli dameewwan sadan kanaan ala jiraachuu hubachiisa. Wasanee B. (2001/2008:101-118), "Geerarsa, maaramii faarsuu, ciigoo, mammaaksa, jechama, hiibboo, qoosaafi sheekkoo" jechuun gosoo ta afoolaa ramadee jira.

Masfin (1995:42), "Afoolli yaaxina baay'ee bal'aa ta'ee kan hambaa hammatuudha. Durdurii, hiibboo, sirboota aadaa, tapha ijoolleefi k.k.f.afoola keessatti hammatamu" jechuun gosoota afoolaa tarreessuuf yaalee jira. Tafarii (2004:133) irratti "Bifoonni afoolli ittiin dhiyaatu mammaaksa, jechama, cigoo, hiibboo, oduu durii, geerarsa, tapha ijoollee, eebbaafi k.k.fa'a" jechuun dameewwan afoolaa ibsee jira. Rabbirraa T.(2009:159) "Afoola Oromoo akka cirracha galaanaa lakkaa'anii fixuun ulfaataadha. Isaan keessaa muraasni: mammaaksa, sheekkoo, geerarsa, hiibboo, eebbaafi abaarsa, tapha ijoolleefi k.k. fa'a" jechuun gosoota afoolaa eeruuf yaalee jira.

Shawaayyeeffii Firreehiwot(1999:vi), "Maalummaa saba tokkoo kan himan keessaa afoolli isa tokko yoo ta'u, damee hedduus niqaba. Isaanis kanneen akka walaloon geerarsa, faaru, tapha ijoolleefi sirba adda addaati" jechuun afoola damee garagaraa jalatti qooduuf yaalaniiru. Getaachoo(2014:140) irratti yaada hayyoota olii deegaruun, "Afoolli akakuu hedduu qaba. Isaaniis: eebba, mammaaksa, hiibboo, cigoo, sheekkoo(durdurii), geerarsa, sirba, tapha ijoollee, faaruufi k.k.f." jechuun gosoota afoolaa murteessuuf yaalee jira.

Misgaanuu (2011:41) *gooroowwan ogafaanii kana jedhanii murteessuun nicima. Haata' uutii ogafaan bifa hololoo ykn seenessuutiin(sheekkoo, durdurii, baacoo,af seenaa,...) uunkaalee gaggabaaboon kan mul'atan (hiibboo,mammaksa,...)fi bifa afwalaloon (weedduu jaalalaa,weedduu hojii,geerarsa,mararoo,weedduu ateetee, sirba,faaruu loonii,weedduu dhimmoota siyaasaa,weedduu hurursa mucaa, weed duuwwan gootummaa,weedduwwan seenaa,tapha ijoollee,weedduuwwanamantii, weedduuwwan ajeesaa,hiibboo altokko tokkoo)fi k.k.f.tiin mul'achuu danda'a.*

Akka ibsa barreessaa oliitti qoqqoodamni afoolaa kallattii dhiyaatina isaanii kan giddu galeeffatuufi kallattii kanaan afoolli kan bifa hololoo,uunka gaggabaaboofi bifa afwala loon dhiyaachuu kan danda'u jechuun qoqqooduun nidanda'ama. Xiyyeeffannoon qor annoo kanaas afoolota bifa afwalaloon dhiyaatan kan giddugaleeffateedha. Kanaafuu qorataan gosoota afoolaa keessaa kanneen bifa afwalaloon dhiyaatanirratti jal'ifatee kan deemu ta'a.

2.2.5. Afwalaloo

Afwalaloon gosa afoola keessaa tokko ta'ee, bifa walaloon qindeeffamee kan afaaniin dhaloota irraa dhalootaatti darbudha. Maalummaa Afwalaloo ilaalchisee David (1995:2) Yoo ibsu "... Oral poetry can be defined in various ways stritc definition would include only potery that is composed and transmitted with out any aid of writing," jedha. Akka ibsa kanaatti afwalaloon haala garaagaraa hiikamuu danda'a. Hiikkaa afwalaloof kennamu keessaa tokko afwalaloon dhangi'a sagalee muuziqaa dabalachuu osoo ogummaan barreeffamaa hineegalin afaaniin darbaa kan tureedha.

Misgaanuu (2011:60) "Yaadrimeen afwalaloo baay'ee walxaxaadha. Akkanumaan irra keessa yoo ilaallamu garuu,afwalaloon barreeffamaan osoo hintaane afaaniin dhaloota tokkorraa isa itti aanutti,naannoo tokko irraa gara ollaatti kan lufuudha". Akka yaada barreessaa kanaatti yaad-rimeen afwalaloo wal xaxaa ta'us afwalaloon afaaniin dhalootaa dhalootatti kan darbuudha.

2.2.5.1. Amaloota Afwalaloo

Mata-duree amaloota afoolaa jedhu jalatti amalloonni afoolaa akka waliigalaatti ibsa isaanii dabalachuun tuqamuuf yaallamaniiru. Mata-duree kana jalatti garuu amaloota afwalaloo dameewwan afoolaa kanneen biroorraa adda taasisantu kaa'ama. Afwalaloon amaloota dhuunfaa kanneen afoolota biroorraa adda isa taasan qaba. Yaada kana dhugoomsuuf Finnega(1970) Afwalaloon tokko lubbuu horatee jiraachuu isaa dhugoom

suu keessatti amaloota adda addaa kanneen akka dalaga (hurrubummaa),hirmaattotaafi jijjiirramummaa calaqqisiisa.

A. Dalaga (Hurrubummaa) – Hayyoonni hedduun amaloota ogafaanii keessaa hurruubummaan isa bu’uuraa akka tahe amanu. Yoo hurruubummaan hinjiru tahe, ogafaan jira jechuun hindandahamu. Haalli uumama isaas ta’e adeemsi lufummaa isaa hurruubummaa irratti kan hundaa’edha. Ogafaan kamiyyuu yoomessa hawaasummaa mataa isaa irratti hundaa’ee hurruubamuun jamaa fuulduratti dhiyaata. Kana jechuun ogafaan bakka jamaan hinjirretti hinhurruubamu jechuu miti. Ogafaan suraafi ogummaan isaa haalaan kan goobanee mul’atu,kaayyoon hurruubamuufis bakka gahuu kan danda’u, onnee jamaas boojihuu kan danda’u kallattiin jamaa fuulduratti yoo hurruubameedha. Da meewwan og-afaanii keessaa irra caalaa hurruubbii giddu galeeffachuun kan dhiyaatu afwalaloodha.

Amaloota afwalaloo ta’ee adda durummaan kan caqasamu keessaa tokko dalagaadha. Dalagaa yeroo jennuu firiiwwaan afwalaloo miidhagina goonfatanii afaan nama wellisuu keessaa yommuu bahu gochan walsimatani dhiyaachuu isaaniiti.Finnegan, (1970) yaada kana yeroo ibsitu: “The significance of performance in oral literature goes beyond more matters of definition for the nature of performs impact of particular literary form being exhibited,” jetti. Akkuma armaa olitti tuqame afoolli dhiiga fooniifi lafee qabatee hiikaa argachuu kan danda’u dalaga irratti hundaa’ee ta’uusaati.

“... Oral literature is by definition dependent on a performer who formulates it in words on specific occasion. There is no other way in which it can be realized as a literary product,” (Finnegan, 1970). Walumaagalatti afwalaloo humna godhachuun dhiyaachuu akka danda’u taasisuu keessatti dalagaan/hurruubbiin, jamaan, ogummana dhuunfaa nama dalaguu sanaa baay’ee murteessadha.

B. Hirmaattoota : Akkaataan uumama afoolaa amala gamtaa’inaa akka qabu ni hubanna. Afwalaloon tokkos yommuu dalagamu baay’inaan hirmaattota yookiin warra jalaa qaban qaba. Kan jechuun namni tokko yoo afwalaloo sana weellisuu ofii isaattii qophaa ta’ee miti. Yoo ofii baasa ta’e qaamni jalaa qabu jiraachuun barbaachisaa ta’a. Qooda hirmaattonni afwalaloo keessatti qaban ilaalchisuun olaanaa Finnegan (1970) irratti, “A

further essential is the audience which is the care with written forms is often direct involved in the actualization a creation of place of oral literature. According to convention genre and personality the artist may be receptive”. Yaada kanarraa hubachuun kan dandamu afwalaloo keessatti hirmaattonni ala taa’anii yaadan kan mul’atan osoo hintaane amala kallattiin keessatti argamuun hirmaachuu kan qabuudha.

Hirmaattoonni afoolaa yeroo baay’ee gamtaan mul’atu. Dhiyaatinni afoolaa yoo jalqabu dabaree dabareedhaan walharkaa fuudhanii waltajjii afoolaa miidhagsu. Fakkeenyaaf akka aadaa Oromootti mana dabootti ta’e, mana cidhaatti tokko yoo sirbuu (sirba baasu) kun immoo jala qabuun irratti hirmaatu. Kanaafuu afoolli baay’inaan hojii hirmaannaa walini barbaadudha.

C.Jijjiirama-Jireenyi af-walaloo kan dhugoomu afaan namootaan dubbatamuun yookaan weeddifamuun waan taheef, walakkaan isaa yookaan guutummaa guututti adeemsa keessa geeddaramuu danda’a. Namni afwalaloo beeku tokko namaaf dhiyeessee booda yeroo biraa otoo namoota biraaf isuma dhiyeessuuf yaalee, akka gaafa duraatti guutummaan guutuuutti dhiyeessa jechuun hindandahamu; kaan isaa irraanfachuu yookan haata’u jedhee kalaqa haaraa itti dabaluufi bifa caalatti qalbii namaa harkisuunan dhiyeessa jedhee yaaduun jijjiiruu yookan haalli hurruubichi keessa jiru isa gaafa duraa waliin tokko tahuu waan hindandeenyeef waa itti dabaluu, yookaan waa hir’isuun hin oolu. Kuni ammoo afwalalicha irratti gama adda addaan jijjiiramni akka uumamu godha.

Jijjiiramni afwalaloo jijjiirama afoolota kanneen biroo waliin walfakkeenya qaba. Kana jechuun afwalaloos ta’ee afoolli biroo afaaniin waan daddarbaniif amalli jijjiirramumma a keessatti calaqqisa. Jijjiirama afwalaloo ilaalchisee Finnegan, (1976) , “There are the cases when the performer introduces variation on older pieces of even totally new forms interms of the detailed wording the structure or the content”. Yaada kanarraa wanti hubannu dalagaan afwalaloo tokko jijjiirama afwalaloo keessatti ga’ee akka qabuudha. Jijjiirraamni inni fiduu danda’uus afwalaloo sana hanga tokko yookiin guutummaan bifa, jecha sana, caasaa yookin qabiyyee jijjiiruu kan danda’u ta’uu hubachiisa.

2.2.5.2. Faayidaa Afwalaloo

Afwalaloon hawaasa bashannansiisaa ergaa bal'aa afoola dabarsuu danda'u keessaa adda dureedha. Yaada kana bal'isuuf hayyoonni afaaniis faayidaa afwalaloo irratti yaada armaan gadii kaa'aniiru. Finnegan (1977: 241) faayidaan afwalaloon qabu walkeessa jira; walmakaadha. Kunis kan irratti hunda'uu amala, qabiyyee fi dhaamsa inni dabarsuu barbaade giddugaleeffata jechuun faayidaa afwalaloo ibsuuf yaalti.

Yaada olii ka'umsa godhachuun afwalaloon yaada bal'aafi bilchaata kan of keessaa qabu ta'ee, yaada ofii jechootaa filatamoofi miidhaginaa qabaniin ibsachuuf kan ooludha. Akkuma damee afoola biroos duudhaa, falaasama gaddafi gammachuu, ilaalcha gootummaa, amantii saba tokko, jechootaa filatamoon haala miidhaagina qabuun nuffii tokko malee ibsuu kan danda'uu ta'uu isaatti.

2.2.5.3. Gosoota Afwalaloo

Jechi afwalaloo jedhu akka waliigalaatti maqaa kenname yoo ta'es afwalaloon dameewwan adda addaatti qooddamuu mala. Qorattoonni afaaniis afwalaloof ramaddii armaan gadii kaa'u. Misgaanuu (2011:4) "Afwalaloon weedduu jaalalaa, weedduu hojii, geerarsa, mara roo, weedduu ateetee, sirba, faaru loonii, weedduu dhimmoota siyaasaa, weedduu huruursa mucaa, weedduuwwan gootummaa, weedduuwwan seenaa, tapha ijoollee, weedduuwwan amantii, weedduuwwan ajeesaa, hiibboo altokko tokkoofi k.k.f.tiin mul'achuu danda'a". Hayyuun kun itti dabaluunis afwalaloo kanneen yeroorratti hundaa'eefi kanneen yeroorraa walaba ta'e jechuun qoqqoodee jira.

Akka yaada hayyuu kanaatti qoqqoodamni afwalaloo Oromoo yoomessa giddugaleeffachuun kan murtaa'u yoo ta'u, yoomessa kanaanis afwalaloowwan yeroon daanga'aniifi yeroon hindaangofne jechuun ramaduun kan danda'amuudha. Shawaayyee fi Firreehiwot T.(1999:vi), "Maalummaa saba tokkoo kan himan keessaa afwalaloon isa tokko yoo ta'u, damee hedduus niqaba. Isaanis kanneen akka walaloon geerarsaa, faaruufi sirba adda addaati" jechuun afwalaloo damee garagaraa jalatti qooduuf yaalaniiru.

Afwalaloo haala garaagaraatiin gosa adda addaatti qoodama. Kanneen keessaa gurguddoonnii:-kaayyoosaa, hurrubummaasaa, yoomessaa isaafi waloosaa irratti hunda'ee haalumaa tajaajila hawaasa kennuu irratti hunda'uun qoodama (Finnegan, 1977 fi Barber, 1997).

Akkuma Barber (1997:85) jedhu gosoota afwalaloo osoo wal keessa hinxaxamiin qulqulleessinee addaan qooduuf qorannoo bal'aafi gadii fayeenyaa qabu barbaachisa.

Afwalaloo Oromoo bakka adda addaatti qoodamuu danda'a. Andirizeeksi (1985:410-14) afwalaloo Oromoo kan yeroon daanga'aniifi kan yeroon hindaangofne jechuun bakka lamatti qooda. Afwalaloowwan yeroon hindaangofne walaloo jaalala, amantaa, ateetee, yoo ta'an, afwalaloon yeroon daanga'an immoo walaloo lolaa, faaruu boo'icha, gototaa akka ta'an tarreessa.

Akka waliigalaatti yaada hayyoonni afaanii kennan ka'umsa godhachuun afwalaloon damee garagaraatti qooddamuu mala. Qorataan qorannoo kanaas dameewwa afwalaloo keessaa faaruu shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaaturratti kan xiyyeeffatu waan ta'eef kallattiin faaruu shimalaa ibsuurratti kan fuulleffatu ta'a. Xiyyeeffachuun qorannoo isaa gaggeessee jira.

2.2.6. Faaruu

Amaloota afwalaloo keessaa inni ijoon hurrubummaadha. Hurrubummaan immoo ifatti bahuu kan danda'u sochii qaamaa hirmaattotaafi meeshaalee aadaa isaan harkatti qabatanii dhiyaataniinidha. Shimallis meeshaa hurrubummaan dhiichisaa ittiin mul'atuudha. Dar gaggoonni raawwii dhiichisaa keessatti shimala harkatti qabachuufi walirratti rukutuun raawwii dhiichisaa qabatamaa taasisu; shimalicha faarsuunis gahee inni iddoo adda addaatti qabu calaqqisiisuu yaalu. Barreessitoonni adda addaas yaada kana bifa itti aanuun cimsuuf yaalu. Nagarii (1993:63), "Faaruun afoola Oromoo bifa afwalaloon dhiyaatu keessaa isa tokko," jechuun faaruun qooddama afwalaloo jalatti kan ramadamu ta'uu dhugoomsa.

Misgaanuu (2011:70-71), "Faarsaa,weedduufi sirba yaad-rimee jedhu gidduu falmiitu jira. Yaanni faarsaa jedhu weedduufi sirba waan ofkeessatti qabatu fakkaatuus, faaruun karaa uummanni miiraafi dhageettii, hubannoo yeroo darbee, haala yeroo ammaa dhaloota haaraa ittiin barsiisuufi dhaloota itti aanuutti ittiin dabarsaniidha". Akka yaada hayyuu kanaatti faaruun riqicha miira, dhageettiifi hubannaa hawaasaa yeroo darbe ture gara ammaatti fiduuf gargaaraa tureefi gargaaraa jiruudha. Faaruun shimalaas cimina

shimalaa,jaalalaafi kabaja shimalaarratti miirriifi dhageettiin hawaasaa maal akka fakkaatu kan calaqqisiisudha.

2.2.6.1. Faayidaa Faaruu

Dargaggoon Oromoo faaruu fayyadamuun quuqqaa kaleessa keessa isaa tures ta'ee kan amma isaa keessa jiru baasee calaqqisiifata. Quuqqaa ibsachuu qofa osoo hintaane badii isaan gidduutti uummames itti ceepha'aa karaa walqabsiisu. Faaruun shimalaas hawaasi chi dogoggora jiru walqeequufis ta'ee walcimsaa deemuuf bal'inaan kan gargaaruudha.

Keessattuu dargaggoonni iddoo garagaraatti walitti dhufuun yoo dhiichisan adeemsa dhiichisa isaanii keessatti rakkoon adda addaa isaan gidduuttis ta'ee qaama biroon kan isaan qunnamu yoo ta'e faaruu shimalaa fayyadamuun kallattii furmaata rakkichaa walhubachiisaa deemuun rakkoo isaanii fixatu. Kanaafuu bu'a qabeessummaan faaruu shimalaa salphaatti kan ilaallamuu miti.

Faayidaa faaruun walqabsiistee Finnega (1970:270) irratti, “Songs can be used to report and coment on current affairs,for political pressure ,for propaganda and to reflect and mould public opinion”. Akka yaada kanaatti faaruun haala yeroo irratti yaada kennuuf,dhiibbaa siyaasaaf hawaasa dadammaksuuf akkasumas ilaalcha hawaasaa ibsuufi iddoo rakkoo qabutti sirreessuuf gargaara. Hayyuun tun itti dabaluu faayidaa faaruu yoo ibsiti, “In different contexts, song can have the effect of intensifying functional differences or of encouraging nationa unity,”. Akka ibsa kanaatti faaruus ta'ee weedduun haala garagaraa keessatti tokkummaa biyya tokkoo eeguufi cimsuuf gahee guddaa taphata.

Kidaanuu (2016:91),Hawaasa keenya biratti faaruun fiixee hanga fiixeetti nibeekkama jechuun nidanda'ama. Akkasumas ergaa hedduu kan ofkeessaa qabuufi yeroo garagaraatti faarfama. Faaruun jaalala, ilaalcha, duudhaa, amantii,gorsa,ak kaataa jireenyaa,walitti dhufeenya shamarraniifi dargaggootaa,safuu hawaasni waliif qabuufi k.k.f.ibsuuf gargaara.

Walumaagalatti yaanni hayyootan kenname faayidaan faaruu tokkummaa hawaasaa cimsuu,haala yeroo irratti yaada kennuu,fedhii hawaasaa ibsuu,dogoggora gama ilaalcha hawaasaan jiru sirreessuufi dhiibbaa gama siyaasaan ture ifatti agarsiisuudha.

2.2.6.2.Gosoota Faaruu

Faaruu ergaa ykn wanta inni faarsuuf dhiyaaterratti hundaa'uun gosoota adda addaatti cac cabsuun nidanda'ama. Kanaaf ragaa kan bahu Shawaayyeefi Fireehiwot (1999:320) irratti gosoota faaruu, "Faaruu loonii, faaruu fardaa,faaruu abbaa, faaruu midhaanii, faaruu ada moo,faaruu ateetee,faaruu weechoo,faaruu hofcoo,faaruu boo'ichaa, faaruu uruursa daa'immaniifi faaruu oogdii,"jechuun gosoota faaruu tarreessanii jiru. Akka ramaddii hayyuu kanaatti faaruun ergaa faarfamuuf giddu galeeffachuun waan qoqqooddame fakkaata.

Dirribii (2009:81) waaqa mana, ijoollee, looniifi jireenya gaarii nagaa waliin isaanii kenne galateeffataa, maaram ayyaana dubartii, looniifi deessuu faarsaa; sirbaa oolani bulu jedha.Kanaafuu, afwalaloon bifa walalootin dhiyaatan keessaa faaruu gosa adda addaa kan akka faaruu ateetee, gootaa, waaqa, dacheefi loonii ni argamu. Dabalataanis Beekan (2015:62-65)tti faaruu jaalala,mararoo,faaruu gootaa,faaruu waaqaafi faaruu loonii jechuun jechuun faaruu gosa gosaan ramaduuf yaaleera.

Yaada hayyoota oliirraa kan hubatamu faaruun dame adda addaa qabaachuudha. Faaruun shimalaas damee adda addaatti qooduun rakkisaa yoo ta'es ergaa isaan dabarsan irratti hundaa'uu kanneen cimina shimalaa agarsiisan,shimalli tuffatamuu kan hinqabne ta'uu kan ibsan,shimala namni hundi qabachuu kan hindandeenye ta'uu kan agarsiisaniifi kanneen madaan shimalaa ulfaataa ta'uu isaa agarsiisan jechuun qoqqooduun nidanda'ama. Walumaagalatti faaruu ergaa inni dabarsu giddugaleeffachuun bakka adda addaatti qoqqooddamuu kan danda'uudha.

2.3. Dubbii Qolaa/Malleen Dubbii

Malleen dubbii haala namni tokko dubbii dubbatu bareechuuf akkasumas turtii yeroo dheeraa sammuu dhaggeeffataa keessatti akka argatu taasisuufi suuraa waan dubbatuu sammuu dhaggeeffataa keessatti uumuuf kan fayyadamuudha. Yaaduma kana deeggaruun Yaadannoo (2014:83) irratti malleen dubbii akkaataa armaan gadii kanaan ibsa.

Dubbiiwwan qolaa kun sadoommii yookin malleen dubbii jedhamuun beekkamu. Maanguddoonni Oromoo durii afaanin yookin barreessitoonni ammayyaa hojiiwwan barreeffamoota akka asoosamaa, diraamaa, walaloo, hololoo, waliin

dubbii, adda addaa keessatti ijoo dubbii sanii haala mi'awaafi miira namaa harkisuun yaadan fakkii sammuu keenya keessatti uumanii kan barbaadan xiqqeessuun, kan tuffachuu barbaadan jajuun kan abaaruu fedhan eebbisuun salphaatti dagatamuu akka dagatamu hindaandeenyen hubachiisuuf kan itti fayyadaman dubbii qolaa yookin sadoommii jedhama jechuun ibseera.

Akka yaada barreessaa oliitti malleen dubbii afoola akkasumas oguma barreeffamaa keessatti kan mul'atu ta'ee maanguddoonnis ta'ee warren ogummaa barreessuu keessatti fayyadaman dubbii ykn barreeffama isaanii mi'eessuufi rakkoo dagatamuu tokko malee sammuu dhaggeeffataa keessa akka turu taasisuuf kan gargarramaniidha. Yaaduma kana gabbisuun Addunyaan (2014:208) haala armaan gadiin ibsa.

Malleen dubbii fayyadama afaanii kan haala salphaa ta'een ergaa tokko nama hubachiisaniidha. Kana jechuun karaa ittiin waan guddaa tokko kineessanii, kinoo immoo arbeessanii, binoon nameessanii, namoo binensanii, wal-cinaas qabani, cinaachaan himaniifi wkf taasisuun hubannoof haala mijeessan jechuun barreesseera.

Akkaataa fayyadama afaanii keessatti ergaa waan tokkoo haala garaagaraatiin dabarsuuf kan gargaaran malleen dubbiiti. Kana jechuun wantoota adda addaa waan birootiin wal-bira qabuun wal-dorgmsiisaa, isa xiqqaa olkaasaa, isa guddaa gadi buusaa akkasumas waan amala namaa hinqabne amala dhala namaa gonfachiisuun ergaa waan dabarsuu barbaanne tokkoo salphaatti akka hubatamuuf kan tajaajilaniidha.

Kaayyoo ijoo dubbii qolaa dubbii dubbatamu akkasumas dhaamsa gama barreeffamaan darbu hawwataa taasisuu yoo ta'ees kallattii ittiin dubbii ykn barreeffama hawwataa taasisuuf yaalan irratti hundaa'uu dubbii qolaa bakka garagaraatti ramaduun nidanda'ama. Yaada kana dhugoomsuu irratti Guddon (1982:27) irratti qoqqoodama dubbii qolaa yoo kaa'u, "There are many figure of speech devices. Figure of speech divided into: simile, metaphor, personification, apostrophe, hyperbola, antithesis, synecdoche, paradox and symbol" jechuun qoqqoodeera. Isa kanarraa kan hubatamu malleen dubbii gosoota adda addaa qabaachuu isaaniti. Isaanis: akkasa, iddeessuu, nameessuu, atee, habalaka, arbeessuu, mitihee, fakkoofi mallattoo ta'u jechuudha.

Adeemsa dhiyaatina faaruu shimalaa bifa dhiichisaan mul'atuu keessattis hirmaattonni dhiichisaa dhiichisa isaanii miidhaksuuf jecha malleen dubbii adda addaa gargarramuu danda'u. Qorataan qorannoo kanaaf qaaccessa faaruu shimalaa taasise keessatti dubbiin

qolaa kum akka mul'ate akkasumas maal ibsuuf akka gale kutaa qaaccessa ragaa keessaatti ibseera.

2.4. Yaaxxinaalee (Dayeessota) Qorannoo Fokloorii

Mata-dureen qorannoo tokkoo fokilooriin kan walqabatu yoo ta'e kutaa sakatta'a barruu qorannichaa jalatti qabxii dagatamuu hinqabne yaaxxina mata-duree qorannoo waliin deemu ibsuudha. Yaaxxinaalee fokiloorii ilaalchisee Addunyaan (2011:58) hayyuu Zoltan (2005:255) wabeeffachuun, "Sakatta'a barruu jalatti qabxiin dhiyaachuu qabu yaaxxina qorannoon sun irratti bu'uuruudha. Dhimmi kun karaa biraan qorannichaaf dallaa ijaaruu dha," jedha. Akka yaada haayyuu kanaatti gaheen yaaxxina qorannoo kaa'uu qorannichi maal irratti daanga'ee gaggeeffamaa akka jiru agarsiisuudha. Daayessi fokiloorii garaa garaa yeroo adda addaafi beektota adda addaan bu`uureffamaniiru. Kana dhugoomsuuf hayyuun Dorson (1972) dayeessonni qorannoon fokiloorii ittiin gaggeeffamu kanneen akka: Ideological Theory, Folk Cultural Theory', Contextual theory, Functional theory, performance theory, Cross Cultural Theory, Historical reconstructional theory, Psychoanalytical Theory, Oral-Formulaic Theory, Structural Theory, Mass -Cultural Theory fi Hemispheric Theory ta'uu mala jechuun ibsa.

Tokkoo tokkoon daayessota Dorson tarreesse kunniinis xiyyeeffanoo mataa isaani qabu. Qo`annoon fokiloorii tokko waan bu`uureffachuu qabu haala niwayya jedhaniin yaada jiru agarsiisu. Hunduu kalattii isaaniin, qo`annoon fokiloorii dhimma siyaasaan walqabatee xiinxalamuu qaba, aadaa bu`uureffachuu qaba, haala keessatti raawwatu bu`uura godhachuu qaba, faayidaa giddu galeessa godhachuu qaba, seenaa bu`uura godhachuu qaba, xiinsammuu itti fayyadamaa gidduu galeessa godhachuu qaba, akkasumas seenessaafi hurruubaa bu`uura godhachuu qaba yaada jedhuufi kan kana fakkaatan lafa kaa`a. Haaluma kanaan mata-dureen qorannoo kanaas af-walaloo hawaasaa keessaa faaruu shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatu qorachuuf waan ta'eef yaaxxinaalee qorannoo fokilooriif gargaaran keessaa kallattiin hidhata kan qaban lama irratti xiyyeeffatee kan gaggeeffameedha.

2.4.1. Yaaxxina Tajaajilaa (Functional Theory)

Yaaxxinni tajaajilaa gosoota yaaxxinaalee qorannoo fokiloorii keessaa isa tokko ta'ee faayidaa afoolli hawaasaaf kennu ilaaluu kan giddu galeeffatuudha. Qaamni tokko

fokiloorriirratti qorannoo gaggeessa yoo ta'e faayidaa fokiloorichi fayyadamtootaaf qabu ibsuun dirqama;adeemsa faayidaa afoolli hawaasaaf qabu ibsuu keessatti immoo qorataan yaaxxina tajaajilaatti dhimma baha. Waa'ee yaaxxina kanaa Dorson (1972) Franz Boas wabeeffachuun yommuu ibsu, yaaxxinni faayidaa afoolli/fokilooriin saba tokkoo hawaasicha akkamitti akka tajaajilu ibsa.

Gamabirooniis Bascom (1965) aartiin mallattoo 'verbal art' jechi isaa akka ijaarsa kalaqa atti hawaasa tajaajiluu, walitti fiduu, aadaan gidduu galeessummaan akka ijaaramuuf garga ara. Haaluma kanaan beekaan kun tajaajila afoolli garagaraa qabus akkasiin ilaala: mammaksi murtii seera qabeessa dabarsuu baruuf gargaara, hibboon sammuu daa'immanii bilcheessuuf, durduriin amala sirreessa akkasumas safuu hawaasaa eeguun waan baramoo ta'an jechoota baramoon yookiin kanneen hawaasichi itti gargaaramuun ergaa dabarsaa nama bashannansiisa, sirbi onnee gootaa cimsa. Walumaagalatti qorataan qorannoo kana keessatti faayidaa shimalliifi faaruun shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatu hawaasichaaf qabu ilaaluu irratti kan xiyyeeffate waan ta'eef yaaxxina faayidaa kanatti dhimma baheera.

2.4.2. Yaaxxina Haalaa (Contextual Theory)

Daayessi kun bara 1960 afooleewwan dargaggoota ta'aniin Yuuniversitytoota Indiyaanaafi Pennislavaaniyaa keessatti kanneen leenjii Doktorummaa afoolarratti fudhataa turaniin eegale. Waa'ee yaaxxina haalaa Dorson (1972:45) irratti yoo ibsu, "...the folklore concept apply not to a text but to an event in time in which a tradition is performed or communicated". Akka yaada kanaatti afoola tokko qo'achuun kan danda'amu, waan raawwatee taa'erraa otoo hinta'iin waan raawwachaa jiru bu'uura godhachuuni. Kunis haala qabatamaa afoolli sun keessatti hurruubamu, akkaataa itti hurruubamu, waantota yeroo hurruubbii hurruubaan dhimma itti bahu, walumaagalatti yoomessa sana keessatti argamuun waan afaaniifi gochaan raawwatu faana bu'uun kan geggeeffamu ta'uu nu hubachiisa.

Yaaxinni haalaa yoomeessaafi haalawa kam keessatti akkaataa kamiin fooklooriin akka dhiyaate irratti kan xiyyeeffatuudha. Kanuma walsimatee faaruun shimalaa bifa dhiichisaa dhiyeessuu keessatti ga'een hirmaatotaa maal akka ta'e, akkaataa raawwiin achi keessatti barbaachisu itti mul'atu, yeroofi iddoon faaruun kun itti dhiyaatu ibsuuf yaaxxina haalawa

fooklorii bu'ureeffachuun xinxaluun nidanda'ama. Kana ilaachisee Simsf Stephens (2005:136) akkas jedhu. "The physical settings and social situations in which members of folk groups share folklore, as well as the relationships among audience members and performers, make up the context of performance." Haalawa adda addaa keessatti walitti dhufeenyi hirmaattootaafi dhiyeessoota firiwwan fookloriin dalagamaniif hanniisaa cimaa akka ta'an yaanni waraabbii armaan oliin tuqame nihubachiisa. Qorannoon kanaafis yaaxinnin addadurummaan filatame yaaxana haalawa fookloriiti. Yaaxina kana bu'ureeffachuun dhiyaatina faaruu shimalaa keessatti adeemsonni raawwichaafi afwalaloowwan mul'atan roga adda addaan xinxalamaniiru.

2.5. Walsimannaa Yaaxxinaalee Fokloriifi Faaruu Shimalaa

Qaaccessa faaruu shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatu jedhu qorachuuf yaaxxina kanatu barbaachisa jedhamee wanti adda bahee taa'e jiraachuu baatus, qoratiichi yaaxxinaalee garaagaraa jiran keessaa isaan lamaan armaan olitti ibsaman mata duree qorannoo kanaa waliin walitti dhiyeenya qabu jedhee waan filateef itti gargaameera. Ragaa mata duree kanaa madaaluuf akkaataan itti fayyadama fookiloorii, faayidaa fookiloorii, gooroowwan fookilooriifi daayessaalee fookiloorii haala itti aanuun ibsamaniiru. Fookilooriin bal'inaan aadaa, amantaafi duudhaa hawaasaa irratti kan hundaa'uufi isaanumaan uumamee yeroo baay'ee afaaniin dhalootaa dhalootatti kan darbuudha. Faaruun shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatu gosoota fookiloorii jalatti kan hammatamu ta'ee, aadaa hawaasaa dhalootaa dhalootatti jechaafi gochaan kan dabarsuudha. Kanaaf dargaggoonni faaruu shimalaa gargaaramanii kan jibbaniifi morman ittiin balaaleffachuufi kan fedhan immoo ittiin jajuu danda'u. Karaa biraatiin faaruu shimalaa gargaaramanii aadaafi duudhaan hawaasni qabu cimeefi jabaatee akka itti fuufu gochuun akka danda'amu faayidaan fookiloorii kun niagarsiisa. Ammas faaruu shimalaa gargaaramnee aadaan hawaasaa walitti fuufiinsa qabaachuun yeroo dheeraaf osoo hindagatamin labataa labatatti cimee akka daddarbu taasisuun waan danda'amuuf faayidaan fookiloorii kun ragaa faaruu kanaa madaaluuf gahee qaba.

Hawaasni Oromoo faaruu shimalaa gargaamee waan ofkeessatti jibbe akka hinbabal'anneefi hindagaagne gochuu bira darbee akka jibbamuufi dhabamu taasisa. Sababa kanaaf faayidaan fookiloorii kunis ragaa mata duree kanaa madaaluuf

barbaachisaadha. Hayyuun Dorsan (1972:3-5) irratti gooroowwan fookiloorii bakka gurguddoo afuritti qoodeera. Gooroowwan isaa kana keessaa tokko, aartii sochii qaama hawaasaati. Aartiin sochii qaama hawaasaa kun dalagaa sochii qaamaatiin deeggaramee mul'atuudha. Mata dureen qorannoo kanaas faaruu shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatu qaaccessuudha. Faaruu shimalaa kana keessatti immoo sochii qaamaatu mul'ata. Haala kanaan faaruun kun damee fookiloorii kana jala galuu waan danda'uuf ragaa kana madaaluu keessatti dameen fookiloorii kun gahee guddaa qaba. Afoollis gooroo fookiloorii keessaa tokko ta'ee kan afaaniifi gochaan dhalootaa dhalootatti kan lufuufi hambaa hawaasaa kan hammatuudha. Faaruun shimalaas aadaa hawaasni qabu keessaatti kan ramadamuufi gochaafi afaaniin labataa labatatti kan darbu waan ta'eef karaa kanaan gooroo fookiloorii kana keessattis niargama.

Dabalataan meeshaaleen aadaa dameewwan fookiloorii keessaa gooroo isa biraafi kan hawaasni fedhii isaanii ittiin guuttachuufi dandeettii ogummaa isaanii itti agarsiifachuuf itti gargaaraman ta'anii aadaa wajjiin walitti hidhamiinsa cimaa kan qabaniidha. Adeemsa dhiyaatina faaruu shimalaa keessattis shimalli akka meeshaa aadaatti ilaallama. Karaa kanaan faaruun shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatu damee fookiloorii kana wajjiin walitti hidhatiinsa qabu.

Dorsan (1972:40) yaaxxina ykn daayessaalee qorannoo fookilooriif hedduun akka jiran ibseera. Isaan keessaa yaaxxini faayidaafi yaaxxini haalaa kanneen mata duree kanaan walitti hidhata qabaniidha. Sababni isaas xiyyeeffannoon mata duree qorannoo kanaa haala dhiyaatinaafi faayidaa shimalaafi faaruu shimalaa qaaccessuu kan jedhurratti waan ta'eefiidha. Yaaxxini faayidaa fookilooriin ykn afoolli saba tokkoo akkamitti akka tajaajilu kan qu'atu yoo ta'u, yaaxxini haalaa immoo, afoola ykn fookiloorii tokko qorachuun wanta raawwatamee lafa taa'e osoo hintaane, waan raawwatamaa jiru akkamitti akka raawwatu, maaliin akka raawwatuufi yoomessa hurruubummaan sun keessatti raawwatu fa'a irratti hundoofneeti jedha. Dhiyaatinni faaruu shimalaa kunis sochii qaamaan walqabachuu waan danda'uuf qoratamuu kan danda'u yemmuu raawwatamaa jiruttiidha. Kanaafuu ragaa mata duree qorannoo kanaa madaaluuf yaaxxinoonni kunneen lamaanis kallattiidhaan barbaachisu. Walumaagalatti ragaa mata duree qorannoo kanaa madaaluuf qorataan yemmuu fookilooritti fayyadamu,

faayidaawwan fookiloorii, gooroowwan fookilooriifi daayessaawwan fookiloorii akkaataa armaan olitti ibsameen walsimsiisee itti gargaarameera.

2.6. Sakatta'a Barruu Walfakkii

Afwalaloo ilaalchisee mata dureewwan adda addaa irratti qorannoowwan gaggeeffaman yoo jiraatanis hanga qorataan yeroo garagaraa keessatti ilaaleetti qorannoon kallattiin qaaccessa shimalaafi ergaa faaruu shimalaa irratti gaggeeffame hinjiru. Haata'u malee qorannoon mata duree qorannoo kanaa waliin hanga tokko walitti dhufeenya qabaniifi bu'uura qorannoo kanaa ta'an bifa armaan gadiin sakatta'amaniiru. Sakatta'iinsi kunis tokkummaafi garaagarummaa qorannoo kanaafi qorannoo sakatta'ame gidduu jiru ibsuurratti kan xiyyeeffateedha. Qorannoowwan sakatta'amanis kanneen armaan gadiiti.

1. Tigist Sanbataa (2005) waraqaa qorannoo ittiin guuttannaa digirii lammaffaaf mata duree "Qaaccessa qabiyyee af-walaloo Oromoo waltajjii hawaasummaa" haala afwalaloo Salaalee jedhu irratti gaggeeffame. Qabiyyeen af-walaloo qorannoo Tigist hawaasni Oromoo Salaalee wayita haamaa midhaanii haala kamiin akka waljajjabeessaniifi wayita cidhaas af-walaloon dhiyaatu jaalala/marartee addooyyonni intala isaan biraa heerumtuuf qaban kan agarsiisudha. Yaada olii kana ibsuufis afwalaloowwan qorannoo ishee keessatti kaa'aman hedduutu jira.

FKN 1.K/B- Bakka goonni oole

K/J/Q-Yaa haamilee

K/B-Yaa gadhee dhaqxaaree

K/J/Q-Yaa haamilee

K/B-Hojjetan malee

K/J/Q-Yaa haamilee

K/B-Daadhii hindhuga yaa ijoollee

FKN 2.Walawwalaa oolii

Eeleen caba hinooltuu

Waljaalachaa oolii

Addaan baati hinooltuu

Akka qorannoon Tigist ibsutti fakkeenyi tokkoffaan afwalaloo hawaasni Salaalee wayita haamaa midhaanii cimaniifi akka hojjetan waljajjabeessuuf fayyadaman kan agarsiisu yoo

ta’u inni lammaffaan misirrittiin adooyyee ishee waliin jaalala cimaa qabaachaa kan turte ta’uufi jaalalli hanga fedhe yoo jiraates walbiraa heerumuun waan hinoolle ta’uu agarsiisa. Walumaagalatti walfakkeenyi qorannoo Tigistiifi qorannoo kana gidduu jiru lameenuu afwalalooxinxaaluu kan giddu galeeffatu yoo ta’u, Tisist afwalaloowwan jiran keessaa kan haamaa midhaaniifi gaa’ilaa xilxaaluurratti xiyyeeffatte. Qorannoon kun immoo afwalaloo dhiichisa shimalaan walqabatu xinxaaluurratti xiyyeeffata; kallattii kanaan garaagarummaa qorannoo Tigistiifi isa kana gidduu jiru hubachuun nidanda’ama.

2. Sabsibee Geetahuun (2012) waraqaa digrii lammaffaa guuttachuuf mata duree “Qaaccessa qabiyyee sirba shaggooyyee” akka naannoo Oborraatti gaggeeffame. Qorannoon Sabsibee shaggooyyeen bifa ashiitee, daddaaysaa, okkooynaa/irra qabaa, hurruumsaafi lama lamaan kan shubbifamu ta’uu ibsa. Gamabiroonis sirbi shaggooyyee ergaawwan akka jaalala ibsuu, jibbiinsa agarsiisuu, quufa ibsuu, dhaadannoofi cimina ibsuufi gabrummaa agarsiisuu kan ofkeessaa qabuudha.

Tokkummaan qorannoo Sabsibee qorannoo kanaa lameenuu ergaa afwalaloon darbu ibsuufi afwalaloon haala/duraa duuba ittiin dhiyaatu qabaachuu isaa ibsuudha. Haata’u malee Sabsibeen ergaa afwalaloo gama shaggooyyeen darbu ibsuufi haala afwalaloon shaggooyyee ittiin dhiyaatu ibsuurratti kan xiyyeeffatte yoo ta’u qorannoon kun immoo ergaa afwalaloo shimalaan walqabatee bifa dhiichisaan dhiyaatu ibsuufi akkaataa dhiyaatina afwalaloo shimalaan bifa dhiichisaan mul’atuun waan giddugaleeffatuuf kallattii kana lamaanin garaagarummaan qorannoo kana lamaan gidduu jiraachuutu hubatama.

3. Taaddalaa Olaanaa (2008) waraqaa digrii lammaffaa guuttachuuf mata duree “Qaaccessa weedduu lakkoo” haala Oromoo Gaamoo godina Harargee lixaa aanaa Gubbaa Qorichaatti gaggeeffame. Qorannoon Taaddalaa weedduuwan lakkoon walqabatan hedduu yoo ibsu weedduuwan ibse keessaas dhiichisni cidhaa isa tokko akka ta’e tuqameera. Akka waliigalaatti dhimma dhiichisaan walqabatu tuquu, hirmaattonni dhiichisaa dhiira ta’uu ibsuu, dhiichisni bifa geengoo uumuun kandhiyaatu ta’uu, yoomessa dhiyaatina dhiichisaa tuquufi tokkoon tokkoon dhiichisa qaaceffamee fakkeenyaan deeggaraa deemuun walfakkeenya qorannoo kanaafi qorannoo Taaddalaa gidduutti mul’ateedha. Garaagarummaan qorannoo kanaafi kan Taaddalaa gidduu jiru dhiichisni qorannoo kana keessatti tuqame shimalaan kan

walqabatu yoo ta'u kan Taaddalaa dhiichisa lakkoo wayita cidhaa mul'atu kan giddugaleeffata; dabalataanis qorannoon kun dhiichisa shimalaan walqabaturratti hirmaataan dargaggeessa akka ta'e yoo ibsu kan Taaddalaa dhiira ta'uun alatti dhiira sadarkaa kam irra jiru akka ta'e hinibsu.

Boqonnaa Sadi: Mala Qorannoo

Boqonnaan kun iddoo itti gosni qorannoo, irraawwatamni, maddi ragaa, iddattoofi tooftaan iddatteessuu, tooftaan funaansa ragaa, meeshaaleen funaansa ragaa, malli qaaccessa ragaafi qindoominni qorannoo duraa duubaan itti dhiyaatuudha. Qorataan qorannoo kanaas kanuma bu'uureffachuun qabxiilee olitti tarreesse ibsa isaanii waliin bifa armaan gadiin dhiyeessee jira.

3.1. Gosa Qorannichaa

Qorannoon akaakuu garagaraa qabaachuu mala. Yaada kana Addunyaan (2011:10) irratti Harris wabeffachuun yoo ibsu, “Qorannoo bakka adda addaatti qooduun dura bu'uura qoodichaa addaan baafachuun barbaachisaadha. Bu'uuraaleen kunneenis amalaafi gosa odeeffannoo (nature and type of data), yoomessa qorannoofi hujummaa qorannoo fa'a ta'uu danda'u”. Akka yaada oliirraa hubatamutti qorannoo qoqqooduuf wanti irra dhaabbatanii qoqqoodaan jiraachuun dirqama ta'a.

Akkuma boqonnaa tokkoffaa keessatti tuqamuuf yaallametti xiyyeeffannoon qorannoo kanaa inni guddaan faaruu shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatu qaaccessuudha. Faaruun shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatu hawaasa Aanaa Yaayyaa Gullallee biratti baay'ee beek kamaadha. Qorannoon kunis qabeenya hawaasa kanaa ibsu kan giddugaleeffate waan ta'eef gosa qorannoo ibsaa jalatti ramadama.

3.2. Hirmaattota Qorannichaa

Hirmaattonni qorannoo qaama qorannoon irratti gaggeeffame kan ilaallatuudha. Qorannoon kunis hawaasa Oromoo Godina Shawaa Kaabaa aanaa Yaayyaa Gullalleerratti kallattiin kan gaggeeffame waan ta'eef hirmaattonni isaa hawaasa aanaa Yaayyaa Gullalleeti.

3.3. Madda Ragaalee Qorannichaa

Madda ragaa jechuun iddoo (bakka) odeeffannoon qorannoo tokko tarkaanfachiisuu danda'u irraa argamuudha. Kanaan walqabatee akka qorannoo kanaatti maddi ragaa qorataan itti gargaarrame madda ragaa tokkoffaafi lammaffaadha. Maddi ragaa tokkoffaan od-himtoonniifi qaamni odeeffannoo fudhatu kallattiin walquunnamuun odeeffannoo walii kennuufi walirraa fudhachuun kan raawwatamuudha. Raawwii qorannoo ka

naa keessattis qorataan hawaasa Aanaa Yaayyaa Gullallee keessa jiraatan keessaa maanguddootaafi dargaggoota mata-duree qorannoo kanaa irratti hubannoo gadi fagoo qaban akka madda odeeffannoo tokkoffaatti fayyadamuun qorannoo isaa gaggessee jira.

Gamabiroonis odeeffannoo bakka qorarannoo argachuuf ragaan barreeffamaa waajjira aadaafi turizimii Aanaa Yaayyaa Gullallee keessaa waan sakatta'ameef adeemsa kana keessatti qorataan sakatta'a dookumantii akka madda odeeffannoo lammaffaatti kan gargaarrameedha. Kanaafuu galma gahiinsa qorannoo kanaa keessatti qorataan madda odeeffannoo tokkoffaafi lammaffaa gargaarrameera.

3.4. Iddattoofi Tooftaa Iddatteessuu

Qorannoon kun hawaasa Aanaa Yaayyaa Gullalleerratti kan xiyyeeffate ta'uu daangaa qorannoo jalatti ibsamuuf yaallameera. Haata'u malee hawaasa Aanaa Yaayyaa Gullallee hunda hirmaattota qorannoo kanaa taasisuun baay'ee ulfaataafi nuffisiisaa waan ta'uuf iddattoota qorannicha jalqabaa hanga dhumaatti tarkaanfachiisuu danda'an murteessuun barbaachisaadha. Qorataanis kanuma bu'uureffachuun ga'eessotaafi maanguddoota aanaa Yaayyaa Gullallee jiraatan ja'aa (6)fi dargaggoota aanicha keessa jiraatan sagal (9) waliigala namoota kudha-shan (15) mala iddatteessuu kaayyaawaafi darbaa dabarsaa fayyadamuun hirmaattota qorannoo kanaa taasiseera.

Malli iddatteessuu kaayyawaa mala qorataan hojii qorannoo isaa keessatti ka'umsa argachuuf jiraattota aanaa Yaayyaa Gullallee keessaa irra caalaa waa'ee faaruu shimalaarratti hubannoo qaban irraa ragaa barbaadu argachuuf akkasumas namoonni kun namoota akka isaanitti shimalaafi faaruu shimalaarratti hubannoo qaban bifa darbaa dabarsaa akka eeran haala mijeessuuf kan gargaarudha. Iddatoon qorannoo kanaa mala iddatteessuu kaayyawaa biratti mala iddatteessuu darbaa dabarsaan kan filatamaniidha. Mala iddatteessuu darbaa dabarsaan iddattoon akka filatamu sababa kan ta'e qorataan hawaasa aanaa iddatteeffame keessa jiraatu keessaa kanneen shimalaafi faaruu shimalaarratti hubannoofi muuxannoo qaban ofii mala iddatteessuu kayyawaa fayyadamuun bira gahe biratti odeeffannoo haaraan kan jiraatu yoo ta'e akka hinhafne mirkaneeffachuuf namoota biroorraa funaanuu waan barbaadeef namoota biroo sana namoonni mala iddatteessuu kaayyawaan filataman akka eeran haala mijeeffachuufidha. Walumaagalatti

malli iddatteessuu kaayyawaafi darbaa dabarsaa malleen iddatteessuu raawwii qorannoo kanaa keessatti hojiirra oolaniidha.

3.5. Malleen Funaansa Ragaalee

Ragaa funaanuun adeemsa raawwii qorannoo keessatti isa murteessaafi barbaachisaadha. Kanaaf qorataan erga iddattoota hirmaachisuu barbaade adda baafatee booda kan itti aanu odeeffannoo iddattootarraa funaanuudha. Odeeffannoo barbaachisu haala gaariin funaanuuf immoo malleen funaansa ragaa mata duree qorannoo waliin deemuu danda'u adda baasee fayyadamuun dirqama qorataan bahuu qabuudha. Malleen odeeffannoon ittiin funaannamuu danda'u hedduutu jira; qorannoo qulqulleeffataa gaggeessuufis malleen funaansa ragaa adda addaatti dhimma bahuun nidanda'ama. Kanuma bu'uureffachuun qorannoo kana keessatti qorataan odeeffannoo funaanuuf malleen armaan gadiitti fayyadameera.

3.5.1. Daawwannaa

Daawwannaan mala odeeffannoon ittiin funaannamu keessaa tokko ta'ee isa qorataan iddoo wanti/gochi ilaaluuf barbaadde jirutti qaaman argamuun ijaan ilaalaa odeeffannoo barbaachisu funaanuuf itti fayyadamuudha. Qorataan qorannoo kanaas odeeffannoo mala daawwannaan funaanuuf guyyaa 21/03/09 ganda Alidheeraa kabaja ayyaana 'Hidaar maaramii' jedhamurratti argamuun, 06/05/09 ganda Areeree kabaja ayyaana 'Xarri Iyyasuusii' irratti argamuun, 11/05/09 kabaja ayyaana cuuphaa ganda Daalattii keessatti raawwatamerratti argamuufi 29/08/09 sirna cidhaa ganda Nya'aafi Soolee keessatti raawwaterratti argamuun dhiichisa gaggeeffame daawwachuun ragaa qorannoo kana tarkaanfachiisu funaanuu danda'eera.

Adeemsa daawwannaan ragaa funaanuu keessatti qorataan mataduree qaaccessa faaruu shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatu jedhuun walqabsiisee qabxiilee daawwannaa mijatoo ta'an ja'a (6) kanneen akka hirmaattonni faaruu shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatuu eenyu? Gaheen hirmaattota faaruu shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatuu maali? Faaruu shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatu keessatti shimalli akkamitti rukutama? Shimala dhiichisaan faarsuu keessatti shimalli akkamitti qabatama? Faaruun shimalaa uunka dhiichisaan akkamitti dhiyaataafi hirmaattonni faaruu shimalaa bifa dhiichisaan

dhiyaatuu haala kamiin walharkaa fuudhanii baasu? Gaaffilee jedhu qopheeffachuun yoomessa dhugaafi namtolchee fayyadamuun erga daawwatee hirmaattonni faaruu shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatuu irra caalaan dargaggeessa ta'uu, faaruun shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatu yeroo kophummaan namatti dhaga'ameefi hirmaattota faarichaa gidduutti walldhabdee uummamuuf jedhu kan dhiyaatu ta'uufi dhiichisa keessatti rukuttaan shimalaa jalaa ol ykn irraa gadi kan gaggeeffamu ta'uun argannoowwa kallattii daawwannaan bira gahamaniidha.

3.5.2. Afgaaffii

Afgaaffiin ramaddii malleen funaansa ragaa jalatti kan mul'atu ta'ee isa qorataan odeeff-kennitootan fuulaa fuulatti walquunnamuun gaaffii afaaniin dhiyeessuun odeeffannoo barbaadu argachuuf fayyadamuudha. Afgaaffii keessatti qorataan gaaffii gaaffatu haala iddattootaa galuun ibsuu akkasumas iddattoonni iddoo gaaffiin gaafataman hingalleeffitti carraa gaafatanii hubachuu qabu. Qorataan is iddoo deebiin iddattoonni kennan hinhubatamneeffitti akka irra deebi'anii hubachiisan taasisuun ragaa qulqulluu argachuu danda'a. Qorataan qorannoo kanaas dargaggootaafi maanguddoota iddattoo qorannoo kanaa ta'an kudha shaniif (15) gaaffilee afgaaffiif mijatoo ta'an ta'an ja'a (6) kanneen akka: shimala jechuun maali? Dhiichisa keessatti faayidaan shimalaa maali? Faaruu shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatu jechuun maali? Dhiichisa keessatti faaruun shimalaa faayidaa maalii qaba? Gosoonni faaruu shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatuu maal maalii? fi hirmaataa faaruu shimalaa ta'uuf seeronni dursa hubatamuu qaban maal maali? gaaffilee jedhu caccaba gaaffilee xixiqqoo waliin bifa banaan qopheessuun tokkoon tokkoon iddattoota qorannoo kanaaf dhuunfaa dhuunfaan dhiyeessee odeeffannoo qorannoo isaa tarkaanfachiisuu danda'u funaaneera.

Haaluma kanaan shimalli ulee dargaggeessi qabachuuf filatu ta'ee aangii kan qabu ta'uu, dhiichisa keessatti shimalli dhiichisa si'eessuuf kan gargaaru ta'uufi hirmaataa faaruu shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatuu ta'uuf dursa akkataa qabannaa shimalaafi haala rukutta shimalaa beekuun kan barbaachisu ta'uun argannoowwan kallattii afgaaffiin bira gahaman keessaa isaan hangafa.

3.6 Meeshaalee Funaansa Ragaa

Meeshaaleen odeeffannoo qorannoo kana keessatti qorataan fayyadames; viidiyoo, kaameeraa suuraafi yaadannoo gabaabaa qabachuu yoo ta'an, viidiyoon waytii dhiichisni dhiyaatu waraabuufi deebii odeeffannitoonni gaaffii gaafataman irratti kennan qabachuuf iddoo barreeffamaan qabachuun isa rakkisetti kan itti tajaajilameedha. Kaameeraan ammoo namoota odeeffannoo kennan suuraa kaasuu kan fayyadamameedha. Akka meeshaa birootti ragaa funaanuuf meeshaan qorataan garggaarrame yaadannoo qabachaa deemuu dha. Hojiin qorannoo kanaa hanga xumuramutti qorataan karaa yoo deemus ta'ee iddoo hundatti waraqaafi qubeessituu qabachuun ragaa mataduree qorannoo isaan walfakkaatu yoo arges ta'ee dhaga'e bifa yaadannoo gabaabaan qabatee gara qorannoo isaatti fiduun fayyadamaa kan tureedha. Walumaagalatti meeshaalee kanniinitti hanga danda'amee fayyadamuun odeeffannoo barbaachisaa ta'an argachuun barreefamatti jijjiiruun danda'ee jira.

3.7. Tooftaalee Qaaccessa Ragaalee

Adeemsa raawwii qorannoo keessatti odeeffannoo funaanuu qofti gahaa kan ta'uu miti. Odeeffannoon funaanname haala mataduree qorannichaa waliin deemuu danda'uun xinxaalamuu qaba. Qorataan qorannoo kanaas odeeffannoowwan kallattii garagaraarraa funaannameefi faaruu shimalaan walqabatu(105) funaane keessaa faaruu (38) ergaafi mal leen dubbii faaricha keessatti argaman boqonnaa afraffaa qorannoo kanaa keessatti mala qulqulleeffannaa /ibsaatti gargaarramuun qaaccesseera.

3.8. Qindoomina Qorannichaa

Qorannoon kun boqonnaa shan kan qabu yoo ta'u, tokkoon tokkoon boqonnaalee jalatti mata-dureewwan hammataman duraa duuban kaa'amaniiru. Akka qorannoo kanaatti boqonnaan tokko seenduubee,ka'umsa qorannoo,kaayyoo,barbaachisummaa,daangaa,han qinafi odeeffannoo bakka qorannichaa kalattii adda addaan ibsu kan hammate yoo ta'u,boqonnaa lammaffaan sakatta'a barruulee mata-duree qorannoo kanaa bal'isuu danda'anii,yaaxxinaalee qorannoo kana waliin hidhata qabaniifi barruulee walfakkii sakatta'aman kan qabuudha. Boqonnaa sadaffaan mala qorannoo kan qabu ta'ee malli qorannoo mata-dureewwan adda addaa kanneen akka gosa qorannoo,madda ragaalee,iddattoofi tooftaa iddatteessuu,malleen funaansa ragaalee,meeshaalee funaansa

ragaa, tooftaa qaaccessa ragaaleefi qindoomina qorannoo duraa duuban kan hammatee argamuudha.

Boqonnaa arfaafaan qaaccessa ragaalee kan qabu yoo ta'u, ragaaleen daawwannaafi afgaaffiin argaman bifa waraabbii viidiyoofi yaadannoo gabaabaa qabachuun erga funaannamanii booda odeeffannoowwan walfakkaatan iddoo tokkotti dhufuun bifa waldeeggaruu danda'aniin mala akkamtaan qindaa'aniidha. Boqonnaan dhumaa jechuunis boqonnaan shanaffaan cuunfaa, argannoofi yaboo kan qabuudha. Gamabiroonis kutaa boqonnaalee shananiin ala axareeraa, galata, baafata, wabiileefi dabaleewwan qaama qorannoo kanaa ta'uun kanneen hammatamaniidha.

Boqonnaa Afur: Qaaccessa Ragaalee

Kutaan kun iddoo odeeffannoowwan meeshaa funaansa ragaa boqonnaa sadi jalatti ibsamaniin iddattootarraa walitti qabaman iddoo hiika itti argataniidha. Qorataanis kanuma sababeeffachuun odeeffannoo kallattii garagaraan iddattootarraa funaane bifa armaan gadiin qaaccesseera. Adeemsa qaaccessa ragaa qorannoo kanaa keessatti odeeffan oowwan daawwannaafi afgaaffiin funaannaman waldeeggaruun iddoo tokkotti kan xixaal lamaniidha.

4.1. Maalummaa Shimalaafi Faayidaa Isaa

Akka ragaan afgaaffiin 21/03/09 ganda Alidheeraa keessatti obbo Damissee Muummichaafi dargaggoo Caalaa Damee irraa funaanname agarsiisutti shimalli gosa meeshaalee aadaa keessaa isa tokko ta'ee ulee dargaggeessi qabatee dhiichisuuf filatuufi aangii kan qabu akkasumas yoo rukutan amala haanxa'uu qabaachuun uleewwan kanneen biroorraa adda kan ta'eedha. Gamabiroonis, shimalli adeemsa dhiyaatina dhiichisaa keessatti akka si'eessituutti gargaaruun kan dargaggeessi dhiichisa ittiin hurruubudha.

Akkuma Oromoon, “Fardi kooraa malee hinmiidhagu” jedhee mammaaku dhiichisni shimala malee hinbareedu. Kanaaf dargaggoonni yeroo dhiichisa yaadatan shimaldas duukaa yaadatu. Kun immoo shimalliifi dhiichisni hariiroo yoomiyyuu adda bahuu hindandeenye qabaachuu isaanii agarsiisa. Faayidaa shimalli dhiichisa keessatti qabu keessaa ijoon qabxiilee armaan gadiiti.

- ❖ Dhiichisa keessatti dargaggoota jajjabeessa/akka of hinshakkine taasisa.
- ❖ Dhiichisa si'eessuu.
- ❖ Qaamni dhiichisa keessatti hirmaachuu hindandeenye akka hinhirmaanne taasisuu.
- ❖ Roorroo ittisuu.
- ❖ Haala dhaabbii hirmaattota dhiichisaa sirreessuu.
- ❖ Haala qabannaa shimala hirmaattota dhiichisaa too'achuu.
- ❖ Dhiichisa cabsaan ala walharkaa akka hinfuune dhorka.
- ❖ Balaa hirmaattota dhiichisaa gidduutti ka'e akkasumas ka'uuf jedhu salphisuudha.

Akka waliigalaatti dhiichisa keessatti qoonni shimalli qabu xiqqaafi akka salphaatti ilaallamuu kan hindandeenye ta'uu yaanni iddattoonni shimalaafi faayidaa shimalaarratti kennan haala gaariin hubachiisa.



Suura 1- shimala

4.1.1. Akkaataa Qabannaa Shimalaa Faaruu Shimalaa Bifa Dhiichisaan Dhiyeessuu Keessatti

Akka obbo Hayiluu Lammaafi obbo Dinguu Badhaanee akkasumas dargadoo Dajanee Shifarraafi Zarihuun Nugusee gaaffii 12/04/09 ganda Areereetti taasifameen ibsanitti, dhichisa keessatti dhiichisa baasuufi kan bahe jalaa qabuu qofti gahaa; miti haala ittiin shimala qabatanis beekuun dirqama. Faaruu shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatu keessatti shimallis haala ittiin qabatamu qaba. Qaamni dhiichisa baasu yeroo baasuuf seenu shimala isaa harka lamaan gara fuulduraatti jabeessee qabata. Sana booda sochii qaama nama baasaa turee ilaaluun gateettiirratti deeffachuun dhiichisa baasuu itti fufa. Adeemsa gidduu socha'uun dhiichisa baasuu keessattis qaamni baasu mataa lamaan yoo gahe shimala gateettirra ture kaasuun harka mirgaan gara fuulduraatti qabatee gara gateettii

birootti dabarfachuun dhiichisa baasuu itti fufa. Qaamni dhiichisa baasu yoo baasuuf seenus ta'ee yoo mataa lamaan gahu sababni inni shimala gara fuuldura isaatti jabeessee qabatuufis qaama baasaa tureefi kanneen jalaa qabaa turan keessaa kan shimala irratti rukkutu yoo jiraate ofirra eeguudhaafi.

Dhiichisa keessatti qaama baasu qofa osoo hintaane qaamoleen jalaa qabanis haala ittiin shimala qabatan qabu. Qaama dhiichisa baasuun ala qaamoleen jalaa qaban hunduu yeroo baay'ee shimala isaanii harka lamaan gara fuulduraatti qabatu. Sababni isaa rukkuttaan shimalaa akka tasaaa kan gaggeeffamu yoo ta'e shimalichi deebi'ee isa ykn nama isatti aanee jiru akka hinrukkunne taasisuuf akkasumas dhiichisa dhiyaatu hamileen jalaa qabaa jiraachuu mirkaneessuufi. Dhiichisa keessatti qaamni hirmaatu shimala haalan qabachuu dhiisee shimalli isaa deebi'ee yoo isa rukute akka gadheetti yoo ilaallamu, shimalli isaa nama biraa yoo rukute garuu nama rukutameen walitti bu'a. Kanaafuu dhiichisa keessatti akkaataa qabannaa shimalaa sirritti hubachuun itti fayyadamuun diqama ta'a. Haata'u malee dargaggoonni tokko tokko haala qabannaa shimalaa wallaaluun irraa kan ka'e dhiichisa baasuufi kan bahu jalaa qabuu keessatti yoo rakkatan nimul'ata. (Madda:Obbo Dinguu Badhaanee 12/04/09)

Akka yaanni iddattoonni bifa afgaaffiin olitti kennan agarsiisutti raawwii dhiichisaa keessatti shimalli haala ittiin qabatamu kan qabu yoo ta'u, namni tokko tokko haala qabannaa kana wallaaluun kan miidhamaa ta'a.



Suura 2- Akkaataa qabannaa shimalaa wayita shimalli rukkutamu

4.1.2. Akkataa Rukuttaa Shimalaa Dhiichisa Keessatti

Dhiichisa keessatti rukkuttaan shimalaa haala ittiin gaggeeffamu qaba. Akka walii galaatti rukkuttaan shimalaa bifa lamaan gaggeeffama. Innis:

A. Rukuttaa Shimalaa Jalaa Ol Gaggeeffamu-Dhiichisa keessatti dargaggoonni dhiichisa gaggeeffamaa jiru cimsuuf, xiyyeeffannoon hirmaatota hundaa dhiichisarra akka ta'e tilmaamuuf, dhiichisa cabsaa malee akka walirraa hin fuune too'achuufi qaamni dhiichisa keessatti hirmaachuu hindandeenye akka hinhirmaanne taasisuuf shimala hirmaattotaa jalaa ofeeggannoon rukutuun taphatu. Qaamoleen shimalli jalaa olirratti ruk utamus shimala isaanii gara fuulduraatti harka lamaan jabeessanii qabachuun hamileen dhiichisaa jiraachuu qaama shimala rukutuuf mirkaneessu; qaamni shimala rukutes gidduu isaaniitti deebi'uun dhiichisa isaa itti fufa. Rukkuttaan jalaa ol gaggeeffame hirmaattonni dhiichisaa/qaamni shimalli isaanii rukutame taphaaf kan gaggeeffameedha jechuun ergaa tapha qabaachuu isaa mirkaneeffatu.

Haata'u malee rukkuttaan shimalaa jalaa olhumna dabalatee gaggeeffame yoo ta'e xiyyeeffannoon qaama rukutuu taphaaf osoo hintaane shimala nama rukutee cabsuuf akka yaaletti waan fudhatamuuf walitti bu'iinsa uumuu mala. Dargaggoonnis walitti bu'iinsa yoo barbaadaniin ala rukuttaa shimalaa humnaan guutame hinfayyadaman. Rukkuttaan shimalaa jalaa olsuuta gaggeeffamu keessatti shimalli rukutame yoo cabes qaamni jalaa cabe qaama jalaa cabse hingaafatu. Sababni isaa qaamni rukute daangaa rukuttaa shimalaa keessaa hinbaane waan ta'eefidha; qaamni shimalli isaa jalaa cabe garuu shimala hinjabaanne qabatee deema jechuun tuffatama. Qaamni shimala rukutu jalaa olsirritti rukutee shimalli qaama rukutamee yoo cabe qaama rukutetu ittigaafatama. Sababni isaa daangaa rukuttaa shimalaa darbe waan ta'eefidha. Qaamni shimalli isaa jalaa cabe garuu shimala hinjabaanne qabatee deema jechuun tuffatama. (Madda: obbo Baqqalaa Fayyisaafi obbo Hayiluu Sanbataa waliin afgaaffii 19/04/09 taasifameefi daawwannaa 11/05/09 ganda Daalattiitti taasifame gaggeeffame)



Suura 3- Rukkuttaa shimalaa jalaa ol gaggeeffamu

B.Rukuttaa Shimalaa Irraa Gadi Gaggeeffamu-Dhiichisa keessatti shimalli irraa gadi akkasumas humnaan guutamee akka rukutamu hineeeyyamamu.Qaamni irraa gadi ta'ee human fayyadamuun shimala rukute yoo shimala rukute cabsuu baatellee itti gaafatama.Kanaafuu dargaggoonni dhiichisa taphaaf gaggeessan keessatti shimala irraa gadi hinrukutan.Garuu walitti bu'iinsi gidduu isaanii jira yoo ta'e shimala irraa gadi rukutuun lolaaf qophaa'uu isaanii walakeekkachiisu.Walakeekkachiisuu qofas osoo hintaane shimalaan hanga walreebuuttis gahuu malu.Kanaafuu rukuttaan shimalaa irraa gadiifi humnaan guuttame walittibu'iinsi gidduu hirmaattota faaruu shimalaa yoo jiraate qofa gaggeeffama. (Madda:Obbo Damissee Muummichaa 21/03/09fi Obbo Baqqalaa Fayyisaa 19/04/09 waliin afgaaffii taasifameefi daawwannaa 11/05/09 taasifame gaggeeffame)



Suura 4- Rukkuttaa shimalaa irraa gadi gaggeeffamu

Akka ragaan afgaaffiifi daawwannaan taasifame ibsutti,dhiichisa keessatti rukutta shimalaa kan jalaa oliifi suuta gaggeeffame akkasumas kan irraa gadiifi human dabalachuun gaggeeffame jedhanii adeemsa ramaduu keessatti rukuttaan shimalaa jalaa oliifi suuta gaggeeffame ergaa taphaa/walii galtee kan dhaamu yoo ta’u rukuttaan shimalaa irraa gadiifi human dabalatee dhiyaate ergaa walitti bu’iinsi jira jedhu kan akeeku ta’uu yaada olitti kennamerraa hubachuun nidanda’ama.

4.1.3.Yeroo Rukkuttaan Shimalaa Dhiichisa Keessatti Itti Mul’atu

Adeemsa dhiichisa dhiyeessuu keessatti rukuttaan shimalaa dhiichisatti lubbuu hora;kanaafuu jiraachuu dhiichisaaf rukuttaan shimalaa murteessaadha. Garuu rukuttaan shimalaa yeroo ittigaggeeffamu qaba. Yeroo isaa kan hineegganne yoo ta’e dhiichisa gaggeeffamaa jiru jeeqa. Qaamoleen dhiichisa keessatti hirmaachuuf fedhii qabanis rakkootu nurra gaha jechuun sodaatanii dhiichisa keessaa bahuu filatu;warreen dhiichisa keessatti hafan immoo qaama yeroo hunda shimala rukutuun walitti bu’uu filatu. Gama hawaasummaan is namni yeroo hunda dhiichisa keessatti shimala rukutu nijibbama. Maatiin ilmi isaanii iddoo dhiichisaa deema yoo ta’e,ilmi abaluu achi jira yoo ta’e dhiichisni sitti yaa hafu jechuun yeroon itti akeekkachiisu nijira. Dargaggeessi kunis dhaamsa maatii isaa hiriyyaa isaatti himuun bifa darbaa dabarsaan qaama yeroo hunda shimala rukutu balaaleffatu. Qaamni yeroo hunda shimala rukutuun balaaleffatame kunis yeroo dargaggoo nni jibbuun isa qoodan sababa jibbamuu isaa qaama itti dhiyaaturraa mirkaneeffachuun

gocha isaa sirreeffachaa deema. Dhiyaatina dhiichisaa keessatti rukuttaan shimalaa kan gaggeeffamu:

A. Yeroo Hirmaattonni Dhiichisaa Qaama Baasaa Jiru Jalaa Haalan Qabuu Dhiisan/Dhiichisa Hoo'isuuf-Dhiichisa keessatti gahee hirmaattotaa keessaa tokko dhiichisa bahaa jiru haalan qabuudha. Haata'u malee yeroo tokko tokko hirmaattoonni dhiichisaa dhiichisa bahaa jiru sagalee laafaafi hamilee gadi bu'aan yoo qabantu mul'ata. Haalli kun mul'achuu qaamni arge dhiichisicha dammaqinaan akka qaban taasisuuf shimala rukuta;sana boodas hirmaattonni dhiichisaa dhiichisa hamileen waljalaa qabuun taphatu. (Madda:Afgaaffii obbo Tashoomaa Gizawuufi dargaggoo Aabbushee Fiqaaduu waliin 13/05/09 taasifameefi daawwannaa 29/08/09 taasifame)

B. Haalli Dhaabbii Hirmaattota Faarichaa Yoo Sirrii Ta'uu Baate-Dhiichisni yoo dhiyaatu hirmaattonni bifa geengoo uumuun dhaabbatu;adeemsa kana keessatti dhiichisa gidduu seenuun hoo'isuufis ta'ee rukutta shimalaa sababa adda addaaf gaggeeffamuuf haala mijeesuuf iddoo duwwaa gidduu isaanitti hambifatu. Akka tasaa qaamni sarara geengoo dhaabbii dhiichistootaan mijeeffame darbe kan jiru yoo ta'e sirreessuuf akkasumas iddoo duwwaa gidduu isaaniitti hafte walitti siquun yoo dhiphisuuf yaalan dhiichisa adda kutanii afaaniin walitti himuurra shimala rukutuun walqajeelchaa deemu.

(Madda:Afgaaffii obbo Tashoomaa Gizawuufi dargaggoo Aabbushee Fiqaaduu waliin 13/05/09 taasifameefi daawwannaa 29/08/09 taasifame)

C. Dhiichisa Cabsaa Malee Qaama Baasaa Jirurraa Fuudhuuf Yoo Yaalan-Dhiyaatina dhiichisaa keessatti dhiichisa qaama baasaa jirurraa fuudhuun kan danda'amu cabsaa dhiichisa bahaa jiruu eegu ykn dogoggora dhiichisarratti qaamni baasaa jiru uume eeguun ta'a. Ulaagaa kana lamaan osoo hineegin dhiichisa walharkaa fuudhanii baasuun hindanda'amu;qaamni seera kana osoo hineegin dhiichisa fuudhuuf gidduu seenu kan jiraatu yoo ta'e qaamni baasaa jirus ta'ee qaamni jalaa qabu shimala isaa irratti rukutuun akkasumas waan inni baasuuf ittiin seene jalaqabuu diduun akka inni seeran ala harkaa fuudhuuf yaale itti agarsiisaa sirreessaa deemu. (Madda:Afgaaffii obbo Tashoomaa Gizawuufi dargaggoo Aabbushee Fiqaaduu waliin 13/05/09 taasifameefi daawwannaa 29/08/09 taasifame)

D. Hirmaattota Faaruu Shimalaa Keessaa Qaamni Yaadan Iddoo Biraa Deeme Yoo Jiraate Gara Dhiichisaatti Deebisuuf-Dhiichisni afwalaloo kanneen biroo caalaa ofeeggann oo hirmaachuu barbaada. Sababni isaa raawwiin dhiichisaa shimala dabalata waan ta'eefidha. Kanaafuu hirmaattonni faarichaa hundi xiyyeeffannoo guddaan itti hirmaachuu barbaadu. Haata'u malee yeroo tokko tokko iddoo dhiichisni dhiyaachaa jirutti raawwiin biroo raawwatamaa kan jiru yoo ta'e qaamni hirmaataa dhiichisaa ta'ee osoo jiruu yaadan dhiichisa gaggeeffamaa jiru dhiisuun iddoo raawwiin biroo itti taasifamaa jiru deemu jiraachuu mala; hirmaataan qaama raawwii biroo ilaalaa jiru dursee arge shimala namichaa suuta rukutuun akka inni gara dhiichisaatti deebi'u dammaksa. Kanaafuu dargaggoonni xiyyeeffannoon isaanii gara dhiichisaa akka ta'u taasisuuf yeroon itti shimala walirratti rukutan nimul'ata. (Madda: Afgaaffii obbo Tashoomaa Gizawuufi dargaggoo Aabbushee Fiqaaduu waliin 13/05/09 taasifameefi daawwannaa 29/08/09 taasifame)

E. Hirmaattota Dhiichisaa Gidduu Waldhabdeen Yoo Jiraate/Uummamuuf Jedhu-Kaayyoon dhiichisaa inni ijoon bifa gammachuun miira keessa ofiis ta'ee hawaasaa ibsuudha. Haata'u malee qaamoleen tokko tokko dhiichisa akka sirba haaloo ittiin walbahuuf sirbamuutti qaamni fudhatee itti fayyadamu nijira. Hawaasa keessatti dargaggoonni yeroo lafaa yoo walitti bu'an guyyaa dhiichisaaf walitti dhufan dhiichisa dayeeffatanii haaloo walbahuuf yaalu. Haaloo walbahuuf barbaaduu/dubbiin gidduu isaanii jiraachuu kallattiin ittiin mirkaneffamu keessaa tokko akkaataa rukutaa shimalaafi yeroo rukutaa shimalaati. Dhiichisa keessa qaamni haaloo walirraa qabu yoo jiraate rukutaa shimalaa yeroo isaa hineegganneefi daangaa hinqabne gaggeessa. Akkasumas dhiichisa cabsaan ala walharkaafuudhanii baasuuf waljeequ; adeemsa kana keessa rukuttaan shimalaa dabalaa deema. (Madda: Afgaaffii obbo Tashoomaa Gizawuufi dargaggoo Aabbushee Fiqaaduu waliin 13/05/09 taasifameefi daawwannaa 29/08/09 taasifame)

Walumaagalatti akka yaanni daawannaafi afgaaffiin argame hubachiisutti dhiichisa keessatti rukuttaan shimalaa dhiichisni yoo si'aan qabamuu baate, haalli dhaabbii hirmaattotaa yoo sirrii ta'uu baate, dhiichisa cabsaan ala yoo walharkaa fuudhuuf yaalan akkasumas qaamni dhiichisa keessatti osoo hirmaatuu yaadan iddoo biraa dhaqe gara dhiichisaatti deebisuuf kan gaggeeffamuudha.

4.1.4. Faayidaa Rukuttaa Shimalaa Dhiichisa Keessatti

Dhiyaatina dhiichisaa keessatti rukuttaan shimalaa iddoo olaanaa qaba. Kanuma giddu galeeffachuun hawaasni dhimmi dhiichisa yoo kaase shimala kan biraa hinhambifne ta'uu iddattoonni qorannoo kanaa ragaa bahu. Faayidaa rukuttaa shimalaa keessaa ijoon:

A.Dhiichisa Si'eessuu-Dhiichisni dhiichisa jedhamuuf si'a qabaachuu qaba. Si'a kanas uumuu kan danda'u dargaggoota/hirmaattota dhiichisichaati. Faayidaan si'a dhiichisaa gurra qaama biraa harkisuudha. Namoonni dhiichisa dargaggeessi hoo'isee taphatu yoo argan itti deemanii ilaaluufi dhaggeeffachuu filatu. Kanaaf jecha dargaggoonni dhiichisa si'aa'ina hinqabne hinfilatan. Kallattiiwwan dhiichisa ittiin si'eessan keessaa beekkammoon sochii qaamaa dhiichisa bahaa jiru waliin deemuu danda'u gaggeessuu, dhiichisa bahaa jiru sagalee hoo'an qabuufi rukuttaa shimalaa daangaa isaa eeggate gaggeessuudha. Kanaafuu rukuttaan shimalaa dargaggootaan gaggeeffamu dhiichisa si'eessuu keessatti iddoo guddaa qaba. (Madda: Afgaaffii dargaggoo Bokii Addunyaafi Dajanuu Kabbuu waliin 19/06/09 taasifame)

B.Hirmaattonni Dhiichisaa Dhiichisa Cabsaan Ala Akka Walirraa Hinfuune Dhorkuu-Yeroo rukuttaan shimalaa itti mul'atu keessaa tokko dhiichisa cabsaan ala walharkaa fuudhuuf yoo yaallame akka ta'e qaaccessa qabxii 4.1.3.jalatti ibsameera. Kanaafuu rukuttaan shimalaa dargaggeessi dhiichisa cabsaan ala walirraa akka hinfuune meeshaa ittiin waltoo'ataniifi walsirreessaa deemaniidha. (Madda: Afgaaffii dargaggoo Bokii Addunyaafi Dajanuu Kabbuu waliin 19/06/09 taasifame)

C.Qaamni Dhiichisa Keessatti Hirmaachuu Hindandeenye Akka Hinhirmaanne Dhorkuu-Dhiichisni hojii shimalaan walqabatu waan ta'eef muuxannoofi jabina irree barbaada.Sababni isaa,yeroo tokko tokko rukuttaan seeraan alaa gaggeeffamuu danda'a waan ta'eef rukuttaa gaggeeffamu dandamachuu keessatti gaheen muuxannoofi jabinni irree qaama dhiichisa keessa jiruu murteessaa waan ta'eefidha. Kanaafuu dargaggoonni namni shimala sirritti qabachuu hindandeenye dhiichisa taasifamu keessatti akka hinrukutamneef jecha shimala isaa irratti rukutuun akka inni sodaatee dhiichisa lakkisee bahu taasisu. (Madda: Afgaaffii dargaggoo Bokii Addunyaafi Dajanuu Kabbuu waliin 19/06/09 taasifame)

D.Waldhabdeen Gidduu Hirmaattota Dhiichisaa Jiraachuu Agarsiisuu-Dhiichisa keessatti dargaggoonni haaloo duraan walirraa qabaniifis ta'ee adeemsa waliin dhiichisuu keessatti waldhabuu danda'u. Waldhabdeen isaanii kunis ammuma dabalaa deemuun haalli rukuttaa shimalaa isaaniis ta'ee haalli dhiichisa waljalaa qabuu isaanii jijjiirramaa deema. Daawwattoonni dhiichisaas jijjiirrama gama rukuttaa shimalaan mul'ate hubachuun akka dhiichisa dhiisanii addaan galan taasisuun balaa gidduu isaaniitti uummamuuf ka'e oolchu. Kanaafuu rukuttaan shimalaa lola gidduu hirmaattota dhiichisaatti uummamuuf deemu hubachiisuun daawwattoonni balaa kana akka salphisan taasisuu keessatti gahee guddaa qaba jechuun nidanda'ama. (Madda: Afgaaffii dargaggoo Bokii Addunyaafi Dajanuu Kabbuu waliin 19/06/09 taasifame)

E.Dhiichisni Dhiyaatu Xiyyeeffannoo Akka Qabaatu Taasisuu-Akkuma qaaccessa qabxii 4.1.3.jalatti dhiyaatina dhiichisaa keessatti hirmaattonni dhiichisaa yaadan gara biroo deemuu malu jedhamee ka'e,rukuttaan shimalaa hirmaattota yaadan gara biroo deema kallattiin gara dhiichisaatti deebisuu keessatti gahee guddaa qaba. (Madda: Afgaaffii dargaggoo Bokii Addunyaafi Dajanuu Kabbuu waliin 19/06/09 taasifame)

Akka yaanni iddattoonni olitti kennan akka hubachiisutti, faaruu shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatuufis ta'ee dhiichisa kamiyyuu dhiyeessuu keessatti faayidaan rukuttaan shimalaa dhiichisa si'eessuu, dhiichisa cabsaan ala akka walirraa hinfuune dhorkuu,qaamni dhiichisuu hindandeenye akka hirmaatee hinmiidhamne dhorkuu,waldhabdeen gidduu hirmaattota dhiichisaa jiraachuu agarsiisuufi dhiichisni gaggeeffamu xiyyeeffannoo akka argatu taasisuudha.

4.1.5. Hariiroo Shimalaafi Fayyadamtoota Shimalaa Gidduu Jiru

Shimalaafi fayyadamtoota shimalaa gidduu hariiroo hiriyyummaa yoomiyyuu adda cituu hindandeenyetu jira. Kana jechuun fayyadamtoonni shimalaa shimala isaanii baay'ee jaalatu;irra darbees kabaja guddaa qabuuf. Jaalala qabaniif irraa kan ka'e akka obboleessa isaanitti kan ilaalan ta'uu ibsu. Dhugummaa yaada oliis dhiichisa armaan gadii mirkaneessu.

1. *Aadee kormii kormii*
Shimalli obboleessaa
Namarraa dheeffiti ormii
(Madda:Bokii Addunyaa 19/06/09)

Afwalaloon “Shimalli obboleessaa namarraa dheeffiti ormi” jedhu, halagaa/ormi yeroo nageenyi jiru namatti dhiyaatee nama waliin kolfee taphata malee yeroo rakkoon wayii nama qunname fuula namarraa naanneffata. Yeroo rakkoos ta’ee yeroo gammachuu namarraa adda bahuu kan hindandeenye obboleessa. Iddoo obboleessi hinjirretti bakka obboleessaa bu’uun rakkoo nama qunnamuuf jedhu nama faana kan qooddatu shimala. Kanaafuu alagaa abdachuurra shimala ofii abdachuun murteessaa ta’uu hubachiisa.

2. *Saawwan baddaa kormi keessa hinjiruu*

Sobaniitii shimala malee firri hinjiruu

(Madda:Kinuu Naggasaa 14/05/09)

Dhiichisni “Sobaniitii shimala malee firri hinjiruu” jedhu, namni yeroo bal’inaa sobee siif jira ykn waliif jirra jedhee wal bira darba. Shimalli garuu siif jira ykn waliif jirra jedhee sobaan nama bira kan darbu osoo hintaane aantee/hiriyyaa dhugaa akka ta’e hubachiisa. Da balataanis, afwalaloon “Saawwan baddaa kormi keessa hinjiruu” jedhu, loltuun gammoojjii malee baddaa hinjiru ergaa jedhu ofkeessaa qaba. kanarraa ka’uun afwalaloon kun yeroo qeerroon gammoojjii isa baddaa qeequ barbaade kan dhiyaatudha.

3. *Baallamii yaa tumaa nuugii*

Dudduguugii yaa shimala koo sitti abdadhee

(Madda:Caalaa Damee 21/03/09)

Afwalaloon “Dudduguugii yaa shimala koo sitti abdadhee” jedhu, fayyadamaan shimala shimalaan diina natti dhufe akkan injifadhu nataasisi jechuun shimalatti dhaammata. Gama biroonis shimalli osoo jiruu rakkoon biroo kan isa qunnamuu hindandeenye ta’uu abdi shimalarraa qabu ibsata. Akka afwalaloon kun hubachiisutti fayyadamaan shimala shimala “Dudduguugi” jedhee ajaja; shimalli garuu deebii afaanii hinkennuuf. Dubbiwwan qolaa keessaa waan deebii deebisuu hindandeenye gaaffii gaaffachuufi ajajuuf kan gargaaru ateedha. Kanaafuu dubbataan adeemsa shimalatti dhaammachuu keessatti mala dubbii ateessa gargaarrame jechuun nidanda’ama.

4. *Shimee koo shimee koo*

Shimee har’aaf kaleessaa

Qixxee obboleessaa

Eenyuun siin qixxeessaa?

(Madda:Caalaa Damee 21/03/09)

Afwalaloon “Shimee har’aaf kaleessaa” jedhu, shimalli olmaa kalee oole har’as ta’ee boru kan oolu ta’uu hubachiisa; namni amala walitti sinsinnaa’uu kan qabu yoo ta’u shimalli garuu amala sinsinnaa’uu irraa bilisa waan ta’eef wanti isaan gitu kan hinjirre taa’uu

agarsiisa. Akka afwalaloo kanaan mul'atutti qaamni afwalaloo kana dhiyeesse "...eenyuun siin qixxeessaa?" jechuun shimalatti haasa'a. Kanaafuu qaamni afwalaloo kana dhiyeesse mala dubbii jiru keessaa ateessa fayyadamuu dhaamsa isaa kan dabarfateedha.

Akka afwalaloon iddattoonni olitti kennan hubachiisutti shimalaafi fayyadamtoota shimalaa gidduu hariiroo gaariitu jira. Hariiroo gaariin gidduu isaanii jiraachuu irraa kan ka'e olmaa shimalli oluufii danda'u qaamni biroo akka ooluufii hindandeenyetti ibsuun shimala isaanii jajatu.

4.1.6.Kunuunsa Shimalaaf Taasifamuufi Iddoo Olkaa'ii Shimalaa

Shimalaafi fayyadamtoota shimalaa gidduu hariiroon obbolummaa kan jiru ta'uu qaccessa 4.1.5 jalatti tuqameera. Kanarraa kan ka'e dargaggoonni/ fayyadamtoonni shimalaa shimalaaf kunuunsa garagaraa taasisu. Kunuunsi shimalaaf taasifamu kunis:

A.Tolee irra maruu-Toleen gogaa eegee loonii irraa bahu ta'ee kan dargaggoonni shimala isaanii bareechuufis ta'ee iddoo aangii isaatti akka jalaa hincabne jabeessuuf jecha shimala isaaniitti godhataniidha. Gamabiroonis shimala shimala kan fakkeessu toleedha.

Kanaafuu shimalli tolee malee ilkaan hidhii malee hinbareedu akkuma jedhamu shimalaaf toleen akka ulaagaa jalqabaa fayyadamaan shimalaa guutuu qabuutti ilaallama. (Madda:Obbo Hayiluu Lammaafi dargaggoonni Zarihuun Nugusee waliin afgaaffii 12/04/09 taasifame).

B.Shiboo irra maruu-Shimalarra shiboo maruun akka qabxii fayyadamaan shimalaa shimalaaf guutuu qabuutti ilaallama. Dhiichisa keessatti shimalli shimala biroon walitti bu'uun nimul'ata.Walitti bu'iinsa shimalaa taasifamu keessatti balaa shimalarra gahu oolchuu kan danda'u fayyadamaa shimalaati. Kallattii shimala balaarraa oolchan keessaa shimalarra shiboo maruun isa tokko.

Gamabiroonis dargaggoota biratti shimalarra shiboo maruun gurraafis nigargaara. Kana jechuun dargaggeessi tokko shimala isaarra shiboo maree inni biroo osoo shiboo irra hinmarin itti fayyadama yoo ta'e adeemsa dhiichisa waliin hirmaachuu keessatti shimalli shiboon irra marame kan irra hinmaramneen yoo walitti bu'e aangii isaarratti salphaatti cabsuu danda'a; namichi shimalli isaa shimala namaa kute shimalli isaa akkasumas irreen

isaa jabaadha jechuun jajama. Jajuu kana argachuuf ykn shimalli isaa cimina hinqabu jedhee tuffatamuu jalaa bahuuf jecha dargaggeessi shimala isaarraa shiboo mare qabata. (Madda:Obbo Hayiluu Lammaafi dargaggoo Zarihuun Nugusee waliin afgaaffii 12/04/09 taasifame)

C.Dibata garagaraa dibuufi iddoo olkaa'ii isaa mijeessuu-Dargaggeessi dibataan ofii isaa qofa bareechee kan manaa bahu osoo hintaane shimala isaas nibareecha. Dibata shimala bareechuuf dargaggeessi fayyadamu keessaa tokko zayita. Dargaggeessi shimala guyyaa itti fayyadamaa oole lafa kaa'ee garaa ofii qofa guuttatee hinrafu. Kanaafuu shimala guyyaa itti fayyadamaa oole akka diimatee bareeduuf akkasumas akka jabina argatuuf zayita dibuun baaxii manaa iddoo aarri abiddaa gahuu danda'u kaa'a. Iddoo alkaa'ii shimalaa kanas dhiichisaan walhubachiisuu malu.

FKN:*Yaabbattuu fardarraa goonni fardaan ari'ee*
Shimala fannoo buusii lafti bari'ee
(Madda:Kinfuu Naggasaa 14/05/09)

Afwalaloon “Shimala fannoo buusii lafti bari'ee” jedhu,dargaggeessi shimala guyyaa itti fayyadamaa oole galgala iddoo argetti kan darbatu osoo hintaane iddoo itti fannisu/ iddoo olkaa'ii kan qabu ta'uu mirkaneessa. Dabalataanis,iddoon deemsaa gahaa jiraa dammaqi ergaa jedhus ofkeessaa qaba.

Zayita dibuu cinaattis haalluu adda addaa dibuun bareechuuf yaala. Gaheen haalluu adda addaa dibuu bareedina shimalaa dabaluu cinaattis shimalli walfakkaatu iddoo tokko yoo olkaa'ame kan ofii beekanii keessaa fudhachuufis akka mallattootti kan gargaarudha. Kees sattu bakka cidhaatti amaamoni warra gurbaatii gara warra intalaa dhaqu yoo mana warra intalaa gahan amma qophiin barbaachisu xummuramutti shimala qabatani hintaa'an waan ta'eef nama bakka buufachuun iddoo tokko kaawwatu; dhumarrattis yoo galuuf deeman mallattoo inni qabuun beekanii shimala ofii keessaa fudhatu waan ta'eef shimala haalluu adda addaa dibuun bareedina dabaluu cinaatti akka mallattoo adda baafuutti gargaara.

(Madda:Obbo Hayiluu Lammaafi dargaggoo Zarihuun Nugusee waliin afgaaffii 12/04/09 taasifame)



Suura 5- Shimala Toleefi shiboon irra maramē

Akka yaanni iddattoonni olitti kennan hubachiisutti, dargaggoonni akkuma mataa isaaniif kunuunsa adda addaa taasisan shimala isaaniifis kunuunsa garagaraa taasisuun balaa adda addaarraa oolchu. Kunuunsa dargaggoonni shimalaaf taasisan keessaa adda dureen tolee irra maruu, shiboo itti maruufi dibata adda addaan faayuudha.

4.2. Faaruu Shimalaa Bifa Dhiichisaan Dhiyaatu

Faarun shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatu gosoota faaruu keessaa isa tokko ta'ee sosochii/hurruubbii qaamaafi shimalaa dabalachuun dhimma shimalaan walqabatu giddu galeeffatee kan dhiyaatudha. (Maddi:Obbo Tashoomaa Gizawu afgaaffii 13/05/09 taasifameen)

4.2.1. Haala Dhiyaatinaafi Wal Harkaa Fuudhinsa Faaruu Shimalaa Dhiichisa Keessatti

Faarun shimalaa bifa dhiichisaan yoo dhiyaatu haala ykn tartiiba ittiin dhiyaatu qaba. Dargaggoonni fedhii dhiichisaa qaban shimalas ta'ee ulee bakka shimalaa bu'uu danda'u qabatanii lafa dhaabbii isaaniif mijataa ta'etti geengoo uumuun gidduu isaaniitti lafa duwwaa bal'ifatu. Iddoo haala dhiichisaaf toluun erga mijeessanii booda dargaggoon

ni fedhii dhiichisuu barbaadan shimalas ta'ee ulee biroo qabatanii argaman olqabuun inni fedhii dhiichisa baasuu qabu gidduu seenuun dhuunfaan ykn cimdiin baasuu yoo eegalu hirmaattonni hafan jalaa qabdoota ta'uun yeroo cabsaa argatan dabareen gidduu seenanii dhiichisa baasu. Qaamni dhiichisa baasu cimdii yoo ta'e yeroo baay'ee warri waliin baasuu barbaadan iddoo tokko dhaabbatu osoo hintaane fuullee waliin dhaabbatu. Sana booda inni tokko baasaa gara isa fuullee jiruutti yoo qajeelu inni fuullee isaa jirus itti dabalammu baastota faarichaa ta'u.

Adeemsa dhiyeessi faaruu shimalaa bifa dhiichisaan mul'atuu keessatti hirmaattonni dhiichisichaa gidduu geengoo isaaniitti lafa bal'ifatanii dhiisuu qabu. Kunis yeroo barbaachisetti gidduu dhiichisaa keessa akka barbaadanitti socha'uun dhiichisa hoo'isuu akkasumas rukuttaa shimalaaf haala mijeessuuf gargaara. (Maddi:Obbo Baqqalaa Fayyisaa 19/04/09,Obbo Damissee Muummichaa 21/03/09fi daawwannaa 06/05/09fi 29/08/09 ganda Areereefi Nya'aafi Sooleetti gaggeeffame)

Akka yaada iddattoota oliirraa hubatamutti faaruu shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatu dhuunfaan ykn cimdiin baasuun kan danda'amu yoo ta'u,adeemsa cimdiin baasuu keessatti qaamoleen waliin baasuu barbaadan iddoo adda addaa dhaabbachuun inni tokko baasuu yoo eegalu inni waliin baasuu barbaade itti deemuun walqabatanii baastota dhiichisaa ta'u.



Suura 6- Amala geengoon dhiyaachuu faaruu shimalaa dhiichisaan

Faaruu shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatu keessatti akkaataa dhiyaatina faarichaa beekuu qofti gahaa osoo hintaane haala ittiin walharkaa fuudhan beekuun murteessaadha. Dhiichisni shimala faarsus ta'ee dhimmoota biroof dhiyaatu haala ittiin walharkaa fuudhamu qaba. Haala ittiin walharkaa fuudhan keessaa inni ijoo cabsaa dhiichisa dhiyaachaa jiruu eeguufi dogoggora qaamni baasaa jiru uumu eeggachuudha. Cabsaan walfaanadeeffannaa dubbii nama tokkoo iddoo ittiin adda cituudha. Dhiichisa keessattis qaamni baasaa jiru waan baasaa jiru sana hanga fixee isa itti aanutti ce'uuf yaaluutti eeggachuun dirqama ta'a. Haalli kun hojiirra hinoolu yoo ta'e walldhabdeen qaama baasaa jiruufi qaama irraa fuudhee baasuuf yaale gidduutti uummamuu mala. Walldhabdeen dhimma kanarratti uummames maanguddoota bira yoo gahe kallattiin qaama cabsaa malee dhiichisa fuudhuuf yaale adabu. Sababni isaa qaamni dhiichisa cabsaa malee fuudhuuf yaale qaama dhiichisa baasaa jiru sana akka tuffateetti ilaallama waan ta'eefidha.

Kallattii dhiichisni ittiin walharkaa fuudhamu keessaa inni biroo dogoggora qaamni dhiichisa baasaa jiru uume eeggachuudha. Akka tasaa qaamni dhiichisa baasaa jiru iddoo jechuu qabutti waan jechuu qabu yoo irra utaale akkasumas iddoo jechuu hinqabnetti waan jechuu hinqabne yoo jedhe dhiichisni isaa dhama dhaba. Adeemsa kan keessatti qaamni namichi baasaa jiru akka dogoggora hubate, "Atis hinwallaalee waluma gargaarree" jechuun akka namichi baasaa jiru hindinnetti garaa laaffisaa dhiichisa baasuu gara ofiitti jijjiira. (Maddi: Obbo Baqqalaa Fayyisaa 19/04/09, Obbo Damissee Muummichaa 21/03/09fi daawwannaa 06/05/09fi 29/08/09 ganda Areereefi Nya'aafi Sooleetti gaggeeffame)

Yaada olitti iddattoonni kaa'an irraa faaruun shimalaa bifa dhiichisaan adeemsa ittiin walharkaa fuudhamee bahu kan qabuufi adeemsa ittiin walharkaa fuudhanii baasan keessaa cabsaa dhiichisa bahuu eeguufi dogoggora qaamni baasaa jiru uume fayyadamuu akka ta'e hubachuun nidanda'ama.

4.2.2. Yoomessa Dhiyaatina Faaruu Shimalaa Bifa Dhiichisaan

Faaruu shimalaa callisee kan dhiyaatu osoo hintaane yoomessa murtaa'aa keessatti dhiyaatu kan qabuudha. Dargaggoonni dhiichisa bakka adda addaatti haala keessa jiraniin walqabsiisanii dhiyeessuu malu. Akka waliigalaatti dhiichisni shimala faarsuuf gargaaru

iddoo hundatti walhaafakkaatu malee iddoowwan faaruun shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatu itti mul'atu gurguddoon sadi. Iddoowwan kunis:

1. Iddoo kabaja ayyaana waggaa-Uummata Oromoo biratti ayyaana waggaa kabajuun baay'ee beekkamaadha. Adeemsa kabaja ayyaana waggaa keessatti nyaatanii dhuguufi kolfanii taphachuu ayyaana dammaksuun gahee qooddatoota kabaja ayyaanicha a hundati. Kallattiiwwan ayyaa ittiin hoo'isan keessaa tokko sirba. Dargaggeessas ta'ee dargaggeettiin akkasumas jaarsas ta'ee jaartiin iddoo kabaja ayyaana waggaa argamanii sirbanii taphachuun wanta baramedha. Keessattuu dargaggoonni dhiichisaan ayyaana ayyaana jechisiisuun beekamu. Dargaggoonni iddoo kabaja ayyaana waggaa nyaatanii dhuguun shimala isaanii qabatanii dhiichisa ayyaana waggaa walqabatu dhiichisu.

FKN:*Ayizoo yaa ayyaana waggaa*

Waggaa

Waggaa har'atin nugahii

(Madda:Dajanee Shifarraa 12/04/09 ganda Areereetti)

Afwalaloon “Waggaa,waggaa har'aatin nugahii”jedhu dargaggoonni qophii ayyaana waggarratti argaman ayyaana gahan galateeffachaa ayyaana itti aanuuf nagaan nugahi jechaa waaqa isaanii kan kadhatan ta'uu agarsiisa. Adeemsa dhiichisa isaanii keessatti akka tasaa walitti bu'iinsi gidduu isaaniitti yoo uummame ta'e akkasumas uummamuuf yaallamaa kan jiru yoo ta'e,rukutnaan shimalaa seeran ala yoo gaggeeffame,cabsaa malee dhiichisa walharkaa fuudhuuf yoo yaallameefi dhiichisa haalan qabuu yoo didan dhiichisa dura ayyaanaan walqabsiisanii dhiichisaa turan irraa gara dhiichisa shimalaan walqabatuutti jijjiiruun shimala faarsaa walitti bu'iinsarraa akka ofdeebisan walgorsaa deemu.

2. Iddoo cidhaatti-Ciini adeemsa warroommiiti.Adeemsi warroommii immoo nyaatanii dhuganii kolfanii taphachuu jaalata. Dargaggoonnis qaamolee iddoo cidhaatti taphachuun misirroota jajjabeessuun beekkaman keessaa isaan tokko. Kallattii ittiin misirroota gammachiisuu akkasumas guyyaa sana guyyaa cidhaa ittiin fakkeessan keessaa adda dureen dhiichisa.

FKN:*Oohoo*

Oohoo fooliin 'das' nama jettii

(Madda: Xaasoo Hayiluufi Abiyoot Tasfaayee 21/08/09 ganda Nya'aafi Sooleetti)

Dargaggoonni bakka cidhaatti afwalaloo olii kana fayyadamuun misirrootaaf urgaa'aa,jiruun keessan yaa urgaa'u baay'ee namatti toltu dhaamsa jedhu dabarsuun misirootatti abdii gaarii horuun kallattii fuulduraa itti agarsiisu. Iddoo cidhaatti kaayyoon dhiichisaa inni ijoo misirrootas ta'ee maatii misirrootaa gammachiisuudha. Haata'u malee adeemsa misirrootas ta'ee maatii misirootaa gammachiisuuf dhiichisuu keessatti dargaggoonni sababa adda addaa irraa kan ka'e walitti bu'uu malu; walitti bu'iinsa isaanii kana calaqqisiisuufis ta'ee walreebuu akka barbaadan walhubachiisuuf jecha dhiichisa duraan cidhaan walqabsiisani taphachaa turan gara faaruu shimalaatti deebisuun shimala faarsuu malu. Kanaafuu faaruun shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatu haala dargaggoonni keessa jiran bu'uureffachuun iddoo cidhaattis dhiyaachuu mala.

3. Iddoo dabootti-Daboon tooftaa hawaasni hojii ulfaataa bifa gurmuun raawwachuuf itti fayyadamaniidha. Adeemsa raawwii daboo keessatti abbaan daboo waan daboon nyaatee dhugu dursee qopheessuun daboo ofiif dhiyeessa. Daboonis adeemsa nyaatee dhugu keessa hojiirratti walcimsuuf afoola adda addaa afaaniin qofa dhiyeessaa waljalaa qabuun waljajjabeessu;walis jajuufi tuffachuun nimul'ata. Garuu waljajuufi waltuffachuu n sadarkaa itti dhaabbatu qaba; sadarkaa sanarra yoo darbe walitti bu'iinsi uummamuu danda'a. Ergaa ijoo afoola guyyaa daboo dhiyaatuun darbu waljajjabeessuufi abbaa daboo eebbisuufi yoo inni waan daboo guuttamuu qabu hinguunne ta'e abaruudha. Gama biroonis afoolli hirmaattota daboo walmorkachiisu dhiyaachuu mala.

FKN:Yaa sona dhoowwaa

Mee soo

Mee soni daarii qabbana tanaa

(Madda:Baqqalaa Fayyisaa ganda Daalattiifi Rimeettii 19/04/09fi Dinquu Badhaanee 12/04/09 ganda Areereetti)

Afwalaloon olii kun irra caalaa daboo haamaa midhaanii irratti kan dhiyaatu yoo ta'u, dargaggootaafis dafii haamii fuuldura 'daaritti' bahi dhaamsa jedhu of keessaa qaba. Dargaggoonnis afwalaloo kana yoo dhaga'an onnachuun anatu dura baha miira jedhu keessa isaanitti uumuun saffisa hojii isaanii kan dura irra turanii olitti dabalaa deemu. Haata'u malee adeemsa walmorkii keessatti darbee darbee walitti bu'iinsi gidduu isaaniitti uummamuu mala. Walitti bu'iinsa kanas faaruu shimalaa fayyadamuu

futtaafatu. Kanaafuu faaruun shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatu iddoo daboottis carraa dhiyaachuu argachuu mala.

Akka yaanni iddattoonni olitti kennan agarsiisutti, faaruun shimalaa bifa dhiichisaan bakka cidhaa, daboofi kabaja ayyaana waggaatti yaa gaggeeffamu malee dargaggoonni ye roo hunda shimala hinfaarsan; xiyyeeffannoon faaruu isaanii mana dabootti yoo ta'e akkamitti walgargaaranii hojjechuu akka qaban walgorsuu, mana cidhaatti yoo ta'e misirroonni jireenya haaraa eegalan akka cimsatan gorsuufi iddoo kabaja ayyaana waggaatti baay'inaan guyyaa sana gahuu isaaniif waaqa galateeffachaa kan itti aanuuf waaqa kadhatu. Shimala kan faarsan garuu mana cidhaa, daboofi iddoo kabaja ayyaana waggaatti ta'ee yeroo dhiichisa baasuurratti walsaaman walakeekkachiisuuf, dhiichisa dammaqinaan waljalaa qabuu yoo didaniifi waldhabdeen gidduu hirmaattota sanaa yoo jiraate qofaadha. Hanga haalonni olitti tarreeffaman kun dhiichisa keessatti hinmuudanetti dargaggeessi shimala faarsa osoo hintaane dhiichisa faaruu biroo ofkeessaa qabuun kan waltaphachiisu ta'uu yaada iddattoonni olitti kennan irraa hubachuun nidanda'ama.

4.2.3. Hirmaattota Faaruu Shimalaa Bifa Dhiichisaan Dhiyaatuu

Akka odeef-kennitoonni obbo Damissee Muummichaafi Baqqalaa Fayyisaa duraa duuban 21/03/09fi 19/04/09 jedhanitti, hirmaattota faaruu shimalaa gama saalaan kan qoonnu yoo ta'e qooddattoonni warra dhiirati. Jechuunis dubartoonni faaruu shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaaturratti hinhirmaatan. Sababni isaa akka hawaasa aanaa Yaayyaa Gullalleetti dubartiin dhiichisa seente jechuun akka waan safuu cabsitee akkasumas safuu malee guddatteetti ilaallama. Kana giddu galeeffachuun dubartoonni dhiichisa irraa siqanii daawwachuun alatti itti seenanii dhiichisuu ykn dhiichisicha baasuu hinfilatan.

Hirmaattonni faaruu shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatuu dhiira ta'uun olitti ibsameera. Hirmaattonni kunis sadarkaan yoo kaa'aman adda dureen hirmaataa faaruu kanaa ta'uu kan danda'u dargaggeessa. Sababni isaa dargaggoonni umurii dargaggummaa isaanitti dhiichisaan shimala faarsuufi qolannaa shimalaan beekkamtii argachuu fedhu. Haata'u malee yeroo tokko tokko iddoo kabaja ayyaana waggaatis ta'ee qophiileen garagaraa naannoo isaanii yoo jiraate ijoolleen walqindeessanii yeroo dhiichisan nimul'ata. Dabalataanis ga'eessonni faaruu shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatu keessatti

nihirmaatu;garuu dhiibbaan garagaraa kanneen akka shimala deddeebi’anii rukutuufi dhiichisa cabsaa malee harkaa fuudhanii baasuu dargaggootarraa yoo isaan quunname, “Human hanga keessanii hinqabnu” jechuun salphumatti dhiichisa gadhiisanii yoo bahan nimul’ata. Gamabiroonis ga’eessonnis ta’ee maanguddoonni “Umuriin nudabarseera” jechuun saalfatanii faaruu shimalaarratti kan hinhirmaanne ta’uu dubbatu.

Akka yaanni iddattootaa mul’isutti hirmaattonni faaruu shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatuu warreen dhiiraa yoo ta’u, sadarkaan hirmaannaa warra dhiiraas sababa garagaraa irraa kan ka’e walcaalmaa kan qabuudha. Kanaan wal qabatees dargaggoonni bifa hoo’an faaruu shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatu keessatti kan hirmaatan yoo ta’u hirmaannaan ijoollee dhiiraafi ga’eessotaa darbee darbee kan jiru ta’uu ragaan funaanname nihubachiisa. Dargaggoonnis irra caalaa hirmaataan faaruu shimalaa isaan ta’uu dhiichisa garagaraa fayyadamuun yoo mirkaneessan nimul’ata. Dhiichisa ittiin hirmaataan isaan ta’uu mirkneessan keessaa tokko isa armaan gadiiti.

K/B- Farda fardaan eegii

Qeerroo shimalaan beekii

Lubbuun maal abbaashii

Maal abbaashii

Yoo du’an baddatti hinhafanii

K/J/Q-Oohoo meehee

K/B- Oohoo yaatuu dolool’oo

K/J/Q- Oohoo yaatuu dolool’oo

K/B- Yaa yartuu nyaadhu boqqoolloo

K/J/Q- Yaa yartuu nyaadhu boqqoolloo

K/B- Farda fardaan eegii

Qeerroo shimalaan beekii

K/J/Q-Lubbuun maal abbaashii

K/B-Ohoo

K/J/Q-Maal abbaa

Maal abbaashii

Yoo du’an baddaatti hinhafanii

K/B-Yoon mogiyyoo bu’es maalii?

K/J/Q- Yoon mogiyyoo bu’es maali ?

K/B -Achoo giddit nama buusaa

K/J/Q-Achoo giddit nama buusaa

K/B-Yoon siif jedhee du’es maalii?

K/J/Q-Yoon siif jedhee du’es maalii?

K/B-Du’as dirqiit nama -jjeesaa

K/J/Q- Du’a dirqiit nama -jjeesaa

(Madda: Dargaggoo Dajanuu Kabbuufi Bokii Addunyaa 19/06/09 ganda Goda Jabaatti)

Afwalaloo “Farda fardaan eegii qeerroo shimalaan beekii” jedhu waan wal fakkaatu haala walfakkaatuun waliin barbaaduun murteessaa ta’uufi qeerroo tokko shimala inni ofharkaa qabu ilaaluun qeerroon kun cimaadha inni kun immoo laafaadha jedhanii murteessuun kan danda’amu ta’uu ibsa. Gamabiroonis afwalaloon “Lubbuun maal abbaashii yoo du’an baddaarratti hinhafanii” jedhu qeerroon dhimma kamirrattuu kutataa ta’uufi lubbuu isaaf illee kan iddoo hinkennine ta’uu ibsa. Walumaagalatti dhaamsi irra keessa afwalaloo kanaa hanga jirtutti lolii qaama sitti dhufe of irraa faccisi kan jedhuudha. Qeerroonis yeroo baay’ee yoo lola kajeelan sodaa keessa isaanii jiru dagachuun waljajjabeessanii lolatti qajeeluuf afwalaloo olii kana fayyadamu.

Gama ija siyaasaanis dhiichisni “Yaa yartuu nyaadhu boqqoolloo” jedhu namni aadaa, see naafi duudhaan hawaasa isaa osoo cabuu wantan har’a nyaadhee bulu argadheera jedhee callisu kan jiru ta’uu kan agarsiisuufi dhiichisni “Yoon siif jedhee du’e maalii?” jedhu qaamni aadaa, safuufi duudhaan hawaasa kiyaa osoo cabuu ilaaluurra lubbuu koo wareeguun aadaa, safuufi duudhaa ganamaa dhala itti aanuuf dabarsuun filatamaadha jedhee yaadu kan jiru ta’uu hubachiisa.



Suura 7- Hirmaattota faaruu shimala

4.2.4. Gahee Hirmaattota Faaruu Shimalaa Bifa dhiichisaan Dhiyaatuu

Faaruu shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatu keessatti hirmaattonni bakka guddaa qabu. Adeemsa dhiyaatina faarichaa keessatti qooda garagaraa bahuu danda’u. Gahee hirmaattota faaruu shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatu keessaa ijoon:

A. Dhiichisa baasuu: Dhiichisa keessatti hirmaachuun muuxannoo gaafatu qaba. Muuxannoo hojii dhiichisaa keessatti barbaachisu keessaa tokko dhiichisa baasuudhu. Dargaggeessi iddoo sirbaatti argame callisee dhiichisa baasuutti hingalu. Dursa qaamni dhiichisaa jiru waa’ee maalii dhiichisa? akkamitti dhiichisa? ani hoo dhiichisa kan isaa faana deemuu danda’u qabaa? yoon qabaadhe akkamittan dhiichisa? yeroo akkamiin qaama baasaa jirurraa fuudha? Gaaffii jedhu itti yaaduun gaafficha deebisuu yoo danda’e qofa dhiichisa baasa. Kanaafuu itti yaaduun dhiichisa baasuun gahee hirmaattota faaruu shimalaa keessaa isa tokko. (Madda: Dinguu Badhaanee 12/04/09, Dammisee Muummichaa 21/03/09, Baqqalaa Fayyisaa 19/04/09 fi daawwannaa 11/05/09 ganda Daalattiifi 06/05/09 ganda Arreereetti gaggeeffame).

B. Dhiichisa bahaa jiru jalaa qabuu- Dhiichisa keessatti oo! een! murteessadha. Inni tokko waamaa yoo ta’e kan hafe owwaataa ta’a. Kanaafuu dhiichisa keessatti qaamni tokko yoo dhiichisa baasu qaamoleen hafa jalaa qabdoota ta’uu dhiichisa bahaa jirutti lubbuu horu. (Madda: Dinguu Badhaanee 12/04/09, Dammisee Muummichaa 21/03/09, Baqqalaa Fayyisaa 19/04/09 fi daawwannaa 11/05/09 ganda Daalattiifi 06/05/09 ganda Arreereetti gaggeeffame).

C. Gidduu hirmaattotaa garmaamuun shimala rukutuu- Dhiichisa keessatti miirri sagalee hirmaattotaa cimaa ta’uu qaba. Kunis kan raawwatu hirmaattota dhiichisichaatin iHirmaattonni dhiichisaa dabaree isaanii eeguun gidduu warra dhiichisaa seenuun miilan is ta’ee shimalaa socha’uun hirmaattonni biroo akka onnatan taasisa. (Madda: Dinguu Badhaanee 12/04/09, Dammisee Muummichaa 21/03/09, Baqqalaa Fayyisaa 19/04/09 fi daawwannaa 11/05/09 ganda Daalattiifi 06/05/09 ganda Arreereetti gaggeeffame).

D. Naamusa dhiichisaa kabajuufi kabachiisuu- Dhiichisa keessatti seera hirmaataan faarichaa kabajuu qabu keessaa tokko dhiichisa akka barbaadetti qaama baasaa jirurraa fuudhuu dhiisuu, haala dhaabbannaa isaafi akkaataa qabannaa shimalaa beekuufi shimala yeroon hinbarbaachifnetti rukutuu dhiisuudha. Rukuttaan shimalaa yoo nibarbaachisas

ta'ee daangaa rukutaa shimalaafi akkaataa rukutaa shimalaa hubachuudha. Qaama qab xiilee armaan olitti tarreeffame kana osoo hineegin dhiichisatti hirmaate too'achuun kan sirreessu hirmaattota faarichaati waan ta'eef naamusa dhiichisaa kabajuufi kabachiisuun gahee hirmaattota faaruu shimalaa akka ta'etti ilaallama.

Qoqqooddanna gahee hojii faaruu shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatuu keessatti qaamni hirmaattota faarichaan ati kana raawwadhu jedhee ajaju hinjiru. Hirmaattonni faarichaa dursuma wayita ijoollummaa isaanii faaruu shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatu keessatti maaltu akka raawwatuufi yoom akka raawwatu dargaggoonni yoo dhiyeessan hordofaa guddatu. Haata'u malee afaaniin ati kana raawwadhu qaamni jedhu faaruu shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatu keessatti yoo mul'achuu baatees gochaan ati kana raawwadhu kana immoo hinraawwatin jechuun yeroon walgorsa nimul'ata. Fakkeenyaaf: Dargaggeessi tokko gidduu hirmaattota faaruu shimalaatti argamuun osoo dhiichisa baasuu qaama jalaa qabu keessaa inni tokko dhiichisa dhiyaatu hordofuu dhiisee ijaan deddeebi'ee gara biroo ilaala yoo ta'e qaamni iddoo biraa jiraachuu yaada namichaa hubate isa iddoo biraa ilaalaa jiru kanarratti shimala rukutuun xiyyeeffannoo kee gara dhiichisaatti deebisi jedhu gochaan itti agarsiisu. Dargaggeessi yaada gara birootti erge sunis battalu ma shimalli isaa rukkutameen xiyyeeffannoo isaa gara dhiichisaatti deebisa.

Dabalataanis dargaggeessi tokko osoo dhiichisa baasaa jiruu iini biraa osoo cabsaa hineeggatin harkaa fuudhee baasuuf yoo yaalu inni dura baasaa ture afaaniin narraa hinfuudhin jedhaan osoo hintaane shimala isa harkaa fuudhuf jedhuu rukkutuun gochaan narra fuudhuu hindandeessu dhaamsa jedhu dabarsa. (Madda: Dinguu Badhaanee 12/04/09, Dammisee Muummichaa 21/03/09, Baqqalaa Fayyisaa 19/04/09 fi daawwannaa 11/05/09 ganda Daalattiifi 06/05/09 ganda Arreereetti gaggeeffame).

Akka yaada iddattoota oliirraa hubatamutti gaheen hirmaattota faaruu shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatuu dhiichisa baasuu, kan bahaa jiru hamileen jalaa qabuu, gidduu dhiichisa gaggeeffamaa jiruu seenuun shimala rukutuufi naamusa dhiichisaa kabajuufi kabachiisuudha. Gahee qaban kanas namatu ajajee akka hojjetan taasisa osoo hintaane hirmaattonni muuxannoo osoo gara dhiichisaatti hindhufi kuufatanitti fayyadamuun kan raawwataniidha. Haata'u malee yeroo tokko tokko gochaan waan tokko akka raawwatan ykn hinraawwanne yeroon itti walgorsan nimul'ata.

4.2.5. Sadarkaa Faaruun Shimalaa Bifa Dhiichisaan Dhiyaatu Amma Irra Jiru

Akka aanaa Yaayyaa Gullalleetti dargaggoonni wayita durii osoo qophiin garagaraa hinj iraatn yeroo hojii ofharkaa fixanis ta'ee guyyaa boqonnaa isaanii laga(caffee) iddoo tika looniitti shimala isaanii qabachuun dabaree dabareen tiksee biratti wal gahu. Lakkoofsi dargaggoota iddoo tokkotti walgahanii erga dabalee booda qolannaa ykn miliqqaa shimalaa walbarsifna jechuun qolannaa walbarsiisuu eegalu. Adeemsa kana keessa osoo itti hinyaadin gara dhiichisaatti galu.

Haata'u malee yeroo ammaa kana dargaggeessi wayita boqonnaa argatetti dhiichisaan shimala faarsuu mitii yeroo ayyaana waggaa,cidhaa,daboofi qophiileen garagaraa akka shimala faarsaniif dirqisiisan mijatanittuu dhichisaaf fedhiin qaban amma durii miti. Dhiichisaan shimala faarsuu qofa osoo hintaane shimala mataa isaa qabatani deemuun gadi bu'aa jira. Sababni isaas akka aanaa Yaayyaa Gullalleetti gama qaama seera kabachiiftotaan jechuunis kallattii 'poolisiin' yaaliin shimala balleessuurratti taasifamaa tureefi taasifamaa jiru laayyoo miti.

Kallattii 'poolisiin' shimala qabatani deemuun akka dhorkamu sababa kan ta'e dargaggeeyyiin aanaa qorannoon irratti gaggeeffamee kun shimala qabatani iddoo gabaas ta'ee iddoo gara garaa yoo deeman miidhaa shimala fayyadamuun walirraan geessisaniidha. Kana sababeeffachuun qaamonni seera kabachiisan dargaggeessa shimala qabatee iddoo gabaafi qophii ayyaana waggaatti argame shimala harkaa fuudhuun gubu. Qabata kanaan dargaggeessi shimala mana kaa'uun ulee bargmoorraa qophaa'e shimalaan bakka buusee itti fayyadamaa jira. Dargaggeeyyii muraasni immoo guutumatti shimalas ta'ee ulee mukeen biroorraa qophaa'an qabachuu dhiisanii alangaan bakka buufataniiru.

Gama seera kachiistotaan shimala qabatani iddoo gabaafi kabaja ayyaana waggaatti argamuun dhorkamaa yoo ta'es,yeroo ammaa fedhiin dargaggeenyini shimalas ta'ee ulee biroo harkatti qabatani deemuuf qaban baay'ee laafaa kan jiruudha. Kun immoo fedhiin dargaggeessi dhiichisaan shimala faarsuuf qabu kan gufachaa jiru ta'uu hubachiisa.Isa kanaaf immoo sababa guddaa ta'aa kan dhufe amantiidha. Abbootiin amanti mana amantaattis ta'ee iddoo adda addaatti carraa argatan fayyadamuun dargaggeessas ta'ee qaamolee biroo sirba sirbuurra faaru amantaa dhiyeessuu akka qaban gorsu. Dargag

geessas ta'ee qaamoleen biroo barnoota hubannoo afoola isaaniirratti waan hinqabneef salphaatti lallaba abbootii amantaan booji'amu. Kanarraa kan ka'e fedhiin isaan dhiichisaan shimala faarsuufis ta'ee afoola biroo dhiyeessuuf qaban harkaa laafaa kan dhufe ta'uun nihubatama. Gandoota akka aanaa Yaayyaa Gullalleetti dhimma kanaan hubamaa jiran keessaa gandi Guuyyamaafi Qo'aat adda dureedha. Gandi kun wayita durii dhiichisaan shimala faarsufis ta'ee, shimala rukutaa dhiichisuun dorgomaa kan hinqabne ture. Haata'u malee yeroo ammaa sababa amantaa Pirooteestaantiin cimina dura dhiichisaan shimala faarsuurratti qaban laaffisaa dhufaniiru. Hanga ganda Guuyyamaafi Qo'aat yoo ta'uu baatees gandoonni biroos dhiibbaa amantaa kanaan ilaalcha dura dhiichisaan shimala faarsuufi afoola biroo dhiyeessuurratti qaban geeddaraa dhufaniiru.

(Madda:Obbo Dinguu Badhaaneefi obbo Hayiluu Lammaa 12/04/09).

Akka yaanni iddattoonni olitti kennan ibsutti, dhiichisaan shimala faarsuun akkasumas shimalli sadarkaa duriirraa laafaa kan jiruudha. Kanaafis akka sababaatti kan ka'e qaamni seera kabachiisu yeroo adda addaatti dargaggeessarraa shimala guuranii gubuu, lallaba abbootii amantaafi ammayyummaa hordofuurraa kan ka'e fedhiin dargaggoonni akka dhuunfatti qaban laafaa ta'uudha.



Suura 8- Ulee shimalli ittiin bakka bu'aa jiru

4.2.6. Baay'ina Hirmaattota Faaruu Shimalaa Bifa Dhiichisaan Dhiyaatuu

Faaruu shimalaa bifa dhiichisaan dhiyeessuun hojii gareeti. Kanaafuu faaruun shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatu qaxxaamuruuf hirmaattonni jiraachuun dirqama. Haata'u malee hirmaattonni hangana jedhanii lakkoofsan murteessuun baay'ee ulfaataadha. Jechuunis qaamoleen iddoo faaruun shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatuutti

argaman hundi mirga hirmaataa faarichaa ta'uu qabu. Haata'u malee yeroo dhiichisni bahu qaamni baasu lakkoofsi isaa tokko ykn lama ta'uu danda'a. Kanarraa kan hafe baay'ina hirmaattota faaruu shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatuu hangana jedhanii dubbachuun rakkisaadha.(Maddi:obbo Baqqalaa Fayyisaa 19/04/09fi Damissee Muummichaa 21/03/09).

Akka yaanni obbo Baqqalaa Fayyisaafi Damissee Muummichaa kennan mirkaneessutti faaruu shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatu keessatti baay'inni hirmaattotaa lakkoofsan ammana jedhanii murteessuun hindanda'amu. Garuu adeemsa dhiichisa baasuu keessatti si'a tokkotti nama lama ykn tokkoon baasuun kan danda'amuudha.

4.2.7. Garaagarummaa Faaruu Shimalaa Bifa Dhiichisaan Dhiyaatuufi Bifa Af-walaloo Biroon Dhiyaatuu

Irra caalaa shimalli bifa dhiichisaan faarfama.Haata'u malee darbee darbee yeroon inni bifa af-walaloo biroo kanneen akka bifa ceesisa geerarsaafi shoboxeen farfamus nimul'ata.

1:Adeemsa ceesisa geerarsaaf taasifamu keessatti yoo faarfamu:

*Shimala koo shimala koo
Shimala mootii alangaa,shimala mootii alangaa
Hinfagaatin mee nabukkeedhaa
Si'iif irree kootu naaf wabiidhaa.
(Madda:Caalaa Damee 21/03/09)*

Akka afwalaloon olii ibsutti shimalli ulee cimaa yoo ta'es irree qeerroon ala milkii kan hinqabne ta'uu hubachiisa.Adeemsa geerarsaan shimala faarsuu keessatti xiyyeeffannoo guddaan faaruu shimalaaf kan kennamu osoo hintaane ceesisa geerarsaa miidhaksuuf kennama.

2:Bifa shoboxeen yoo faarfamu:

*Ayyaluun Ayyaluudhaa
Ayyaluun Ayyaluudhaa
Yoo diddee nyaara guurtee
Yoo diddee nyaara guurtee
Shimalaan nasharuudhaa
(Madda:Caalaa Damee 21/03/09)*

Afwalaloon “Yoo diddee nyaara guurtee shimalaan nasharuudhaa” jedhu abbaan warraa haati warraa isaa yoo kallattii sirrii qabachuu diddes ta'ee yoo ofirraan ilaalti ta'e kan

inni ittiin sirreessuu qabu shimala akka ta'e agarsiisa. Yeroo baay'ee hawaasni hinbaratin yoo haadha warraa isaanii reebuu barbaadan afwalaloo kana fayyadamu. Isheenis guyyaa isaan afwalaloo kana dhageessisuu jalqaban irraa waan balleessite itti yaaddee yoo badii ishee beekte dursitee sirreeffachuun reebicha jalaa baati; yoo badii ishee yaadattee sirreeffachuu baatte garuu nireebamti.

Adeemsa dhiyaatina faaruu shimalaa bifa dhiichisaan mul'atuufi bifa af-walaloo biroon dhiyaatu gidduu garaagarummaan nijira. Garaagarummaan kunis faaruu shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatu keessatti hirmaattonni faarichaa hundi shimala ykn ulee bakka shimalaa bu'uu danda'u harkatti qabachuun dirqama. Akkasumas shimalli bifa garagaraan kan rukutamuufi hirmaattonni faarichaas dhiira qofa. Faaruu shimalaa bifa afwalaloo biroon mul'atu keessatti hirmaattonni faarichaa dhiira akkasumas dubartoota ta'uu danda'u; shimalas harkaa qabachuun dirqamaa miti. Yoo shimala kan ofharkaa qaban ta'es akka wayita dhiyeessii dhiichisaa rukkuttaan shimalaa irra deddeebiin hinmul'atu. Kana malees haalli qabannaa shimalichaa isa kan dhiichisaarraa adda ta'a. Walumaagalatti faaruu shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatuufi kanneen bifa af-walaloo biroon dhiyaatu gidduu garaagarummaan kallattii garagaraan jiraachuu yaanni iddattoonni kaa'an nihubachiisa.

4.3. Faayidaa Faaruu Shimalaa Dhiichisa Keessatti

Hawaasa keessatti faaruun shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatu faayidaa garagaraa qabaachuu mala. Faayidaa faaruu kanaa keessaa ijoo isaan armaan gadiiti.

A. Dargaggoota dhiichisaaf si'eessuu: Dhiichisni si'aa'ina qaba. Keessattuu dhiichisa keessatti shimalli yoo farfame dargaggoonni nidammaqu; dammaqu qofas osoo hintaane xiyyeeffannoon isaanii guutumaan guututti dhiichisarra ta'a. Kanaafuu dhiichisa keessatti shimala faarsuun alkallattii dargaggootaan ofqopheessi jechuu waan ta'uuf dargaggoota si'eessuuf gargaara. (Madda: obbo Hayiluu Sanbataa 19/04/09, dargaggoo Bokii Addunyaafi Dajanuu Kabbuu 19/06/09).

B. Kallattii garagaraan dargaggoota gorsuu: Dhiichisni dhaamsa adda addaan guutamee mul'achuu danda'a. Dhaamsa inni qabu keessaa tokko dargaggoonni dogoggorri uuman kan jiraatu yoo ta'e akka irraa ofsirreessan hubachiisaa deemuudha. Kanaafuu faayidaa

faaruu shimalaa keessa tokko dargaggootaaf gorsa laachuun akka irraa ofsirreessaa deeman gochuudha. (Madda:obbo Hayiluu Sanbataa 19/04/09, dargaggoo Bokii Addunyaafi Dajanuu Kabbuu 19/06/09).

C.Kunuunsa shimalaarratti hawaasa dadammaksuu: Hawaasni dargaggeessi dhiichisaan shimala isaa yoo faarsu nidaawwatu. Daawwachuu qofas osoo hintaane faaricha keessatti bu'aa shimalli qabu hubachuun shimala isaanii kunuunsuurratti fedhii horatu; kanaafuu faaruun shimalaa hawaasni shimala akka kunuunsan taasisuu keessatti qooda guddaa qaba. (Madda:obbo Hayiluu Sanbataa 19/04/09, dargaggoo Bokii Addunyaafi Dajanuu Kabbuu 19/06/09).

D.Hariiroo shimalli fayyadamtoota waliin qabu ibsuu: Dhaamsa faaruu shimalaan darbu keessaa tokko shimalli fayyadamtoota isaa waliin hariiroo cimaa qabaachuu isaa hubachi isuudha.Hawaasnis adeemsa faaricha dhaggeeffachuu keessa hariiroo shimala waliin qabu cimsachaa deema.

E.Balaa dargaggoota gidduutti uummamu oolchuu: Adeemsa dhiichisaan taphachuu keessatti dargaggoota gidduutti sababa adda addaa irraa kan ka'e waldhabdeen uummamu u danda'a. Faaruun shimalaa wayita waldhabdeen uummame/uummamuuf jedhu dhiyaatu miidhaa dargaggoonni waldhaban walirratti qaqqabsiisuu danda'an oolcha. Kunis kan raawwatu hawaasni iddoo dhiichisaatti walgahee dhiichisa dhaggeeffatu ergaa faarichaan darbu hubachuun qaamolee walloluuf jedhan gidduu goruun gargar galchanii balaa uummamuuuf ka'e hambisuu danda'u. Kanaafuu faaruun shimalaa waldhabdee uummame/uummamuuf jedhu daawwatootatti akeekuun dargaggoota balaarraa oolchuu keessatti qooda guddaa qaba. (Madda:obbo Hayiluu Sanbataa 19/04/09, dargaggoo Bokii Addunyaafi Dajanuu Kabbuu 19/06/09).

Akka deebiin iddattoonni gaaffii gaafatamaniif kennan hubachiisutti faaruun shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatu dargaggoota dhiichisaaf si'eessuu,gorsuu, kunuunsa shimalaaf hawaasa dadammaksuu, hariiroo shimalaafi fayyadamtoota shimalaa gidduu jiru ibsuufi balaa dargaggoota gidduutti uummamuu danda'u salphisuu keessatti gahee guddaa kan qabuudha.

4.4. Seerota Hirmaataan Faaruu Shimalaa Bifa Dhiichisaan Dhiyaatuu Osoo Gara Dhiichisaa Hindhaqin Beekuu Qabu

Hirmaataa faaruu shimalaa bifa dhiichisaan ta'uun dura wanti beekkamuu qabu nijira. Qabxiilee hubatamuu qaban kanas adeemsa dhiichisa dhiyeessuu keessatti walitti himu osoo hintaane gara dhiichisaa osoo hindhufin dura qaamni hirmaataa dhiichisaa ta'uu barbaade hubatee kan dhaquudha. Seeronni hubatamuu qabanis kan armaan gadiiti.

- Cabsaan ala dhiichisa fuudhanii baasuun kan hindanda'amne ta'uu hubachuu
- Akkaataa qabannaa shimalaa yoo dhiichisa baasaniifi jalaa qaban
- Akkaataa rukkutaa shimalaa
- Yeroo rukkutaa shimalaa
- Akkataa sochii qaamaa wayita dhiichisa baasaniifi jalaa qaban
- Akkaataa dhaabbannaa
- Dandeettii dhiichisa bahaa tureefi baasuu barbaadanii wal simsiisuu qabachuu

Qabxiilee armaan olitti tarreeffame kana osoo hinhubatin gara dhiichisaa deemuun rakkoof nama saaxiluu waan danda'uuf qaamni dhiichisa keessatti hirmaachuu barbaadu dhimma kanaaf xiyyeeffannoo kennuun dirqama isaa ta'a. (Madda:Maanguddoota)

4.5. Gosoota Faaruu Shimalaa Bifa Dhiichisaan Dhiyaatuu

Faaruu shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatu gosa gosaan ramaduuf akka qabxii ka'umsaatti xiyyeeffannoo keessa kan galuu qabu ergaadha. Kanaafuu ergaa isaan dabarsan irratti hundaa'uun faaruu shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatu bakka adda addaatti qoduun nidanda'ama. Gosoonni qoqqooddii kanaas fakkeenya isaaniifi ergaa isaan dabarsan akkasumas dubbiiwwan qolaa isaan qabatanis bifa armaan gadiin qaacceffamaniiru.

4.5.1. Faaruu Cimina Shimalaa Agarsiisu

Gosoota faaruu shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatu keessa tokko kan cimina shimalaa addeessudha. Shimalli gosa ulee keessaa isa tokko ta'ee kan dargaggeessi qabachuun ittiin dhiichisu ta'uun isaa maalummaa shimalaa jalatti kan ibsame yoo ta'es shimalli jabina kan qabuufi salphaatti kan hincabne ta'uus dargaggoonni dhiichisaan ibsaa cimina shimalaaf ragaa bahu.

- 1.(A). *K/B-Kaawoo maal ittiin gootaa qaawwee*
Shimalumaanan sihawwee
K/J/Q-Kaawoo maal ittiin gootaa qaawwee
Shimalumaanan sihawwee
K/B- Shimalli koo hincabuu
K/J/Q- Kaawoo
K/B-Nihaanxa'a malee
K/J/Q- Kaawoo
K/B- Lafoon koo hinyaadda'uu
K/J/Q-Kaawoo
K/B-Niyaaddessa malee
K/J/Q- Kaawoo

(Madda:Dajanee Shifarraafi Zarihuun Nugusee 12/04/09 ganda Arreeree)

Afwalaloon “Maal itti gootaa hidhatte qawwee shimalumaanan si hawwee” jedhu, qaawween nama rukutuun hojii dandeettii baay'ee hingaafanne waan ta'eef lugnis ta'ee, dubartiin nama miidhuu dandeessi. Shimalaan garuu nama miidhuu kan danda'u goota;sababni isaa shimalaan loluun dandeettii gaafata waan ta'eefidha. Kanaafuu yoo dhiirummaa qabaatte qawwee hinbaatinii shimalaan naaf koottu dhaamsa jedhu dabarsa. Dabalataanis faaruun “Shimalli koo hincabuu nihaanxa'a malee” jedhu,shimalli cimaa ta'uu isaa irraa kan ka'e yeroo w alitti bu'es salphaatti kan hincabne ta'uu agarsiisa. “Lafoon koo hinyaadda'uu niyaaddessa malee” afwalaloon jedhus, dargaggeessi yeroo dargagguummaa isaatti amala gareen loluufi raawwii lolaa keessattis garee faallaa isaan moo'amuu kan hinbarbaanne ta'uu agarsiisa.

Gama ija siyaasaanis faaruun, “Lafoon koo hinyaadda'uu niyaaddessa malee” jedhu, lammiin koo sodaataa/lugnaa miti waan ta'eef amala sodaachisuun ala amala sodaachuu hinqabu jechuun dhaadannoo saba tokkoo dabarsuu cinaatti qaamni barbaade kallattii barbaadeen yoo dhufe ofirraa kolachuuf irree guutuu qabna dhaamsi jedhus afwalaloo olii keessaa hubatamuu nidanda'a.

- 1.(B). *K/B- Shimala naaf biti*
Atuu daarii jirtaa
Shimalli haanxa'ee
Boba'ee akka abiddaa
K/J/Q- Oohoo meehee
K/B-Oohoo yaa karra maarraa
K/J/Q- Oohoo yaa karra maarraa
K/B-Yaa dargoo wal irraa tamarraa
K/J/Q-Yaa dargoo wal irraa tamarraa
K/B-Shimala naaf biti

Atuu daarii jirtaa
K/J/Q-Shimalli haa
Shimalli haanxa'ee
Boba'ee akka abiddaa

(Madda:Zarihuun Nuguseefi Dajanee shifarraa 12/04/09 ganda Arreeree)

Afwalaloon “Shimala naaf biti atuu daarii jirtaa”jedhu shimalli iddoo hundatti biqiluu kan hindandeenye ta’uu hubachiisa; yaada kanas obbo Dinguu Badhaanee shimalli akka Godina Shawaa Kaabaatti Aanaa Gabra Gurraachaa Ganda Biriitiitti kan biqilu ta’uu dubbatu. Itti dabalees faaruun “Shimalli haanxa’ee boba’ee akka abiddaa”jedhu,shimalli cimina qaburraa kan ka’e walitti bu’ee ykn walrukutee yoo haanxa’u baay’ee kan nama sodaachisu ta’uu hubachiisufi qeerroon dhiichisa isaa keessatti shimalli yoo haanxa’u kan baay’ee nama sodaachisuu ta’uu agarsiisuuf jecha “akka” jedhu fayyadamuun haanxa’uu shimallaa labooba abiddaan walbira qabee ibse. Kanaafuu afwalaloo “Shimalli haanxa’ee boba’ee akka abiddaa” jedhu keessatti gosa sadoommii akkasaatu mul’ata.

Gama hawaasummaan is afwalaloon “Yaa dargoo walirraa tamarraa”jedhu,qeerroon adee msa jiruufi jireenya isaanii gaggeessuu keessatti hojiilee adda addaa haadhaafi abbaarraa qofa kan baratu osoo hintaane adeemsa waliin hawaasomuu keessatti dabaree dabareen waldhaalchisaa kan deemu ta’uu agarsiisa.



Suura 9 – Shimala haanxa’aa

1.(C). *K/B- Baallamii yaa giraariitoo*

K/J/Q- Oohoo

K/B- Giraariitoo

K/J/Q- Oohoo

K/B- Shimee yaa

Shimee yaa mismaarii too

K/J/Q-Baallamii yaa giraarii too

K/B-Oohoo

K/J/Q-Giraariitoo

K/B-Oohoo

K/J/Q-Shimee yaa

Shimee yaa mismaarii too

Rukktu malee hingalin har'aa

(Madda:Dajanee Shifarraafi Zarihuun Nugusee 12/04/09 ganda Arreeree)

Akka afwalaloon olii agarsiisutti ‘mismaarri’gosa sibiilaa keessaa tokko ta’ee mukeen gurguddoo wanti biroo gidduu lixuu hindandeenye gidduu lixuun walitti qabsiisa;shimallis jabina cimaa waan qabuuf waan itti dhufe jalaa gadi hinjedhu. Dargaggeessis kanuma bu’uura godhachuun shimala isaan, “Shimee yaa mismaarii too rukuttu malee hingalin har’a” jechuun itti haasa’a. Afwalaloo armaan olii keessatti qeerroon sadoommii jiran keessaa ateessa fayyadamuun shimala isaatti dhaamsa qabu dhaammate. Kanas kan agarsiisu afwalaloo “Shimee yaa mismaarii too rukuttu malee hingalin har’a” jedhuudha.

1.(D).*K/B- Eemmolee yaa eemmolee*

Shimala naamurii yaa eemmolee

K/J/Q-Eemmolee yaa eemmolee

K/B- Eemmolee yaa eemmolee

Ceekaan caba hinobsuu yaa eemmolee

K/J/Q-Eemmolee yaa eemmolee

K/B- Eemmolee yaa eemmolee

Gootatti naaf dhaamii yaa eemmolee

K/J/Q-Eemmolee yaa eemmolee

K/B- Eemmolee yaa eemmolee

Gadheen dheeffa hinobsuu yaa eemmolee

K/J/Q-Eemmolee yaa eemmolee

K/B-Eemmolee kotteen lafa qaaccessaa

K/J/Q-Maaf sobdaa

Maaf sobdaa lubbuun nama yaaddessaa

(Madda:Zarihuun Nuguseefi Dajanee Shifarraa 12/04/09 ganda Arreeree)

Eemmoleen jabbiloota aannan quuftee burraqxudha. Dargaggeessi umurii dargaggummaa isaatti akka jabbootatti taphatee burraquu barbaada. Afwaloon olii kunis qeerroon quufaa ta’uu jabbootan bakka buusee ibsa. Afwalaloon “Shimala naaf murii ceekaan caba

hinobsuu” jedhu, yeroo lolaa uleen mukeen biroo kanneen akka ceekaarraa tolfaman salphatti cabuun balaa nama qaqqabsiisuu kan danda’an yoo ta’u shimalli salphatti cabuun balaa garagaraa kan nama hinqaqqabsiisne ta’uu hubachiisa. Ceekaan gosa mukeen uumamaan naannoo gammoojjiitti biqilan keessaa isa tokko ta’ee haallun isaa daalachaafi yoo shimalaan walitti bu’ee salphaatti dhommoqee kan cabuudha. Dabalataanis dhiichisni “Gootatti naaf dhaamii gadheen dheeffa hinobsuu” jedhu yeroo lolaa dabeessi/ gadheen namarratti gatee kan dheeffu yoo ta’u goonni hanga dhumaatti amala rakkoo jiru nama waliin qoodachuu kan qabuudha.

Walumaagalatti afwalaloo kana keessatti goonni shimalaan akkasumas gadheen ceekaan fakkeeffamee mul’ata. Goonni shimalaan akka fakkeeffamu sababa kan ta’ee qeerroon cimaa waan ta’eef lola namarratti gatee hindheeffu; shimallis qeerroo waliin lola seenee salphaatti harkatti cabee hinrukichiisu. Dabeessi garuu dursa goota waliin deemee yoo goonni lola eegalu diina jalatti nama gatee dheeffa; ceekanis qeerroon qabatee gara lolaatti yoo galu ulee cimaa fakkaatee osoo qeerroon sun diina isaa ofirraa hindhorkin harkatti cabuun diinni akka rukutan haala mijeessa.

Afwalaloo olii keessatti ergaan darbu sirritti ifa akka ta’uuf qeerroo jabbootan bakka buufamee akkasumas shimalli gootaafi lugni ceekaan fakkeeffamee mul’ata. Kanaafuu dhiichisni kun gosa sadoommii iddoosaafi fakkee dabalachuun kan dhiyaatedha.

4.5.2. Faaruu Shimalaan Taphachuufi Ittiin Loluu Namni Hundi Kan Hindandeenye Ta’uu Agarsiisu

Faaruuwwan shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatu keessatti ergaan dhiichisichaan darbu shimalaan namni hundi taphachuu kan hindandeenye ta’uu agarsiisa. Gamabiroonis dargaggoonni yeroo adda addaatti sababa adda addaa irraa kan ka’ee yeroon walitti bu’an kan mul’atu yoo ta’es dargaggeessi hundi bifa walfakkaatuun shimala qolachuu rukkutaa shimalaarraa ofoolchuu kan hindandeenye ta’uu mul’isa. Dhiichisni armaan gadiis yaada kana dhugoomsuu danda’a.

2.(A). *K/B-Oohoo meehee shimala gootat qabataa
Gadhichi maalin taphataa?*

*K/J/Q- Oohoo meehee shimala gootat qabataa
Gadhichi maalin taphataa?*

K/B- Oohoo mehee asiin gadi buutee

K/J/Q-Oohoo meehee

K/B- Gadi hinfagaatinii
K/J/Q- Oohoo meehee
K/B-Addaan bahuu keenyaa
K/J/Q- Oohoo meehee
K/B- Natti hinjabaatinii
K/J/Q- Oohoo meehee

(Madda:obbo Damissee Muummichaafi Caalaa Damee 21/03/09 ganda Alidheeraa)

Afwalaloon “Shimala gootat qabataa gadhichi maaliin taphataa” jedhu shimala qabachuuf nama onneen guuttame ta’uu, qolannaa shimalaan roorroo ofirraa ittisuu danda’uufi shimalaan dhiichisuu danda’uun dirqama. Ulaagaa kana guutuu kan danda’u immoo qeerroo cimaadha. Sababni isaa dabeessi shimala qabatee roorroo ittiin ofirraa ittisuu hindanda’u waan ta’eefidha. Kanuma ibsuun qeerroon yoo goonni shimala qabatu gadheen shimalaaf hinmadaalu waan ta’eef maal qabatee taphata jechuun dabeessa qeequ. Dabalataanis afwalaloon “Addaan bahuu keenyaa natti hinjabatinii” jedhu qeerroowwan amma umurii qeerrummaarra jiranitti walnuffiifi jibbiinsa tokko malee waliin taphannee gadaa keenya dabarsina dhaamsa jedhu kan waliif dhaamuu isaanii kan hubachiisudha.

2.(B). *K/B-Lola shimee kana*
Shankoora hagadaa seetee
Kan seenee hundi cabsatuu
K/J/Q-Lola shimee kana
Shankoora hagadaa seetee
Kan seenee hundi cabsatuu
K/B-Lola ulee kana
Baddaa kana roobee
K/J/Q- Lola ulee kana
K/B-Baddaa gimbillloodhaa
K/J/Q- Lola ulee kana
K/B- Afaanii walfuunaa
K/J/Q- Lola ulee kana
K/B- Akka simbirroodhaa
K/J/Q- Lola ulee kana

(Madda:Xaasoo Hayiluufi Abiyoot Tasfaayee 21/08/09 Nya’aafi Soolee)

Afwalaloon “Lola shimee kana shankoora hagadaa seetee kan seenee hundi cabsatuu” jedhu, hojiiileen namoonni hundi itti hirmaachuu danda’aniifi namoonni hundi itti hirmaachuu hindandeenye kan jiruu ta’uu addeessuu cinaati shimalaan loluurratti namni hundi hirmaachuu kan hindandeenye ta’uu agarsiisa. Shimalaan loluun dandeettii giddugaleeffata waan ta’eef namni dandeettii dhimmi kun barbadu hinguunne lola

keessatti yoo hirmaata ta'e reebicha quufuun ala bu'aa tokkollee hinbuusu. Shimalaan loluu kan danda'u qaama irra deddeebiin dandeettii shimala qolachuu goonfateedha. Keessattuu dandeettii shimala nama biraa rukutuufi shimala ofiis ta'ee qaama ofii rukuttaa shimala nama biraarraa oolchan goonfachuun baay'ee murteessaadha. Shimalaan loluu keessatti qaamoleen dandeettii goonfatanis umuriin isaanii dargaggummaarra yoo darbe dandeettiin shimalaan loluu isaanii gadi bu'aa deema.

Dabalatanis,qaamoleen irra deddeebiin dandeettii shimalaan loluu gonfatanis sadarkaa walfakkaataa irratti argamuu dhiisuu malu; osoo sadarkaa walfakkaatarra jiru ta'ee yeroo lolaa inni tokko rukutee inni biroo rukutamee hingalu. Walumaagalatti lola uleerratti namni hundi hirmaachuu kan hindandeenye ta'uu afwalaloon olii nidhugoomsa. Afwalaloon "Afaanii walfuunaa akka simbirroodhaa" jedhu ija hawaasummaan jaalalli cimaan ha waasa gidduu kan jiru yoo ta'e hawaasni yeroo bal'inaas ta'ee yeroo dhiphinaa akkasuma yeroo gaddaas ta'ee gammachuu walbira dhaabbata;waliifis abboomama. Yoo beela'ee waan qaburraa qoodee walnyaachisa;yoo dheebotes akkasuma. Jaalalli akkasumas Oo! Ee!n hinjiru taanan walnyaachisee walobaasuu mitii argaa ijaa kan wal hinjaalanne ta'uu dhaamsa afwalaloon oliin darburraa hubachuun nidanda'ama.

Kallattii siyaasaanis afwalaloon "Afaanii walfuunaa akka simbirroodhaa" jedhu nageenyi biyya tokkoo eeggamuu kan danda'u hawaasa biyyattii sana keessa jiraatu gidduu jaalalli cimaa yoo jiraatedha. Sababni isaa naga'a biyya takkaa eeguu akkasuma booressuu kan danda'u hawaasa biyyattii sana keessa jiruudha. Kanarraa ka'uu hawaasni biyya isaaf wiirtuu dugdaati. Wiirtuun dugdaa kun jabina dhabe taanan biyyattiin dhaabbachuu hindandeessu;jabinni wiirtuu dugdaa kun immoo jaalala hawaasa biyyattii keessa jiraatu gidduu jiruudha.

2.(C). *K/B-Oohoo shimala maaf hawwitaa?*

Yeroo lolaa nidafqitaa

K/J/Q-Oohoo shimala maaf hawwitaa?

Yeroo lolaa nidafqitaa

K/B- Ulee koofulee kee

K/J/Q-Oohoo

K/B- Yaa lafoo maaloo

K/J/Q- Oohoo

K/B- Kan waliin qabannuu

K/J/Q- Oohoo

K/B-Yaa lafoo maaloo

K/J/Q- Oohoo
K/B-Wilii koof wilii kee
K/J/Q-Oohoo
K/B-Yaa lafoo maaloo
K/J/Q-Oohoo
K/B- Kan yeroo taphannuu
K/J/Q-Oohoo
K/B-Yaa lafoo maaloo
K/J/Q- Oohoo
K/B-Shimala maaf hawwitaa?
K/J/Q-Yeroo lolaa nidafqitaa

(Madda:Bokii Addunyaafi Dajanuu Kabbuu 19/06/09 ganda Goda Jabaa)

Ergaan afwalaloo “Shimala maaf hawwitaa yeroo lolaa nidafqitaa” jedhuu shimala yoo ittiin loluufi taphachuu hinbeekne hawwuun faayidaa tokkollee kan hinqabne ta’uufi namni shimala akka hinhawwine dhorkamu dabeessa ta’uu hubachiisa. Gamabiroonis waan yoo bira gahan itti fayyadamuu hindandeenye alaala hawwuun gowwummaa ta’uun dhaamsa afwalaloo olii keessaa hubatamuu danda’uudha. Gama haawasummaan yeroo hojiis ta’ee yeroo kamiyyuu gamtaan yoo hejjetan bu’aa garii argamsiisuu kan danda’an ta’uu afwalaloon kun nihubachiisa.

Namni tokko lolaaf ka’ee nidafqa yoo ta’e namichi sodaachaa kan jiru ta’uun isaa nihubatama. Kanaafuu lolli yoo eegal dafquun akka mallattoo sodaatti fudhatama. Darga ggoonnis nama duraan lola seenee sodaachaa turee ammas irra deebi’ee hawwii shimalaa qabu yoo argan duraan sodaattee hindhiifnee ergaa jedhu dabarfachuuf “Shimala maaf hawwitaa yeroo lolaa nidafqitaa” jechuun qaama duraan sodaattee lolarraa dheeffe qeequ. Walumaagalatti waan raawwachuu hindandeenye hinhawwiniin dhaamsa ijoo afwalaloo kanaati.

4.5.3. Faaruu Iddoo Olkaa’ii Shimalaa Agarsiisu

Shimalli akka uleewwan kanneen biroo iddoo argame kan taa’u osoo hintaane iddoo filatamaa kan olkaa’amuudha. Iddoo olkaa’ii shimalaa kanas dargaggoonni dhiichisaan yoo addeessantu mul’ata. Dhiichisni armaan gadiis yaada kanaaf raga baha.

K/B-Lasoo lasoo
Magaala dallasoo
Yaabbattuu fardarraa
Goonni fardaan ari’ee

Shimaa
Shimala fannoo buusii lafti bari'ee
K/J/Q-Oohoo meehee
K/B-Oohoo tiifuu yaa tiifuu
K/J/Q-Oohoo tiifuu yaa tiifuu
K/B-Yaa gadhee yaa hafu siifuu
K/J/Q-Yaa gadhee yaa hafu siifuu

(Madda:Tashoomaa Gizawufi Aabbushee Fiqaaduu 13/05/09 ganda Guuyyamaafi Qo'aat)

Akka agarsiisa afwalaloo “Yaabbattuu fardarraa goonni fardaan ari'ee” jedhuutti raawwii goota barbaachisu gootumatu raawwata malee lugni kan itti seenuu miti. Dabeessi/lugni itti darba yoo ta'e sababa dabeessichi raawwii sana raawwachuu hindandeenyeef wanti raaw watamuu qabu osoo hinraawwatamin hafa. Afwalaloon “Yaa gadhee yaa hafu siifuu” je dhus yaaduma kana kan mirkaneessuudha.

Dabalataanis afwalaloon “Shimala fannoo buusii lafti bari'ee” jedhu dargaggeessi shimala guyyaa itti fayyadamaa oole eessa akka bulchu hubachiisa. Gama ija siyaasaanis haacuucaan kalee aadaa, seenaafi duudhaan akka hincalaqqisiifamne gufuu ta'aa ture har'a bakka dhabeera waan ta'eef aadaa, seenaafi duudhaan kalee ukkaammamaa ture ifatti yaa baahu ergaa jedhu afwalaloo kana keessaa hubachuun nidanda'ama.

4.5.4. Faaruu Madaan Shimalaa Ulfaataa Ta'uu Agarsiisu

Adeemsa shimalaan dhiichisuu keessatti dargaggoonni darbee darbee walitti bu'uu danda'u. Walitti bu'iinsa kana keessattis yeroon shimalaan mataa walburuksantu mul'ata. Buruqqaan shimalaa ykn madaan shimalaa salphaatti kan hinfayyine ta'uu isaa immoo dargaggoonni dhiichisaan walhubachiisu. Fakkeenyaaf:

4.(A). *K/B-Oohoo meehee*
Yaa Alamaayyoo Warquu
Mataan shimalaan haadan hinmarguu
K/J/Q-Oohoo meehee
Yaa Alamaayyoo Warquu
Mataan shimalaan haadan hinmarguu
K/B- Oohoo meehee yaa birraa yaa birraa
K/J/Q-Oohoo meehee
K/B-Birraa furrii hinmarguu
K/J/Q- Oohoo meehee
K/B-Shaggani yaa gadhee

K/J/Q- Oohoo meehee
K/B- Kee shagganni hindarbuu
K/J/Q-Oohoo meehee

(Madda:Baqqalaa Fayyisaafi Hayiluu Sanbataa 19/04/09 ganda Daalattiifi Rimeettiitti)

Afwalaloon “...mataa shimalaan haadan hinmarguu” jedhu shimalaan mataa wal rukutuun ulfaataa ykn madaan shimalaa hamaadha;iddoo shimalli buruksetti rifeensi deebi’ee hinbiqilu dhaamsa jedhu kan addeessaa yoo ta’u, “Shaggani yaa gadhee kee shagganni hindarbuu” kan jedhu immoo amala dabeessaa/gadhee keessaa tokko sobee ofjajuu akka ta’e hubachiisa. Gadheen ofjajuu ta’uu ishee qofa agarsiisuu osoo hintaane of hinjajin shimalli siargannaan hinfayyituu akkeekkachiisa jedhus nikaa’a.

4.(B). *K/B-Ayizoo shimala yaa burkutuu*
Of eegii yoo sirukutuu
K/J/Q-Ayizoo shimala yaa burkutuu
Of eegii yoo sirukutuu
K/B- Girootoo girootoo
K/J/Q-Ayizoo
K/B-Shimala yaa burkutuu
K/J/Q- Of eegii yoo si rukutuu
K/B-Giroon dur hangafaa
K/J/Q Ayizoo
K/B-Shimala yaa burkutuu
K/J/Q-Of eegii yoo si rukutuu
K/B-Yaa rukutaa shimee
K/J/Q-Ayizoo
K/B- Shimala yaa burkutuu
K/J/Q-Of eegii yoo si rukutuu
K/B-Nama hangafagafaa
K/J/Q- Ayizoo

(Madda:Bokii Addunyaafi Dajanuu Kabuu 19/06/09 ganda Goda Jabaa)

Akka afwalaloo “Shimala yaa burkutuu si hindhiisuu yoo sirukutuu” jedhuutti shimalli burkutaa’e ykn gara dullumaatti siqe yoo nama rukute haanxa’aan isaa qaama namaa yoo lixe haamaa ta’uun ergaa irra keessaa mul’atu yoo ta’u, rukuttaan nama bilchaatee/gaamaree hamaadhaa of eegiin dhaamsa dhoksaan afwalaloo kana keessatti mul’atuudha.

4.5.5.Faaruu Rukuttaan Shimalaa Daangaa Qabaachuu Agarsiisu

Gahee hirmaattota faaruu shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatuu keessaa tokko shimala rukkutuudha. Haata’u malee rukkuttaan taasifamu kunis daangaa mataa isaa danda’e kan qabuudha. Yaada kanas hirmaattonni faarichaa dhiichisa armaan gadiin dhugoomsu.

K/B-Oohoo meehee
Rukuttaan shimee likkiittii
Yeroon gali
Yeroon gali
Yaa kirbiittii
K/J/Q-Oohoo meehee
Rukuttaan shimee likkiittii
Yeroon gali
Yeroon gali
Yaa kirbiittii
K/B- Oohoo meehee aannan burree elmuun
K/J/Q- Oohoo meehee
K/B-Xuxxuruursaniitii
K/J/Q- Oohoo meehee
K/B- Ofii hingahin malee
K/J/Q-Oohoo meehee
K/B-Yoo sheen nama geessee
K/J/Q- Oohoo meehee
K/B- Fuffunuunsaniitii
K/J/Q-Oohoo meehee
 (Madda:Dinquu Badhaaneefi Hayiluu Lammaa 12/04/09 ganda Arreeree)

Akka afwalaloon olii hubachiisuutti dhiichisa keessatti shimalli amma rukutamu qaba waan ta'eef amma rukutamu qabu rukuttee erga taphattee booda namni rukuttaa daangaa olii yoo eegale rakkoo siqaqqabsiisuu mala waan ta'eef yeroon keessaa bahi dhaamsa jedhu qaba. Daangaa rukuttaa shimallaa olitti qaamni shimalla rukute akka qaama lola barbaadetti ilaallama waan ta'eef gara walitti bu'iinsa uumuutti deema. Gamabiroonis namni tokko osoo ati lola isaa hinbarbaadin irra deddeebi'ee lola kee barbaada yoo ta'e, namicha xiqqoo reebdee dhiisurra sirritti reebuun ofirraa dhaabuun filatamaa akka ta'e afwalaloo oliirraa hubachuun nidanda'ama.

Faaruu olii keessatti qaamni faaricha baasu cimina dargaggootaa sirritti hubachiisuuf dargaggoota 'kirbiittiin' bakka buusee kan ibseedha. Kanaafuu faaruu kana keessatti mala dubbii iddeessatu mul'ata.

4.5.6. Faaruu Shimalli Jaalalaaf Rukkutamuu Agarsiisu

Dhiyaatina dhiichisaa keessatti shimalli kan rukkutamu yoo ta'u, rukuttaan shimallaa kunis jaalalli gidduu hirmaattota faarichaa jiraachuu agarsiisuu danda'a. Dhiichisni armaan gadiis dhugummaa yaada kanaa mirkaneessuu mala.

K/B-Oohoo meehee rukkuttaan shimee jaalalaa
Sodaannan miliqii gali jalaa
K/J/Q-Oohoo meehee rukuttaan shimee
Sodaannan miliqii gali jalaa
K/B-Oohoo meehee shimala naaf murii
K/J/Q-Oohoo meehee
K/B-Muraa kirkimmeessii
K/J/Q-Oohoo meehee
K/B-Walbira naaf bulii
K/J/Q-Oohoo meehee
K/B-Mortuu bittinneessii
K/J/Q-Oohoo meehee

(Madda:Baqqalaa Fayyisaafi Hayiluu Sanbataa 19/04/09ganda Daalattiifi Rimeettii)

Afwalaloon “Rukkuttaan shimee jaalalaa sodattu miliqii gali jalaa” jedhu, dhiichisa keessatti shimalli yeroon jaalala agarsiisuuf/ tapha cimsuuf rukutamu kan jiruufi adeemsa shimalli ja alala agarsiisuuf rukutamu keessatti qaamni rukuttaa sana sodaatee dhiichisa gaggeeffamu dhiisee bahuu kan jiru ta’uu ibsa. Gama ija siyaasaanis tokkummaa cimsuun diina ofirraa faccisaa waliin jiraadhaa dhaamsi jedhu afwalaloo “Walbira naaf bulii mortuu bittinneessii” jedhurraa kan hubatamuudha.

4.5.7. Faaruu Shimalli Meeshaa Dargaggeessi Ittiin Diina Reebu Ta’uu Agarsiisu

Ergaawwan akka waliigalatti shimala dhiichisaan faarsuu keessatti mul’atan keessaa inni biroo shimalli meeshaa dargaggeessi ittiin diina reebuun haaloo bahu ta’uu agarsiisuudha. Dhiichisni armaan gadiis yaada kana dhugoomsuuf kan dhiyaatedha.

7.(A). *K/B-Hoo baala ataraa*
Shimalaa
Shimalaan si tarattaraa
K/J/Q-Hoo baala ataraa
Shimalaa
Shimalaan si tarattaraa
K/B-Yaa sobe haati koof haati kee
K/J/Q-Oohoo
K/B-Baala ataraa
K/J/Q-Shimalaa
Shimalaan si tarattaraa
K/B-Yaa sobe lachuu dubartumaa
K/J/Q- Oohoo
K/B- Baala ataraa
K/J/Q-Shimalaa
Shimalaan si tarattaraa
K/B-Yaa sobe dargaggoonni shawaa

K/J/Q- Oohoo
K/B-Baala ataraa
K/J/Q-Shimalaa
Shimalaan si tarattaraa
K/B-Yaa sobe hunduu kutattuumaa
K/J/Q-Oohoo
K/B-Baala ataraa
K/J/Q-Shimalaa
Shimalaan si tarattaraa

(Madda:Tashoomaa Gizawufi Aabbushee Fiqaaduu 13/05/09 ganda Guuyyamaafi qo'aat)
Dhiichisni olii qeerroon lolarratti eenyumtuu eenyu hinsodaatu jechuun shimalaan diina isaa kan reebu ta'uu agarsiisuu cinaatti ani human waanan qabuuf humnaan ajajeen bulcha yaanni jedhu qeerroo biratti fudhatama kan hinqabne ta'uu hubachiisa. Gama ija siyaasaanis eenyumtuu eenyuu gadi akkasumas eenyuu olii miti waan ta'eef olaantummuu agarsiisuun barbaachisaa akka hintaane afwalaloo oliirraa hubachuun nidanda'ama.

7.(B). *K/B-Hoo baala koshommii*
Shimalaa
Shimalaan kuffise kormii
K/B-Hoo baala koshommii
Shimalaa
Shimalaan kuffise kormii
K/B-Yaa sobe furoo furoo qonnaa
K/J/Q-Oohoo
K/B-Baala koshommii
K/J/Q-Shimalaa
Shimalaan kuffise kormii
K/B-Yaa sobe kan kooticha hinqabnee
K/J/Q- Oohoo
K/B-Baala koshommii
K/J/Q-Shimalaa
Shimalaan kuffise kormii
K/B-Yaa sobe bofat bofa nyaatee
K/J/Q-Oohoo
K/B-Baala koshommii
K/J/Q-Shimalaa
Shimalaan kuffise kormii
K/B- Yaa sobe kan qoricha hinqabnee
K/J/Q-Oohoo
K/B- Baala koshommii
K/J/Q-Shimalaa
Shimalaan kuffise kormii

(Madda:Damissee Muummichaafi Caalaa Damee 21/03/09 ganda Alidheeraa)

Afwalaloon “Shimalaan kuffise kormii” jedhu lola keessatti goonni shimala isaa fayyadamuun diina isaarra ooluu isaa agarsiisa. Gamabiroonis afwalaloon “bofat bofa nyaatee kan qoricha hinqabnee” jedhu qaamota wal hinsodanne baay’ee ciccimootu walitti dhufe dhaamsa jedhu ofkeessaa qaba.

4.5.8. Faaruu Rukkutaa Shimalaa Qaamni Sodaatu Jiraachuu Agarsiisu

Adeemsa dhiichisaan shimala faarsuu keessatti shimalli kan rukutamu ta’uun olitti ibsameera. Haata’u malee hirmaattota faaruu shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatuus ta’ee qaamni biroo kan rukkutaa shimalaa jibban nijiru. Jiraachuu isaas dargaggoonni dhiichisa armaan gadiin mirkaneessu.

K/B-Oohoo qashi qashiin dhalattee
Lubbuu
Lubbuun sikeessa taphattee
K/J/Q-Oohoo qashi qashiin dhalattee
Lubbuu
Lubbuun sikeessa taphattee
K/B-Yaa joollee maaloo
K/J/Q- Oohoo
K/B-Tolfattanii toolaa
K/J/Q-Oohoo
K/B-Kan yaabbiin odolaa
K/J/Q-Oohoo
K/B-Qashi qashiin dhalattee
K/J/Q-Lubbuu
Lubbuun sikeessa taphattee

(Madda: Xaasoo Hayiluufi Dajanuu Kabbuu 19/06/09 ganda Nya’aafi Soolee)

Akka afwalaloon olii hubachiisutti qeerroo cimaan rukutaa shimalaa kan araadu/jaalatu yoo ta’es dabeessi rukutaa shimalaa yoo arge sodaan guuttamuun amala dabeessummaa isaa calaqqisiisaa dhiichisa keessaa ofqooda. Dabalees rukutaa shimalaa taasifamu dandamachuu keessatti onneen dargaggeessi qabu murteessaa akka ta’e dhiichisni dhiyaate nitilmaamsisa.

4.5.9. Faaruu Shimalli Fayyadamtoota Isaa Waliin Hariiroo Cimaa qabaachuu Agarsiisu

Dargaggeessi dhiichisa keessatti shimala kan fayyadamu ta’uun isaa iddoo adda addaatti ibsamuuf yaallameera. Shimalaan fayyadamuu qofa osoo hintaane aantummaan shimala waliin qabanis cimaa ta’uu dargaggoonni dhiichisa armaan gadii ragaa bahu.

9.(A). *K/B-Shimala koo wayya*
Michuun nama ganaa
Koodee
Koodee barbaanni hinargu saranaa
K/J/Q-Shimala koo wayya
Michuun nama ganaa
Koodee
Koodee barbaanni hinargu saranaa
K/B-Shimala koo wayya
Shimee koo shimee koo
K/J/Q-Shimala koo wayya
K/B-Shimee har'aa kaleessaa
K/J/Q-Shimala koo wayya
K/B-Qixxee obboleessaa
K/J/Q-Shimala koo wayya
K/B-Eenyuun siin qixxeessaa
K/J/Q- Shimala koo wayya
K/B-Michuun nama ganaa
K/J/Q-Koodee
Koodee barbaanni hinargu saranaa

(Madda:Bokii Addunyaafi Dajanuu Kabbuu 19/06/09 ganda Goda Jabaa)

Akka faaruun “Shimala koo wayya michuun nama ganaa,koodee barbaanni hinargu saranaa” jedhu hubachiisutti obboleessi yeroo kamiyyuu nama hinguu. Iddoo obboleessi hinjirretti obboleessa dhugaa ta’uun yeroo hundaa osoo namatti hinjijjiirramin gidiraa hunda nama waliin kan qooddatu shimala. Hiriyaa/michuun garuu hanga waliin nyaatanii dhuganiif yoo ta’e malee yeroo rakkoo nama duukaa amma dhumaatti hirmaachuu dhiisuu mala. Gama hawaasaanis gantummaan namoota waliin jiraatan gidduutti kan mul’atu ta’uu afwalaloon kun nihubachiisa.

Qeerroon adeemsa olmaa shimalli isaaf qabu ibsuu keessatti “...qixxee obboleessaa eenyuun siin qixxeessaa” jechuun shimalatti haasa’a. Kanaafuu waliin dubbiin qeerroofi shimala gidduutti taasifame malleen dubbii jiran keessaa bifa ateessaan mul’ata.

9.(B).*K/B-Baallamii yaa tumaa nuugii*
K/J/Q-Ohoo
K/B-Tumaa nuugii
K/J/Q-Ohoo
K/B-Dudduguu
Dudduguugii yaa shimala koo sin abdadhaa
K/J/Q-Baallamii yaa tumaa nuugii
K/B-Ohoo
K/J/Q-Tumaa nuugii

K/B-Ohoo
K/J/Q-Dudduguu
Dudduguugii yaa shimala koo sin abdadhaa
K/B-Ani hinnyaadhu mulluu yaa tumaa nuugii
K/J/Q-Ohoo
K/B-Tumaa nuugii
K/J/Q-Ohoo
K/B-Mulluu gara soraa yaa tumaa nuugii
K/J/Q-Ohoo
K/B-Tumaa nuugii
K/J/Q- Ohoo
K/B-Ani hinjaal’u gadhee yaa tumaa nuugii
K/J/Q-Ohoo
K/B-Tumaa nuugii
K/J/Q-Ohoo
K/B-Gadhee gaafa lolaa yaa tumaa nuugii
K/J/Q-Ohoo
K/B-Tumaa nuugii
K/J/Q-Ohoo
K/B- Dudduguu
Dudduguugii yaa shimala koo sin abdadhaa
K/J/Q-Baallamii yaa tumaa nuugii
K/B-Ohoo
K/J/Q-Tumaa nuugii
K/B-Ohoo
K/J/Q-Dudduguu
Dudduguugii yaa shimala koo sin abdadhaa

(Madda:Dajanee Shifarraafi Zarihuun Nugusee 12/04/09 ganda Arreeree)

Afwalaloon “Dudduguugii yaa shimala koo sin abdadhaa” jedhu dargaggeessi akka tasaa yoo waliitti bu’e shimalaan na hinrukuchiisinii narraa rukuti yaada jedhuun abdiin guutuu shimalarraa qabaachuu isaa addeessa. Gamabiroonis afwalaloon “Ani hinjaallu gadhee, ga dheer guyyaa lolaa” jedhu lugni onneen inni lolarratti qabu laafaa waan ta’eef lola namarratti gatee dheeffa waan ta’eef lolaatti kan abdatamuu miti.

Akka afwalaloo kanarraa hubatamutti qeerroon abdiin shimalarraa qabu kallattiin shimalatti kan dhaammate. Adeemsa kana keessatti mala dubbii ateen kan mul’atu yoo ta’u, tuffii yeroo lolaa lugnarraa qabu agarsiisuuf lugna mulluu soraa midhan keessaa baherraa affeelameen walbira qabee kan ibseedha.

9.(C). *Oohoo meehee*
Shimala yaa digingiraa
Maalan yaada sibiraa?

(Madda:Kinfuu Naggasaa 14/05/09 ganda Daalattii)

Afwalaloon “Shimala yaa digingiraa maala yaada sibiraa” jedhu, shimalli nama kallattii adda addaan nama rukutuuf dhufe dogoggorsiisuun/ akka inni nama hinrukunne taasisuun namarraa kan dhorku waan ta’eef osoo inni jiruu wantin yaadu hinjiru dhaamsa jedhu dabarsa.

4.5.10. Faaruu Shimalli Haaloo Baasuuf Kan Gargaaru Ta’uu Hubachiisu

Dargaggoonni akka tasaa walitti bu’anii kan wal madeessan yoo ta’e inni madaa’e qaama madeesse gama seeraan himachuurra shimala isaan haaloo ofii bahuu akka barbaadu adee msa dhiichisa baasuu keessatti ibsata. Dhiichisni armaan gadiis yaada kana dhugoomsa.

K/B-Lasoo lasoo magaala dallasoo
Daanya ammaa namaa hinbaasu damii
Yaa abbaa
Yaa abbaa koo shimala fudhuu na dhaqqabii
K/J/Q-Oohoo meehee
K/B-Oohoo gama sanii lallabanii
K/J/Q- Oohoo gama sanii lallabanii
K/B-Maaloo waamaniit si dhabanii
K/J/Q-Maaloo waamaniit si dhabanii
K/B-Daanyaan ammaa namaa hinbaasu damii
K/J/Q-Yaa abbaa
Yaa abbaa koo shimala fudhuu nadhaqabi

(Madda:Dinquu Badhaaneefi Hayiluu Lammaa 12/04/09 ganda Arreeree)

Akka afwalaloon “Daanya ammaa namaa hinbaasu damii,yaa abbaa koo shimala fudhuu nadhaqabii” jedhu addeessutti hawaasni adabbii qaamni seeraa qaama isa miidhe adaburra kan ofii shimalaan walfaana hirmaatanii haaloo baafatanitti gammadu. Gamabi roonis gurmuun raawwiin hawaasni raawwatu kan qaamni biroo isaaniif raawwatu olitti kan ilaalan ta’uu yaanni afwalaloo olii keessatti kaa’ame niaddeessa. Kallattii siyaasaanis afwalaloon “Daanyan ammaa namaa hinbaasu damii” jedhu ogeeyyiin seeraa loogiiin guut tamuurraa kan ka’e qaama dhugaa qabuuf yeroon itti dhugaa muruu dhiisanii qaama adaba muu qabu gadhiisan kan jiru ta’uu hubachiisa.

4.5.11. Faaruu Shimalli Kan Hintuffatamne Ta’uu Ibsu

Shimalarratti namoonni hundi hubannoo wal fakkaataa qabaachuu dhiisuu malu. Kanarraa kan ka’e qaamni shimalarratti hubannoo gahaa hinqabne shimala tuffachuuf kan yaalu yoo ta’e,qaamni hubannoo gahaa qabu adeemsa dhiichisaa keessatti shimala tuffachuu akka

hinqabne hubachiisaa kallattii sirreeffamaa kennaa deema. Dhiichisni armaan gadiis yaada kana kan dhugoomsudha.

- 11.(A). *K/B -Oohoo meehee*
Shimalan karakaa jettee
Dhiira qallaa jettee
Sibutaa ofeegi
K/J/Q-Oohoo meehee
Shimalan karakaa jettee
Dhiira qallaa jettee
Sibutaa ofeegi
K/B-Oohoo meehee gammoojjiitti gallaa
K/J/Q-Oohoo meehee
K/B-Gammoojjiin haroodhaa
K/J/Q-Oohoo meehee
K/B-Haroo maaf qotanii
K/J/Q-Oohoo meehee
K/B-Yemmuu goonni loluu
K/J/Q-Oohoo meehee
K/B- Shimalli urgaa 'ee
K/J/Q-Oohoo meehee
K/B-Goota maaf dhoowwanii
K/J/Q-Oohoo meehee

(Madda:Baqqalaa Fayyisaafi Hayiluu Sanbataa 19/04/09 ganda Daalattiifi Rimeettii)

Akka afwalaloon “Shimalaan karakaa jettee...” jedhu ibsutti shimalli aangii iddoo adda addaati qabaachuun karkaa fakkaata. Garuu karkaarraa adda waan ta'eef osoo keessa isaa hinhubatin shimalaan karakaa jedhanii tuffachuun hinbarbaachisu. Akkuma shimalaan karkaa jedhanii tuffachuun hinbarbaachifne dhiirri furdateef cimaa akkasumas qallateef lugna hinta'u waan ta'eef dhiirri qallaadha jedhanii tuffachuun hinbarbaachisu. Mammaaksi oromoo “Dhiirri qal'aa hinqabu” jedhus yaaduma kana waan deegaru fakkaata. Kanaafuu waan tokko tuffachuun dura waan sana sirritti ilaaluun murteessaa akka ta'e yaanni afwalaloo olii keessatti tuqame nimirkaneessa.

- 11.(B). *K/B- Ayizoo shimala maaf darbitaa?*
Qeerroo
Qeerron isumaan ol sibutaa
K/J/Q-Ayizoo shimala maaf darbitaa?
Qeerroo
Qeerron isumaan ol sibutaa
K/B- Kaleessuuma kalee
K/J/Q-Ayizoo

K/B-Kaleen galgaltuudhaa
K/J/Q-Ayizoo
K/B-Qilleensatti hinkennin
K/J/Q-Ayizoo
K/B-Bubbeen wanjaltuudhaa
K/J/Q-Ayizoo
K/B-Shimala maaf darbitaa?
K/J/Q-Qeerroo

Qeerron isumaan ol sibutaa

(Madda:Baqqalaa Fayyisaafi Hayiluu Sanbataa 19/04/09 ganda Daalattiifi Rimeettii)

Afwalaloon kun shimala tuffatanii darbuun kan hinbarbaachifne ta'uu hubachiisuu cinaatti shimala tuffachuun kan darbatu qaama itti fayyadama isaafi faayidaa isaa hinbeekne yoo ta'u, qaamni itti fayyadama isaa beeku isuma qaamni itti fayyadama hinbeekne gateen deebi'ee kan isa reebu ta'uu hubachiisa. Gama hawaasummaan is afwalaloon "...bubbeen wanjaltuudhaa" jedhu hawaasa keessa qaamni oduu deddeebisuun namaafi nama waliin gahuuf yaalu kan jiru ta'uufi hawaasichi immoo iccitii isaa odeessituu kana biratti baasuu kan hinbarbaanne ta'uun dhaamsa afwalaloo olii keessatti mul'atuudha. Ija siyaasaanis caasaawwan mootummaa hawaasa keessatti 'koomaandipoostii' hundeessuun olmaa hawaasa kan too'atu yoo ta'es hawaasni qaama akka 'koomaandipoostiitti' isaan too'atu erga adda baafatanii booda iccitii ofii qaama sana biratti haasa'uu kan hinfeene ta'uu yaanni afwalaloo olii hubachiisuu yaala.

4.5.12. Faaruu Shimalli Aangii Qabaachuu Agarsiisu

Maalummaa shimallaa jalatti shimalli aangii qabaachuun ulee kanneen biroorraa adda ta'uun isaa ibsameera. Yaaduma kana dargaggoonni dhiichisa armaan gadiin dhugoomsu.

12.(A). *K/B- Oohoo meehee*
Shimalli aangitti dabaadhaa
Qe'eetti
Qe'eetti hunduu jabaadhaa
K/J/Q- Oohoo meehee
Shimalli aangitti dabaadhaa
Qe'eetti
Qe'eetti hunduu jabaadhaa
K/B-Oohoo meehee kombolcha affeeli
K/J/Q-Oohoo meehee
K/B-Akka danfu laalii
K/J/Q-Oohoo meehee

K/B-Qeerrootti shimee kennii
K/J/Q-Oohoo meehee
K/B-Akkatti horfu laalii
K/J/Q-Oohoo meehee
K/B-Shimalli aangitti dabaadhaa
K/J/Q-Qe'eetti
Qe'eetti hunduu jabaadhaa

(Madda: Xaasoo Hayiluufi Abiyoot Tasfayee 21/08/09 ganda Nya'aafi Soolee)

Afwalaloon “Shimalli aangitti dabaadhaa” jedhu shimalli aangii kan qabuufi iddoo aangii isaatti dabaa ta'uun isaa kan mul'isu yoo ta'u, “Qe'eetti hunduu jabaadhaa” kan jedhu akkuma mammaaksi Oromoo, “Kormi qe'eetti baroodu badheetti mar'ata” jedhu qaamni alatti ykn iddoo namni isaan gitu jirutti sodaatee mana/naannoo qa'ee keessatti onneen ofbokoksee hawaasa naannoo jeequuf yaalu kan jiru ta'uu ibsa. Gama ija siyaasaanis afwalaloon kun ergaa qaama tokko aangessuuf ykn gara hojiitti fiduun dura kallattii garagaraan ejjennoo isaa madaaluun barbaachisaadha jedhu ofkeessaa qaba.

12.(B). *Oohoo meehee*
Shimalli aangitti kichuudhaa
Gadheen hun-
Gadheen hundumaan michuudhaa

(Madda: Kinfoo Naggasaa 14/05/09 ganda Daalattii)

Lugni akka lugnummaa isaatti jiraachuu barbaada; akka lugnummaa isaatti jiraachuuf immoo gamnoomuun isa barbaachisa. Raawwii gamnummaa isaa keessatti mul'atu keessaa inni tokko nama hundatti michuudha. Kanaafuu lugni ofitti amanamummaa dhabuurraa kan ka'e namoota hunda gabaratee kan bulu ta'uu afwalaloon olii nihubachiisa. Gama biroonis shimalli aangii kan qabu ta'uufi aangii irratti kan cabu ta'uun isaa afwalaloo kanaan hubatamuu kan danda'uudha.

12.(C). *K/B-Ayizoo shimalli aangitti urgaa'ee*
Gadheen dhe-
Gadheen dheeffaf qophaa'ee
K/J/Q-Ayizoo shimalli aangitti urgaa'ee
Gadheen dhe-
Gadheen dheeffaf qophaa'ee
K/B-Yaa shiinii yaa shiinii
K/J/Q-Ayizoo
K/B-Yaa sobe maaloo
K/J/Q-Ayizoo
K/B-Shaashiin duratti hafee
K/J/Q-Ayizoo

K/B-Yaa sobe maaloo
K/J/Q-Ayizoo
K/B-Naaf biti maashinii
K/J/Q-Ayizoo
K/B-Shimalli aangitti urgaa'ee
K/J/Q-Gadheen dhee-
Gadheen dheeffaf qophaa'ee

(Madda: Xaasoo Hayiluufi Abiyoot Tasfayee 21/08/09 ganda Nya'aafi Soolee)

Afwalaloo olii keessatti gaaleen, “Shimalli aangitti urgaa'ee” jedhu shimalli aangii kan qabuufi yoo rukutan aangiirratti cabuuf foolii wayii kan kennu ta'uu agarsiisa. Gamabiroonis afwalaloon “Gadheen dheeffaf qophaa'ee” jedhu adeemsa goonni shimalla rukutuun foolii shimalaa urgessee taphatu keessatti sodaataan rukuttaan yoo eegaluu dhiichisa gadi dhiisee kan baqatu ta'uu agarsiisa.

Yeroo durii qeerroon wadaajii dhungata; wadaajii dhungatuunis kenna garagaraa waliif kennu. Kenna qeerroon intala jaalatuuf kennu keessaa tokko shaashiidha. Adeemsa keessa kennaan kun fooyya'aa dhufuun shaashirraa gara 'qamisiitti' ce'aa kan dhufeedha. Qeerroonis hiyyaa isaan kennaan dura shaashii kenna turre hafeera waan ta'eef intala jaalattuu 'maashinii biti' jechuun dhaama. Dhiichisni “Yaa shiinii Yaa shiinii shaashiin duratti hafee naaf biti maashinii” jedhus yaaduma armaan oliitti tuqame mirkaneessa. Walumaagalatti afwalaloon olii shimalli aangii kan qabu ta'uu, dabeessi rukutta shimalaa kan hinjaalanne ta'uufi kennaan yeroo durii qeerroofi qarreen waliif kenna turan adeemsa keessa fooyya'aa kan deeme ta'uu agarsiisa.

4.5.13. Faaruu Tuffii Garee Faallaa Agarsiisu

Faaruu shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatu hojii gareen hojjetamuudha. Garee dhiichisaaf qindaa'e keessa gareewwan xixiqqoon bifa gosummaan ta'ee ollummaan qindaa'an jiraachuu malu. Garee adda addaa qindaa'e gidduutti sababa adda addaarraa kan ka'e waltuffiin jiraachuu mala. Dhiichisni armaan gadiis dargaggoonni tuffii garee faallaaf qaban ibsachuuf kan itti gargaarramaniidha.

K/B-Oohoo meehee
Maal ittiin reebuuf bitta shugguxii?
Shimalla keen irra butii
K/J/Q-Oohoo meehee
Maal ittiin reebuuf bitta shugguxii?
Shimalla keen irra butii

K/B-Oohoo meehee sareen qabe curree

K/J/Q-Oohoo meehee

K/B-Afaanitti baataa

K/J/Q-Oohoo meehee

K/B-Gadheen gate surree

K/J/Q-Oohoo meehee

K/B-Qilee gadi kaataa

K/J/Q-Oohoo meehee

K/B-Maal ittii reebuu bitta shugguxii

Shimala kee irra butii

(Madda:Dajanee Shifarraafi Zarihuun Nugusee 12/04/09 ganda Arreeree)

Afwalaloo olii kana keessatti ergaa shugguxii bituuf kan dhimmamnu qaamni ittiin walddhabne cimoo yoo ta'aniidha. Ammatti garuu qaamni nuti ittiin walddhabne laafoo waan ta'aniif gara shugguxii osoo hindeemin shimala ofharkaa qabnuun injifachuu nidandeenya jedhutu mul'ata. Gamabiroonis dabeessi yoo lola arge sodaan guuttamuu isaarraa kan ka'e waan qabee gadhiisullee kan wallaalu ta'uu afwalaloon "Gadheen gate surree qilee gadi kaataa" jedhu nihubachiisa. Akka afwalaloo kanaatti lugni sodaarraa kan ka'e waan raawwatuufi dhiisu walii wallaalu danda'a. Haata'u malee surree baasee hingatu. Kanaafuu yaanni "Gadheen gate surree" jedhu sodaa gadheen qabu caalaatti hubachiisuuf waan galeef akka mala dubbii arbeessuu yaada kana keessatti nimul'ata. Ga ma ija siyaasaanis akkuma Oromoon, "Sombaafis halbee barbaannaa?" jedhee mammaaku diinni nutti dhufte baay'ee kan nuyaaddressitu waan hintaaneef rasaasa keenya itti balleessurra shimalaanuu gaggeessuun nidanda'ama dhaamsa jedhus afwalaloo olii keessaa hubachuun nidanda'ama.

4.5.14. Faaruu Dhaadachuu Kan Hinbarbaachifne Ta'uu Agarsiisu

Namni tokko ogummaa isaarratti baay'ee cimaafi qaama beekkamtii qabu ta'uu mala. Ciminni isaafi beekkamtiin inni hojii isaarratti qabu bu'aa hojii isaan ilaallamuun hawaasni murteessuu danda'a. Dhiichisa keessattis daawwattoonni qeerroon kun dhiichisa sirritti danda'a jechuun cimina isaa dubbachuu danda'a. Haata'u malee namoonni tokko tokko hojiirratteis ta'ee dhimma biroorratti ani jabaadha jechuun yoo ofjajuuf yaalan mul'achuu danda'a; dhiichisa keessattis qeerroon ani jabaadha jedhee dhaadatu jiraachuu mala. Dargaggoonni garuu of hinjajin qaamni sicaalu jiraachuu mala jechuun dhiichisa armaan gadiin akeekkachiisu.

14.(A). *Ayizoo maaf fokkorta?*
Shimeen na-
Shimeen namarraa baasa kobortaa
(*Madda:Kinfoo Naggasaa 14/05/09 ganda Daalattii*)

Akka afwalaloo oliitti qaama dhaadatu kan salphisuu danda’u shimala. Kanaafuu dandeessus nan danda’a jettee hin dhaadatin qaamni sii ol danda’ee shimalaan si salphisu jiraachuu mala yaanni jedhu ergaa afwalaloo oliirraa hubatamuu danda’uudha. Gamabiroo nis uffata namarraa baasuu kan danda’u nama. Haata’u malee afwalaloon “Shimeen namarraa baasa kobortaa” jedhu uffata akka waan shimalli namarraa baasuu danda’uutti agarsiisa. Malleen dubbii jiran keessaa gocha namni raawwatu waan biroof kennuun dhaamsa dabarfachuuf kan gargaaru nameessa. Kanaafuu afwalaloo kana keessatti mala dubbii nameetu mul’ata. Walumaagalatti afwalaloon kun beektanis beekuu baattanis hojiin keessan baasee hanga isin ibsutti ofii baastanii ofibsuuf hinariifatinaa gorsa jedhu dabarsa. Qaamni dhaadachuuf karoorfates dhiichisa kana yoo dhaga’e dhaadannoo karoorfate dhiisuun tasgabbiin dhiichisa keessatti hirmaata.

14.(B). *Oohoo meehee*
Yaa ofjajjuu sirba keessaa
Shimalli mataa nama dillalleessaa
(*Madda:Kinfoo Naggasaa 14/05/09 ganda Daalattii*)

Shimalli cimaa ta’uun isaa qaaccessa 4.5.1.jalatti ibsameera. Afwalaloon kunis dhiichisa keessa shimalatu jira; qeerroonis qaama dhiichisa keessatti dogoggora uume shimala fayyadamuun sirreessaa deema. Qaama dhiichisa keessatti ofjajjuu hawwes akkasuma ‘shimalli mataa nama dirmammeesa’ jechuun of hinjajin yoo diddee ofjajja ta’e shimalaan rukutamta.Rukuttaan shimalaa immoo hamaadha; kanaafuu ofjajja dhaabi dhaamsa jedhu dabarsa.

4.5.15. Faaruu Bareedina Shimalaa Agarsiisu

Shimalli meeshaa aadaa keessaa isa tokko ta’ee kan dargaggootaan baay’ee jaalatamuufi kabajamuudha. Dargaggoota biratti shimalli jalatamuufi kabajamuu qofa osoo hintaane akka meeshaa bareedinaattis niilaallama. Dargaggoonnis bareedina shimalaa dhiichisaan walhubachiisu. Dhiichisni armaan gadiis yaada olii kana dhugoomsa.

15.(A). *K/B-Baallamii yaa margaa gooroo*
K/J/Q-Ohoo
K/B-Margaa gooroo

K/J/Q-Ohoo
K/B-Ya soroo
Ya sorooroo
Yaa shimala goonni qabatuu
(Madda:Tashoomaa Gizawufi Aabbushee Fiqaaduu 13/05/09 ganda
Guuyyamaafi Qo'aat)

Akka afwalaloon olii ibsutti wanti qajeelummaa qabu bareedina goonfata. Shimallis qajeelaa waan ta'eef nibareeda dhaamsa jedhutu hubatama.

15.(B). *Shimalli hinbareedaa*
Olqabii mataa jala godhuu
Maaf akkas taataa?
Mee dura xiqqoo obsa godhuu
(Madda:Kinfuu Naggasaa 14/05/09 ganda Daalattii)

Hawaasni mataa ofiif kabaja guddaa qabu. Kanarraa kan ka'e waan hintolle mataa ofiijala godhachuu hinfedhu. Shimala garuu kabajaafi jaalala qabaniif akkasumas bareedina isaarraa kan ka'e mataa dura godhachuu filatu. Gama biroonis afwalaloon "Maaf akkas taataa mee dura xiqqoo obsa godhuu" jedhu waan tokko raawwachuuf ariifachuurra tasgabbiin itti deemuun filatamaa akka ta'e hubachiisa.

4.5.16.Faaruu Of Eeggannoo Agarsiisu

Adeemsa dhiichisaan taphachuu keessatti rakkooleen adda addaa hirmaattota dhiichisaa quunnamuu danda'u. Hirmaattonnis rakkoon isaan quunname akka hammaachaa hin deemne dhiichisaan walakeekkachiisaa deemu. Dhiichisni armaan gadiis hirmaattonni dhimoota adda addaarratti akka ofeeggannoo taasisan hubachiisa.

16.(A). *Shimala yaa meetii*
Gandi nama hineeguu
Ati of eegii
(Madda:Kinfuu Naggasaa 14/05/09 ganda Daalattii)

Dhimma kamirrattuu ofeeguu kan danda'u abbaadha. Akkuma mammaaksi Oromoo, "Sa'a abbaan gaanfa cabse ormi ija balleessa" jedhu abbaan yoo of ilaalaa waa hinraawwanne ormi kallattii namni sun ittiin badu akeekaa deemu danda'a waan ta'eef hojii hojjetu eeggachaa kan deemu abbicha akka ta'e afwalaloon olii nihubachiisa. Afwalaloo kana keessatti qeerroon cinaan qaama biraa gorsuuf shimalatti haasa'a. Adeemsa kana keessattis mala dubbii ateetu mul'ata.

16.(B). *Eeboo sii dhufuuf deemaa*
Shimaa
Shimala mataarra of qabii
(Madda:Kinfuu Naggasaa 14/05/09 ganda Daalattii)

Akka afwalaloo kanarraa hubatamutti lolarratti ofeeggachuun murteessaadha. Of eeggachuuf immoo qophii adda addaa taasisuun barbaachisaadha. Kanaafuu,lolli ka'uutti jiraa haala qabannaa shimalaas ta'ee sochii kee hunda sirreessii of eegi dhaamsi jedhu afwalaloo oliirraa hubatamuu danda'a.

4.5.17.Faaruu Gaabbii Agarsiisu

Adeemsa waan tokko raawwachuu keessatti dogoggora adda addaan xaxamuun nimul'ata. Dogoggora uumanis adeemsa keessa irraa jalaan fooyyeffachaa deemuun nidanda'ama;wa yita dogoggora ofii hubatanii sirreeffatanitti qaama dursa miidha dhiifa gaafachuufi qaamni dhiifama gaafates dhiifama gochuun wanta baramedha. Qeerroonis adeemsa fayyadama shimalaa keessatti shimalarratti shira hojjechuu mala;hojiin inni irratti hojjete shira ta'uu erga hubatees shimala isaa dhiifama gaafachuun gara isaatti deebi'uu agarsiisa. Dhiichisni armaan gadiis yaada kana dhugoomsa.

K/B- Baallamii yaa margaa baabbee
K/J/Q-Ohoo
K/B-Margaa baabbee
K/J/Q-Ohoo
K/B-Qeerrensa hinmiichanii yaa margaa baabbee
K/J/Q-Ohoo
K/B-Margaa baabbee
K/J/Q-Ohoo
K/B-Boroborii ta'aa yaa margaa baabbee
K/J/Q-Ohoo
K/B-Margaa baabbee
K/J/Q- Ohoo
K/B-Gotarraa hindheeffanii yaa margaa baabbee
K/J/Q- Ohoo
K/B-Margaa baabbee
K/J/Q-Ohoo
K/B-Boodaf komii ta'aa yaa margaa baabbee
K/J/Q-Ohoo
K/B-Margaa baabbee
K/J/Q-Ohoo
K/B-Ani gaa
Ani gaa-

Ani gaabbee yaashimalaa koo sin abdadhaa
K/J/Q-Baallamii yaa margaa baabbee
K/B-Ohoo
K/J/Q-Margaa baabbee
K/B-Ohoo
K/J/Q-Ani gaa-
Ani gaabbee yaa shimala koo sin abdadhaa
(Madda:Bokii Addunyaafi Dajanuu Kabbuu 19/06/09 ganda Goda Jabaa)

Dhiichisa olii keessatti afwaalaloon“Anigaabbee yaa shimala koo sin abdadha” jedhu, ka nan duraan siabdachuu dhiisee kallattii biraa kana qabadheef dhiifama, ammarraa abdiin kan koo si’i dhaamsa jedhu kan dabarsuudha. Gama hawaasummannis dhiichisni “Qeerrensa hinmiichanii boroborii ta’aa, gootarraa hindheeffanii boruuf komii ta’aa” jedhu, nama tokko osoo rakkachuu isaa arganuu rakkoo keessatti gatanii darbuun boruuf gaabbii waan ta’uuf rakkoo isaaf cinaa dhaabbachuun barbachisaa ta’uu agarsiisa.

4.5.18. Faaruu Dabeessa Qeequ

Dhiichisa keessatti onnee bokokfachuun sisi’aa’uun dirqama. Kana raawwachuu kan danda’u immoo qeerroo kutataadha. Lugni amala si’aa’uu akkasumas shimalaan dhiichisa si’eessuu hindanda’u; qeerroonis amala isaa kana hubachuun dhichisaa armaan gadii fayyadamuun qeequ.

18.(A). *Oohoo meehee*
Yaa, yaagadhittii
Rukutta
Rukuttaan ulee akkamittii?
(Madda:Kinfoo Naggasaa 14/05/09 ganda Daalattii)

Akka dhiichisni olii hubachiisutti shimalli callisee kan rukutamu osoo hintaane haala ittiin rukutamu kan qabuudha;haala rukutta shimala kanas dabeessi waan beekuu miti.Qeerroonis kanuma mirkaneeffachuuf “...rukuttaan shimee akkamitti” jechuun dabeessan osoo shimala rukuti jedhamtee akkamitti rukutta jechuun bifa gaaffii fakkeessanii akka inni rukutuu hindandeenye itti dhaamu.

18.(B). *Ayizoo shimalli maal godhe yaa donnee?*
Waaqatuu
Waaqatuu sidhoowwate onnee
(Madda:Kinfoo Naggasaa 14/05/09 ganda Daalattii)

Akka afwalaloon olii hubachiisutti shimalli nama kamiifuu walqixa. Itti fayyadamuun bu'aa shimalli buusu argachuun dirqama qaama shimalatti fayyadamuu yoo ta'u, dirqama kana bahuuf immoo onnee/dhiirummaan murteessaadha. Shimala qabatani yoo onneen guutamuu baatan qaamni biroo kan onneen guuttame nama rukutuu danda'a. Qaamni ofii onnachu dhiisee rukutame immoo rakkoo ofii qabu hubachuu dhiisee shimalaan situ narukuchiise jedhee komachuu mala. Qeerroonis komiin shimalarratti kenname dogoggora ta'uu "Shimalli maal godhe yaa dawwee waaqatuu sidhoowwate onnee" jechuun rakkoon rakkoo shimala osoo hintaane rakkoo mataa keetiti jechuun qaama shimala komate qeequ.

18.(C). *Oohoo meehee*

Laal gadhee laal gadhittii

Shimalli yoo ka'e jalaa gaadaa lixxii

(Madda:Kinfuu Naggasaa 14/05/09 ganda Daalattii)

Akka dhiichisni olii agarsiisutti lugni raawwii shimala hinbarbaachifne nama walii raawwatee yeroo raawwiin shimala barbaachisu raawwachuuf jedhu sodaachuurraa kan ka'e kan dhokatu/dheeffudha. Kanarraa ka'uun qeerroon gadheen shimala yoo arge/waa'ee shimala yoo dhaga'e kan hinjaalanne ta'uu isaa afwalaloo olii fayyadamuun qeequ.

Boqonnaa Shan: Cuunfaa,Argannoofi Yaboo

5.1. Cuunfaa

Qorannoon kun fookilooriin kan wal qabatu yoo ta'es gooroowwan fookiloorii keessaas gara afoolaatti kan jal'ifatuudha. Dameewwan afoolaa keessaas af-walaloo, af-walaloo keessaa immoo kallattiin faaruu kan giddugaleeffatuudha. Faaruunis damee adda addaatti cabuu waan danda'uuf qorannichis caccaba faaruu keessaa faaruu shimalaa bifa dhiichisaa n dhiyaatu akka Aanaa Yaayyaa Gullalleetti qaaccessuurratti kan xiyyeeffateedha.

Haaluma kanaan boqonnaa tokko keessatti seenduubeen hawaasni Oromoo hawaasa aadaa, amantii, seenaafi biyya badhaadhaa qabuudha. Haata'u malee aadaa, amantiifi seenaa qabu kana guutummaan baasee akka hinibsanne diinonni jalaa waliin dhahaa turaniiru. Ummanni Oromoo diinota kallattii garagaraan isa burjaajessuuf yaalan kanaafis kan jilbiiffate osoo hintaane kallattii adda addaan ofirraa faccisaa aadaafi seenaa qabu waldhaalchisaa kan tureefi har'as wal dhaalchisaa kan jiruudha. Kallattiiwwan aadaa isaa ittiin waldhaalchisaa ture keessaa tokko afoola. Afoolli hawaasichi itti fayyadamaa tureefi har'as itti fayyadamaa jiru kanneen bifa hololoo, uunka gaggabaaboofi bifa afwalaloon mul'atu ta'uu mala. Kanaaf kaayyoon gooroo qorannoo kanaas faaruu shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatu akka aanaa Yaayyaa Gullalleetti qaaccessuudha.

Qorataan mataduree kanarratti qorannoo akka gaggeessu kan kakaase hanga inni hubatetti faaruun shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatu afaaniin darbuun ala ragaa barreeffamaan qindaa'e dhabuu, qorannoon dhimma kanarratti gaggeeffame dhabamuufi akka aanaa Yaayyaa faaruun shimalaa sadarkaa duriirraa gadi bu'aa deemuu qabatamaan arguudha. Qorataanis isuma kanaaf ragaa barreeffamaa ka'uu barbaadeti. Galma gahiinsi qorannoo kanaas qaama mataduree kanarratti qorannoo gaggeessuu barbaadaniifi hawaasa aanaa qorannoon irratti gaggeeffame keessa jiraatuus ta'ee kanneen aanaa adda addaa jiraataniif shimalaafi faaruu shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatu irratti raacetii wayii nikaa'a. Qorannichi gama matadureen faaruu shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatu qaaccessuu akkasumas gama iddoon aanaa Yaayyaa Gullalleerratti kan daangeffameedha. Raawwii qorannichaa keessatti madda odeeffannoo lammaffaa salphaatti argachuu dhabuufi yeroo gahaa dhabuun akka hanqina qorannoo kana keessatti mul'ataniitti qabxiilee kaa'amaniidha.

Boqonnaa lammaffaa qorannoo kanaa keessatti yaanni hayyoonni fookiloorii irratti kennan akkasumas dameewwan fookiloorii afoola, meeshaalee aadaa, aartii duudhaafi duudhaa hawaasaa fa'a. Dameewwan fookiloorii kun caccaba xixiqqoo hedduu ofjalatti hammatanii kan jiran ta'uun isaanii ibsameera. Hunda caalaa fookilooriifi gosoonni fookiloorii yaada haayyotaan deeggaramuun ibsameera. Dameewwan fookiloorii keessaa immoo afoolonni bifa afwalaloon dhiyaatan irratti ibsi hayyoonni kennan kaa'amuu cinaatti yaaxxinaleen qorannoo kana waliin hidhata qabaniifi barruuleen qorannoo kanneen mataduree qorannoo kanaan walitti dhiyeenya qaban sakatta'amuun dhiyaateera. Gamabiroonis boqonnaa sadaffaan mala qorannoo kan hammate yoo ta'u, kutaa kana keessatti qorannoon kun afoola hawaasaa keessa jiru baasuu waliin waan walqabatuuf gosa qorannoo qulqulleeffataa jalatti kan ramadamu ta'uun isaa ibsameera. Akkasumas odeeffannoowwan qorannoo kanaaf barbaachisan madda odeeffannoo tokkoffaafi lammaffaarraa kan walitti qabaman ta'uun isaa ibsameera.

Qorataan qorannoo kanaa odeeffannoowwan madda odeeffannoo tokkoffaarraa argaman funaanuuf tooftaa iddatteessuu kaayyawaafi darbaa dabarsaa kan gargaarrame yoo ta'u, tooftaalee kanneeniin odeeffannoo barbaadu funaanuuf tooftaalee funaansa ragaa jiran keessaa daawwannaafi afgaaffii kan gargaarrame ta'uun isaa eerrameera. Odeeffannoowwan bifa daawwannaafi afgaaffiin argaman viidiyoo, kaameeraafi yaadannoo gabaabaa qabachuun erga funaannamanii mala qaaccessa ragaa ibsaan qaaceffamaniidha.

Boqonnaa araffaa keessatti ragaaleen bifa daawwannaafi afgaaffiin funaannaman qaaceffamaniiru. Qaaceffama qorannoo kanaa keessattis shimalli ulee dargaggeessi qabatuufi aangii qabaachuun ulee biroorraa adda kan ta'e yoo ta'u, faaruun shimalaa immoo gosoota faaruu keessaa isa tokko ta'ee sochii qaamaafi shimalaa dabalachuun dhimma shimalaa giddu galeeffatee kan dhiyaatudha. Faaruu shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatu keessatti adda durummaan kan hirmaatu dargaggoota. Gaheen dargaggoota hirmaataniis shimala rukkutuu, dhiichisa baasuufi kan bahe jalaa qabuudha. Faaruu shimalaas ta'ee shimalli sadarkaa dur irra turerraa gadi bu'aa kan dhufeedha. Kanaafis sababa kan ta'e kallattii seera kabachiistotaan shimalli guuramuufi gubamuu, dargaggeessi fedhii dhabaa dhufuufi dhiibbaa amantii ta'uun isaa ibsameera.

Faaruuu shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatu bifa geengoo uumuun kan dhiyaatu ta'ee dargaggoonni cabsaa eeggachuun walharkaa kan fuudhaniidha. Dabalataanis, faaruu shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatu keessatti ergaan garagaraa darbuu kan danda'u ta'uun isaa fakkeenya dhiichisaa garagaraan deeggaramuun ibsameera. Dhumarrattis hirmaataa faaruu shimalaa ta'uuf seeronni dursanii beekkamu qaba kan jiru ta'uufi seeronni kunis maal maal akka ta'an ibsameera.

5.2. Argannoo

Raawwii qorannoo kanaa irraa qorataan argannoo armaan gadii bira gaheera.

- Shimalli ulee dargaggeessi qabatee dhiichisuu filatu ta'ee aangii kan qabuufi yoo rukutame amala haanxa'uu kan qabu ta'uu akkasumas faayidaan shimalaa roorroo ittisuu, dhiichisa si'eessuu, haala dhaabbannaa hirmaattota dhiichisaa too'achuufi balaa fayyadamtoota gidduutti uummamu hir'isuu akka ta'e bira gahameera.
- Faaruuu shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatu dhimma shimalaan wal qabatu giddu galeeffachuun hurrubbii (performance) namaafi shimalaa dabalatee kan dhiyaatu ta'uun hubatameera.
- Faayidaan faaruu shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatuu gorsuu, kunuunsa shimalaarratti hawaasa dadammaksuufi hariiroo shimalli fayyadamtoota isaa waliin qabu ibsuu akka ta'e hubatameera.
- Faaruuu shimalaa gama ergaan kan cimina shimalaa agarsiisan, tuffii garee faallaa kan ibsan, ofeeggannoo kan agarsiisan, daangaa rukutaa shimalaa kan ibsaniifi shimalli tuffatamuu kan hinqabne ta'uu kanneen ibsan jechuun gosoota adda addaatti caccabuu kan danda'u ta'uun hubatameera.
- Shimallas ta'ee faaruuu shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatu ragaa barreeffamaa kan hinqabne ta'uufi yeroo ammaa kanas sababa 'poolisoonni' qophii adda addaa irratti dargaggootarraa guuranii gubaniif akkasumas fedhiin dargaggoonni shimala qabachuurratti qaban laafaa dhufuu irraa kan ka'e gara baduutti deema kan jiru ta'uun hubatameera.

- Namoonni tokko tokko hirmaataa faaruu shimalaa ta'uun duratti seera hubachuu qaban osoo hinhubatin gara dhiichisaatti galuun dhiichisa keessatti kan rakkatan ta'uun bira gahameera.

5.3. Yaboo

Qorataan qorannoo kanaa argannoo qorannichaan bira gahe bu'uureffachuu yaboo qorannoo kanaa bifa armaan gadiin kaa'eera.

- Hirmaataa faaruu shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatuu ta'uun seera dhiyeessii faarichaa wallaalanii rakkachuurra dursanii seera isaa beekuun osoo itti galanii gaarii ta'a.
- Yeroo ammaa dargaggoonni faaruu shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaaturraa of qusachaa jiru waan ta'eef mana barumsaa keessatti bifa gumiin akkasumas waajjirri aadaafi turizimii dhiichisa shimalaan walqabatu funaanuuf osoo socha'ee dargaggoota gara dhiichisaatti deebisuuf yaalee gaarii ta'a.
- Ragaaleen shimalaafi faaruu shimalaarratti jiran sadarkaa afaanii qofaan waan jiruuf osoo gara barreeffamaatti jijjiirramee gaariidha.
- Ani faaruu shimalaa kallattii dhiichisaan ilaalee qorattoonni biroo faaruu shimalaa bifa shoboxeen mul'atu osoo ilaalanii gaarii ta'a.
- Akka aanaa Yaayyaa Gullalleetti qaama shimala qabatee deemu yoo argan shimala harkaa fuudhanii gubuun gama poolisootaan raawwachaa kan tureefi ammas darbee darbee raawwachaa kan jiru waan ta'eef shimala funaananii gubuurra akkaataa itti fayyadama isaarratti barnoonni hubannoo cimsu kallattii adda addaan fayyadamtoota shimalaaf osoo kennamee gaarii ta'a.

Wabiilee

Addunyaa Barkeessaa. (2011) .*Akkamtaa*.Finfinnee,Oromiyaa

_____.(2016) .*Semmoo*.Oromiyaa,Finfinnee.

Alamaayyooifi Alamituu. (2010) . Seensa Afoolaa.Kan hinmaxxanfamme (Yuunivarsiitii Jimmaa).

Alamaayyoo Hayilee.(2007). *Sirna Gada. Siyaasa Oromoo Tuulama*.Finfinnee: Birahan Saalam

Alan Iseacs(1981). *The Macmillan Encyclopedia*. USA:Laurence Urdang Associates Ltd.

Andrzejewski, B.W.(1985). *Literature in Cushitic languages other than Somali*.Andrzejewski, B.W. Pilaszewicz and Tyloch, W,W (eds) literature in African languages. Cambridge Univesity press.

Asafa Tefera.(2004) .*Theorizing the present Towards a Sociology of Oromo Literature*. Jaarsoo Waaqoo's Poetry. Finfinnee Branna printing Enterpries.

_____. (2006). *Anaan 'yaa*.Finfinnee.

_____.(2009). *Eela: Seenaa Oguma Oromoo*. Finfinnee.

Barber .J .(1997). *Poetry and Poetics* . Cambridge : Harvard University Press.

Bascom, W. R. (1965). “*Four Functions of Folklore*.” in Dundes, A. 1965. *The Study of Folklore*. Burkelay: Printice-Hall, Inc.

Beekan Gulummaa. (2014). *Qasaatii*. Amboo,Oromiyaa.

_____.(2015). *Dimdimoo*.Finfinnee,Oromiyaa.

BenAmos, D. (1977). *Folkore In Afircan Society*: In RAL. Vo1. 6No 6

Berger, Arthur Asa. (2004). *Signs in contemporary culture*. An introduction to Semiotics. (2nd ed.).

- Bukenya. A. (1994). *Understanding Oral Literature*. Nairobi: Nairobi University Press.
- Dastaa Dassaalanyi.(2002). *Bu'uura Qorannoo*. Finfinnee: Dhaabbata Manxxansa Boolee.
- Dirribii Damuusee. (2012). *Ilaalcha Oromoo*.Barroo Aadaa,Seenaafi Amantaa Oromoo,Finfinnee
- _____. (2015) *Seena Eenyummaa Oromoo*.Finfinnee.
- Dorson , M. R. (1972). *Folklore and Folklife: An Introduction*. Chicago: The University of Chicago Press.
- Dundes Alan.(1965). *The Study Of Folklore*. Endle Wood Cliffs: N.J Prentice Hall, Inc.
- Finnegan, R.(1970). *Oral literature in Africa*. Oxford, Claredon press.
- _____.(1976). *Oral Literature in Africa*. Oxford: Oxford University Press.
- _____.(1977). *Oral Poetry. Composition Performance and Context*. Cambridge: Cambridge University Press.
- Filee Jaalataa. (2016) *.Beekumtaa Oromoo*.Raajii,Finfinnee
- Georges, R. A and Jones, M. O. (1995). *Folkloristics: An Introduction*. Bloomington And Indiana Polis: Indiana University Press.
- Getaachoo Rabbirraa .(2014) *.Furtuu*.Kuraz International publishing Enterprise,Addis Ababa,Ethiopia.
- Guddon, J.A.A.(1982) *A Dictionary Of Literary Terms*. New York : Published by penguin Books.
- Hayiluu Hundee .(2016). “Xiinxala Adeemsa Sirna Gaa’elaa Oromoo Shawaa Lixaa Aanaa Jalduu”.Waraqaa Qorannoo Digirii Lammeessoo Guuttachuuf Qophaa’e,Yuuni varsiiiti Finfinnee,Kan Hinmaxxanfamme.
- Hinseenee Makuriyaa. (2010). *Gaachaana Kormaa*. Addis Ababaa: printed by Far East Plc.

- Jaarraafi W.B. (2000/2008). *Bantuu Haaraa*. Finfinnee E-may Printers.
- Josef Walmanbeg. (2004). *Classics of Semiotics*. New York: Free Press.
- Kidaanuu Zallaqaa. (2016) .*Safuufi Aadaa*. Sagalii, Finfinnee
- Masfin Tashoomaa. (1995). *Tapha Ijoollee Wiirtuu Jildii-7*. Gumii Qormaata Afaan Oromootiin Biiroo Aadaafi turizimii Oromiyaatti, Finfinnee
- Melakenen Mengistu .(2006). *Fundamental of Literature*. Addis Ababaa: Addis Ababaa University .
- Mengesha Ritiku. (1970) .*Oromo Folk-Tales*. England, London University press
- Misgaanuu Gulummaa. (2011) .*Dilbii*. Finfinnee, Oromiyaa
- Mitikkee Bitawulliny .(2001). *Nyaata Aadaa Wallaga Lixaa*. Wiirtuu Jildii-9. Qajeelcha Qormaata Biiroo Aadaafi Turizimii Oromiyaa, Finfinnee
- Nagarii Leencoo .(1993). *Mararoo*. Wiirtuu Jilidii, 6. Qajeelcha Qormaata Biiroo Aadaafi Turizimii Oromiyaa, Finfinnee
- Okpewho, I. (1992). *African Oral Literature*. Back grounds, Character and Continuity. Bloomington: India University press.
- Rabbirraa Tarrafaa .(2009). *Gadaa*. Finfinnee. Itoophiyaa
- Richard Bauman (1974) *Verbal Art as Performance*. University of Texas at Austin.
- Rubin, David. C. (1995). *Memory in Oral Traditions Retrieved from [http:// en/Wikipedia.org/wik/Oral Literture](http://en/Wikipedia.org/wik/Oral_Literture)*.
- Sabsibee Geetahuun .(2012) .Qaaccessa qabiyyee sirba shaggooyyee. waraqaa qorannoo digrii lammaffaa guuttachuuf qophaa'e, Yuunivarsiitii Finfinnee, kan hinmaxxanfame.
- Shawayyee Beellamoofi Fireehiwot Tulluu (1999) *Afoola Oromoo Tuulamaa, Jildii-II*, Qajeelcha Qormaata Afaan Oromootiin Biiroo Aadaafi Turizimii Oromiyaatti, Finfinnee
- Sims C.M and Martine, S. (1965). *Living Foklore. An introduction to the study of people and their traditions*. Logan Utah: Utah State University Press.

- Sims and Stephen .(2005). *Living Folklore. An introduction to study of people on their traditions*.Longanulah University press.
- Taaddalaa Olaanaa.(2008). “Qaaccessa Weedduu Lakkoo”.waraqaa qorannoo digirii lammaffaa guuttachuuf qophaa’e,Yuunivarsiitii Finfinnee, kan hinmaxxanfamne.
- Tafarii Ayyaanaa. (2004). *Afaan Oromoo New Syematic Books series*.Aster Nega publishing interprise.
- Tigist Sanbataa. (2005). “Qaaccessa Qabiyyee af-walaloo Oromoo waltajjii hawaasummaa haala af-walaloo Salaalee”.Waraqaa qorannoo ittiin guuttannaa digirii lammaffaaf qophaa’e,Yuunivarsiitii Finfinnee,kan hinmaxxanfamne.
- Wasanee Bashaa.(2001/2005). *Qartuu*.Finfinnee.
- Woodward, Ian. (2007). *Understanding Material Culture*. Los Angeles: Sage Publications.
- Yaadannoo Gaaromsaa. (2014) .*Hora Obaa*.Finfinnee,Oromiyaa

Dabaleewwaan

Yuunivarsiitii Addis Ababaa

Koolleejjii Namoomaa, Qorannoo Afaanootaa,

Joornaaliiziimiifi Sabqunnamtiitti

Muummee Afaan Oromoo, Hogbarruufi Fookloorii

Dabalee A

Afgaaffii

Kajamoo maanguddootaafi dargaggoota aanaa Yaayyaa Gullallee iddattoo qorannoo kanaa taatan hunda hojiin koo inni ijoon faaruu shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatu qaaccessuudha. Galma gahiinsa hojii kanaa keessatti ragaan isin irraa argamu baay'ee murteessaadha. Kanaafuu gaaffiin isin gaafadhurratti ibsa akka naaf kennitan kabajaan isin gaafadha. Deeggarsa keessaniif durseen isin galateeffadha.

Gaaffilee afgaaffiif dhiyaatan

1. Shimala jechuun maali?

1.1. Dhiichisa keessatti shimalli akkamitti qabatama?

1.2. Dhiichisa keessatti shimalli akkamitti rukutama?

1.3. Dhiichisa keessatti shimalli yoom rukutama?

1.4. Faayidaan rukuttaan shimalaa dhiichisa keessatti qabu maali?

1.5. Shimalaafi fayyadamtoota shimalaa gidduu hariiroo akkamiitu jira?

1.6. Akka aanaa Yaayyaa Gullalleetti kunuunsi shimalaaf gama fayyadamtoota isaan taasifamuuf maal fakkaata? Iddoon olkaa'ii shimalaa eessa?

2. Dhiichisa keessatti faayidaan shimalaa maali?

3. Faaruu shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatu jechuun maal jechuudha?

3.1. Faaruun shimalaa bifa dhiichisaan mul'atu akkamitti dhiyaata? Qooddattoonni faarichaa haala kamiin wal harkaa fuudhu?

3.2. Faaruun shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatu yoomessa akkamii keessatti mul'ata?

3.3. Hirmaatonni faaruu shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatuu eenyu?

3.4. Gaheen hirmaattota faaruu shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatuu maali?

- 3.5. Yeroo ammaa kana faaruun shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatu sadarkaa maaliirra jira?
- 3.6. Faaruun shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatu dhiyaachuuf lakkoofsi hirmaattotaa meeqa taa'uu qaba?
- 3.7. Garaagarummaan faaruu shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatuufi bifa af-walaloo biroon dhiyaatu giddu jiru maali?
4. Dhiichisa keessatti faaruun shimalaa faayidaa maalii qaba?
5. Faaruun shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatu qooduun nidanda'amaa? yoo nidanda'ama ta'e maal giddu galeeffannee qoonna? gosoonni qoqqooddama isaas maal maali?
6. Hirmaataa faaruu shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatuu ta'uuf seeronni dursaanii beekkamuu qaban maal maali?

Dabalee B

Qabxiilee Daawwannaaf Qophaa'an

- 1.Hirmaattonni faaruu shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatuu eenyu?Yeroo akkamiis shimala faarsu?
- 2.Gaheen hirmaattota faaruu shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatuu maali?
- 3.Faaruu shimalaa bifa dhiichisaan akkamitti dhiyaata?
- 4.Faaruu shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatu keessatti shimalli akkamitti rukutama? Yoom rukutama?
- 5.Faaruu shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatu keessatti shimalli akkamitti qabatama?
- 6.Faaruu shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaatu hirmaattonni akkamiin walharkaa fuudhanii baasu? Yoo haala ittiin walharkaa fuudhan osoo hinhordofin walharkaa fuudhuuf yaalan maaltu ta'a?

Dabalee C

Dhiichisa Shimalaan Walqabatu Kanneen Hawaasarraa Funaannaman

1.Oohoo meehee

Rukkuttaan shimalaa likkiittii

Yeroon bahi

Yeroon bahi yaa kirbiittii

2.Oohoo meehee

Rukkuttaan shimalaa jaalalaa

Sodaattu

Sodaattu miliqii gali jalaa

3.Oohoo shimalatuu saaqee sammuu

Seesan maal

Seesan maalitti beekaa

4.Aannee shimala aannee

Lola shimee kana sodaannee

Iggii laallee

5.Oohoo meehee

Shimala koo yaa karakaa

Gadi qabii dhahi harkaa

6.Oohoo meeheen

Shimalaan karaka jettee

Dhiira qallaa jettee

Si butaa of eegii

7.Shimala koo wayya

Michuun nama ganaa

Koodee

Koodee barbaanni hinargu saranaa

8.Lola shimee kana

Shankoora hagadaa seetee

Kan see

Kan seenee hundi muratuu

9. *Hoo yaa biyyoo yaa biyyoo*
Shimalaa
Shimalaan bookkisa dargoonna mogiyyoo
10. *Oohoo meehee*
Shimala yaa turunbullee
Ol butaa
Akka culullee
11. *Koommee yaa shimala qalloo*
Zangii qabatanii
Aadaa uummanni Oomoo taphatanii
12. *Lasoo lasoo magaala dallasoo*
Yaabbattuu fardarraa goonna fardaan ari'ee
Shimaa
Shimala fannoo buusii lafti bari'ee
13. *Oohoo meehee*
Maal irraa gootaa bitta shugguxii
Shimalumaan dugda kutii
14. *Oohoo meehee*
Daaman fardaa cafferra gulufaa
Qoorree
Qeerroon shimeedhaan nama urgufaa
15. *Aadee kormii kormii*
Shimalli obboleessaa
Namarraa dheeffiti ormii
16. *Shimala yaa meetii*
Ormi nama hineeguu
Ati of eegii
17. *Eeboo eeboo*
Shimala yaa shimalee
Iggii
Iggii sodaadha malee

18. *Oo marsee marsee*
Shimallii
Shimalli qeerroo dammaksee
19. *Oo baala ataraa*
Shimalaa
Shimalaan wal tarattaraa
20. *Oo baala kusaayee*
Shimalaa
Shimala foolin urgaa'ee
21. *Oo baala koshommii*
Shimalaa
Shimalaan wal goba kormii
22. *Oohoo meehee*
Shimalli aangitti kichuudhaa
Gadheen hundumaan michuudhaa
23. *Oohoo meehee*
Shimalli aangitti dabadhaa
Irreen goo
Irreen gootaa jabaadhaa
24. *Oohoo meehee*
Shimala qeerrot qabataa
Gadhichi maalin taphataa
25. *Lasoo yaa lasoo magaala dallasoo*
Daanyan ammaa namaa hinbaasuu damii
Yaa abbaa
Yaa abbaa koo shimala fudhuu nadhaqqabii
26. *Farda fardaan eegii*
Qeerroo shimalaan beekii
Lubbuun maal abbaashii
Maal abbaashii yoo du'an baddaatti hinhafanii
27. *Koomee*

Koommee yaa shimala koo

Hiriyyaa garaa ofii

28. *Shimalli hinbaareedaa*

Ol qabii mataa dura godhuu

Maaf akkan taataa?

Mee dura xiqqoo obsa godhuu

29. *Eeboo eeboo*

Sii dhufuuf deemaa

Shimaa

Shimala matarra olqaphuu

30. *Lasoo yaa lasoo magaala dallasoo*

Daalee binnee keessaa deebii qabnaa

Yeroo gee

Yeroon geessee shimala mataarra walqabnaa

31. *Shimala maaf rukkuttaa?*

Galtu mararaa gurgurtaa

Iggii

Iggiin ammaa gadi qabeet nama bulchaa

32. *Daamaa qallaa*

Farad daamaa qallaa

Yeroo gee

Yeroo geessee shimala mataarra walqabnaa

33. *Oo gurroolee yaa booqa too*

Aarriin cittee

Irra irraa fuutee shimala mataa hinkeessuu yeroo sididdee

34. *Oo yaa sobee yaa sobeetoo*

Sobee sossobanii sossobanii

Yoo namaa

Yoo namaa gamte shimeedhan gobanii yaa sobee too

35. *Oo yaa sobee yaa sobee*

Shimalaa

- Shimalaan sossobi yemmuu sitti tolee*
36. *Qeerressa koo abbaa daabee*
Yaa abbaa daabee
Si nawaamee
Si nawaamee nan lola shimee narra qabii
37. *Diigi jettaa*
Hindiigu mana koo
Kaartaa
Kaartadhaan nyaataa laal shimalli koo
38. *Eeboo mari maraan lafa gahee*
Shimaa
Shimalan dhabeef malee lolli ka'ee
39. *Shimala malee kooltii hinhudhatinii*
Kooltii hinhidhatinii
Siif gamtu malee waa'ee hinhimatinii
40. *Maal gochuu buutee*
Maal achii fuutee yaa Fiqruu
Salaa
Salaale warra shimalaan nama diruu
41. *Aannee mitii, mitii*
Seefii
Seefii mitii nama hingarafuu seeni mikkitii
42. *Baallee guchii guchii*
Lola qawwee se'ee shimala dheeffe du'ichi
43. *Oohoo meehee*
Yaa of jajjuu sirba keessaa
Shimalli mataa nama dillalleessaa
44. *Oohoo cilaalorraan duumessaa'ee*
Foolin shimalaa urgaa'ee
45. *Eemmolee yaa abbaa daalee*
Yaa abbaa daalee

Si nawaamee nan lola shimee narra qabii

46. *Saawwan baddaa*

Kormi keessa hinjiruu

Sobanii

Sobaniitii shimala malee firri hinjiruu

47. *Ayizoo yaa abba baataa qilee*

Mataan shimalli haade biqilee

48. *Daalee bitaan*

Shimala mirgaan qabatanii

Yoo ofii bitatanii

49. *Been jidda buunaa*

Biyya ardeen odolchaa

Lafaa

Lafaan dhahii shimala keen faccifachaa

50. *Shimala yaa shimala koo maaloo*

Shimala yaa muka mudhiin seeraa

Gaachanaan loli sirraa eegaa

51. *Been shawaa deemnaa*

Biyya goonni jiruu

Biyya shimalli daraaree keessatti walfiluu

52. *Mee kaawoo taphannaa*

Mee kaawoo taphadhuu

Akka aadaa keenyaa

Shimala kee qabadhuu

53. *Hoo marsee marsee*

Shimallii

Shimalli goota dammaksee

54. *Oohoo meehee*

Maal irraa gootaa bitatte qawwee

An shimalaanan si hawwee

55. *Oohoo meehee*

Dhiichisa dhiirat taphataa
Shimalaan qeerroot qolataa
Qeerroo koo qaladhu mee

56. *Huummoo burree*

Yaa wasarraa
Wasarraa
Shimala kee tolchi
Ittiin walagarraa

57. *Eemmolee yaa eemmolee*

Shimala naa murii yaa eemmolee
Eemmolee yaa eemmolee
Cee kan caba hinobsuu yaa eemmolee
Eemmolee yaa eemmolee
Qeerrootti naaf dhaamii yaa eemmolee
Eemmolee yaa eemmolee
Inni dhufa hinobsuu yaa eemmolee

58. *Diigdee galtuu*

Ammas diigdeegaltuu
Jajjabee
Jajjabee koo yaa shimala reefu magartuu

59. *Oohoo meehee*

Shimala koo ija bichaa
Qaammee
Qaammeen dhufnaan isatu qorichaa

60. *Gaattiraa dheeraa murii murii*

Shimalaa
Shimalaan qolatu dargaggoonni durii

61. *Kaawoo*

Kaawoon fardaan bareedaa
Of eeggadhu yaa dawwee
Shimee gootaa

62. Oohoo meehee

Yaa gadhee yaa gadhitti

Qolannaan shimee akkamitti.

63. Ayizoo

Shimalli maal godhe yaa donneeee

Waaqatuu sidhoowwate onnee

64. Ayizoo shimala yaa burkutuu

Of eegii yoo si rukutuu

65. Oohoo meehee

Shimala maaf hawwitaa

Yeroo lolaa ni dafqitaa

66. Oohoo meehee

Yaa Alamaayyoo Warquu

Mataan shimalaa haadan hinmarguu

67. Shimala maaf muri

Atuu daarii jirtaa

Shimalli haanxa 'ee boba 'ee akka abiddaa

68. Baallamii yaa tumaa nuugii

Dudduguu

Dudduguugii yaa shimala koo sin abdadhaa

69. Oohoo meehee

Yaa gadhee yaa gadhittii

Rukuttaan shimee akkamitii?

70. Ayizoo shimala maaf darbitaa

Qeerroo isumaan ol sibutaa

71. Shimee koo shimee koo

Shimee har'aaf kaleessaa

Qixxee obboleessaa

Eenyuun siin qixxeessaa

72. Oohoo qashi qashiin dhalattee

Lubbuun sikeessa taphattee

73. *Eemmolee yaa eemmolee*
Eemmolee kotteen lafa qaaccessaa
Maaf sobdaa
Maaf sobdaa shimeen nama yaaddressaa
74. *Maaf shimee baattaa*
Maaf lafaan dhaantaa yaa Alamuu
Qeerron doddotii miti namaa hinfalaxamuu
75. *Shimee koo, shimee koo*
Shimee guyyaa giddii
Yoo harkaa dhabanii
Gadheen nama heddi
76. *Ayizoo yaa corqaa barbaree*
Shimeen mataa dhahi malee
77. *Ayizoo yaa babbareedduu*
Shimee jalaan yaatee na hineegduu
78. *Baallamii yaa margaa baabbee*
Ani gaabbee
Yaa shimala koo suma wayyaa
79. *Baallamii yaa margaa duufaa*
Ani si hinfeenee
Yoo ati na feete nan dhufaa
80. *Faanaa Nagii*
Qeerrensa salaalee
Shimeen qawwee caalee
81. *Oohoo meehee*
Yaa Abbabaa Sulultaa
Siif hinoolllee tolchi rukutta
82. *Oo shimalli hinmarguu*
Goban malee goonni hinsarmuu
83. *Oohoo meehee*
Si gobuu kajelee shimalli koo

84. *Eeboo shimala yaa shimalee*
Hingaa
Hingalu yeroon gahu malee
85. *Oohoo meehee cuuben qolaa*
Shimeen gara kuteessatu lolaa
86. *Oohoo meehee*
Shimala yaa zanazzanaa
Gadhichi maalif azanaa?
87. *Shimee lubbuu gootaa*
Gadhee maal biraa gootaa
88. *Ayizoo shimala yaa kumalee*
Iggii tamarudha malee
89. *Oohoo meehee*
Shimalli aangitti cabaadhaa
Qe'eetti hunduu jabaadhaa
90. *Yaa gadhee yaa gadhittii*
Shimalli yoo bahe ofiif gaadaa lixxii
91. *Oohoo meehee*
Shimalli siif obboleessaa
Ormi sirraa dheessaa
92. *Oohoo meehee*
Shimala yaa digingiraa
Maalan yaada si biraa
93. *Lasoo lasoo magaala dallasoo*
Maal irraa goonaa shimala mataa gubataa
Ofee
Ofeegii dhiirri shugguxii luqqifataa
94. *Oohoo shimalli aangitti urraa'ee*
Gadheen dheeffuuf qophaa'ee
95. *Dhooftee galtuu*
Ammas dhooftee galtuu

Jajjabee koo

Jajjabee koo yaa shimala reefu magartuu

96. *Kaawoo beeljigiin aaduu qabee*

Gogombisi

Lafaan dhahi shimeen sidhaqabee

97. *Koommee, koommee yaa shimala koo*

Mogortu guutee nadhibee

Naanna'een dhufa karaa laga Gibee

98. *Abbaan biyyaa diina isaa haleelee*

Qeerroonis bilisummaadhuma kajelee

Maaf nudorsisan ree

Maaf nudorsisa ormii

Shimalaan bookkisa kormii

99. *Qeerroo geesse moo hingeenyee*

Geesse moo hingeenyee yaa qeerroo walii

Du'a hinoolanii Shimala koo nadhaqqabii

100. *Hoo korma guduruu*

Shimalli koo hincabu duruu

101. *Ayizoo yaa shuwwisee*

Shimeen dhufe awwaara buqqisee

102. *Ayizoo saanqaa karraa*

Shimeen mari'atee bahe har'aa

103. *Ayizoo maaf fokkorta*

Shimeen namarraa hiika kobborta

104. *Lasoo yaa laa lasoo magaala dallasoo*

Been Soddo buunaa biyya warqeen babal'aa

Shimee

Shimee dhabnaan kaanet Baaletti gallaa

105. *Baallamii yaa giraarii too*

Shimee yaa mismaarii too

Rukkutu malee hingalin har'a

Dabalee D

Suuraalee Keessa Qorannootti Argaman Waan Isaan Agarsiisa Waliin



Suuraa 1- shimaloota



Suura 2- Akkaataa qabannaa shimalaa
wayita shimalli rukkutamu



Suuraa 3-Rukuttaa shimalaa
irraa gadi taasifamu



Suura 4- Rukkuttaa shimalaa
jalaa ol gaggeeffamu



Suura 5- Shimala Toleefi
shiboon irra marame



Suuraa 6- Amala geengoon dhiyaachuu
faaruu shimalaa dhiichisaan



Suuraa 7-Hirmaattota faaruu Shimalaa



Suura 8- Ulee Shimalli Ittiin
Bakka Bu'aa Jiru



Suura 9-Shimala haanxa'aa

Dabalee E

Ragaa Odeef-kennitootaa Gabateen

T/L.	Maqaa Guutuu	Ganda	Umurii	Gahee Hojii
1	Baqqalaa Fayyisaa	Daalattiifi Rimeettii	48	Qote bulaa
2	Damissee Muummichaa	Alidheeraa	65	Qote bulaa
3	Dinquu Badhaanee	Arreeree	50	Qote bulaa
4	Hayiluu Lammaa	Arreeree	58	Qote bulaa
5	Tashoomaa Gizawu	Guuyyamaafi Qo'aat	40	Qote bulaa
6	Hayiluu Sanbataa	Daalattiifi Rimeettii	42	Qota bulaa
7	Kinfuu Naggasaa	Daalattii	18	Barataa
8	Xaasoo Hayiluu	Nya'aafi Soolee	18	Qote bulaa
9	Bokii Addunyaa	Goda Jabaa	20	Qote bulaa
10	Dajanee Shifarraa	Arreeree	21	Qote bulaa
11	Dajanuu Kabbuu	Goda Jabaa	19	Qote bulaa
12	Caalaa Damee	Alidheeraa	23	Qote bulaa
13	Abiyoot Tasfaayee	Nya'aafi Soolee	20	Barataa
14	Zarihuun Nugusee	Arreeree	22	Qote bulaa
15	Aabbushee Fiqaaduu	Guuyyamaafi Qo'aat	21	Daldalaa

Waraqaa Mirkaneeffannaa

Ani qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame, qorannoon kun hojii dhuunfaa koo ta'uu isaafi kanaa dura Yunivarsiitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaatif kan hindhiyaane ta'usaa, akkasuma wabiilee qorannoo kana keessatti dubbise bifa seera qabeessa ta'een fudhadhee wabii keessattis kaa'uu koo nan mirkaneessa.

Maqaa_____

Mallattoo_____

Guyyaa_____